# QAACCESSA DHIYAANNAA CAASAA JECHAAFI HIMA AFAAN OROMOO KITAABILEE BARUMSAA KUTAA 9FI 10

**TASFAAYEE IDDOOSAA BOSHOO**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**
**KOOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARRUUFI FOKILOORII**

**HAGAYYA 2011/2019**

**FINFINNEE**

# QAACCESSA DHIYAANNAA CAASAA JECHAAFI HIMA AFAAN OROMOO KITAABILEE BARUMSAA KUTAA 9FI10

TASFAAYEE IDDOOSAA

GORSAAN: DR. AMAANU’EEL ALAMAAYYOO

WARAQAA QORANNOO DIGRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUN GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIYAATE

YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA
KOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII

HAGAYYA 2011/2019

FINFINNEE

## Yuunivarsiitii Addis Ababaa

## Dhaabbata Digirii Duraatiin Booddeee

Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu Barsiisuun guuttachuuf Tasfaayee Iddoosaa Mataduree: "*Qaaccessa Dhiyaannaa Caasaa Jechaafi Hima Afaan Oromoo Kitaabilee Barumsaa Kutaa 9fi 10*" jedhuun qophaa'e, sadarkaa Yuunivarsiitiin kaa'e guuteera.

**Koree Qormaataa**

Qoraa Alaa ______________________ Mallattoo __________ Guyyaa __________

Qoraa Keessaa____________________ Mallattoo___________Guyya___________

Gorsaa _______________________ Mallattoo____________Guyyaa____________

______________________________________________________________

Itti gaafatamaa Muummee ykn Qindeessaa sagantaa Digirii Lammaffaa (MA)

## Axereera

*Kaayyoon qorannichaa dhiyaannaa caasaa jechaafi hima Afaan Oromoo kitaabilee barumsaa Kutaa 9fi 10 qaaccessuudha. Innis, caasaa jechaafi himaa kitaabilee kanneen keessatti dhiyaatan sakatta'uufi qaaccessuun ibsuudha. Qorannichaaf qabxiin bu'uura ka'uumsaa ta'e rakkoolee caasaa jechaafi hima Afaan Oromoo kitaabilee barumsaa kutaa 9fi 10 keessatti dhiyaatanii mul'atan adda baasuu, rakkoolee mul'ataniif furmaata kaa'uufi garaagarummaa dhiyaannaa caasaa jechaafi himaa kitaabilee lamaan gidduu jiru adda baasuun qaaccessuudha. Kanas adda baasuun yaada furmaataa kennuuf ammoo, gosa qorannoo ibsaafi mala sakatta'iinsa dokumeentiitti dhimma bahameera. Kitaabileen barumsaa Barnoota Afaan Oromoo kunneenis akka iddattootti filatamaniiru. Meeshaan odeeffannoon ittiin funaaname sakkatta'iinsa dokumeentii/kitaabilee iddatteeffamaniiti. Odeeffannoon sakkatta'insaan fuunaaname mala akkamtaan/ibsaan qaacceffameera. Akka ragaaleen qaacceffaman mul'isanitti caasaa jechaafi hima Afaan Oromoo irratti kitaabilee barumsaa kunneen, caaseffama caasaalee, haala ibsaa isaaniifi fakkeenya kennamanii, bu'uura qooddiiniifi kkf. irratti hanqinni jiraachuun hubatameera. Gabaabumatti, argannoon qorannoo kanaa kitaaba baraataafi qajeelcha barsiisaa kutaa 9fi10 keessatti caasaa jechaafi himaa gama balballoomsa jechootaa, moggaasa jechootaa, sirnaan caaseffamuu dhabuu jechoota tishoo, caaseffama dhamjechootaa, jechootaafi qaamolee isaa, qooddiifi ibsa dhamjechootaa, garee jechaafi gaalee, ciroofi gosoota isaa, himaafi gosoota himaa, kutaalee himaafi yaadrimee isaanii ilaalchisee qabxiileen dhiyaatan garaagarummaa rakkoo caasaa qabaachuu isaaniti. Dhumarratti, argannoo qorannoo kanaarraa ka'uun yaadonni furmaataa, hariiroo kitaabileen kunneen qabaachuu qabaniifi qopheessitoonni kitaabilee barumsaa Barnoota Afaan Oromoo maalummaa jechaa, garee jechootaa qooduu, gaaleefi gosoota gaalee, qooddii himaafi kutaalee himaarratti xiyyeeffannoo guddaa taasisuun hojii baruufi barsiisuu gabbisuuf yaadoleen qoratichaan dhiyaatan akka yabootti kaa'amaniiru. Dabalataanis, kitaabilee barumsaa qopheessuu, fooyyessuu ykn jijjiiruu keessatti qopheessitoonnis ta'ee gulaaltonni yeroo gahaa qabaachuun akka hojjetan ta'uufi gulaaltonnis xiyyeeffannoo olaanaafi of eegannoo cimaa taasisuun yoo gulaalan hanqinaalee dhiyaannaa caasaa jechaafi himaa kitaabilee barumsa Afaan oromoo keessatti mul'ataniif yaada furmaataa ta'uu danda'u kan jedhu qoratichaan yaada furmaataa ykn yaboo keessatti kaa'amee jira.*

# Galata

Waan hundumaan olitti galanni kan Waaqayyoo isa tokkicha uumaa waan hundumaa ta'eeti. Inni bu'aa bayii hedduu hojii qorannoo kana keessatti namudatan hundumaa keessatti nagargaaree sadarkaa kanaan waan nagaheef, galanni guddaan isaaf haa ta'un jedha.

Itti aansuun, qorannoo kana geggeessuu keessatti mataduree qorannichaa bocuu irraa eegalanii kan miira jaalalaa, miira gorsaa gaarii, miira hayyummaafi abbummaatiin nuffii tokko malee, fuula ifaafi yaada nama harkisuun daandii hojii koo naaf qaqqajeelchaa, gorsa jechootaan ibsamee hingoolabamne naaf gumaachaa kan turan gorsaafi barsiisaa koo Dr. Amaanu'eel Alamaayyootiif galata guddaa onnee koorraa qabun galchaaf.

Dabalataan, haadha warraa koo aadde Shittaayee Waggaarii hojii qorannoo kana keessatti gargaarsa yeroo kamiyyuu naaf taasistuun olitti deeggarsa yaadaafi hojii adda addaatiin nacinaa dhaabbattee gumaacha naaf taasisaa turteef galata guddaan isheef qaba.

Kana malees, barsiisota hiriyoottan koo kanneen waliin hojii barsiisummaa hojjechaa turreefi waliin barachaa turre warra yeroon ani hojii qorannichaa gaggeessaa turetti odeeffannoofi yaada najajjabeessu naaf qoodaa turaniif galanni koo guddaadha.

Dhumarratti, hayyoota sirna barnootaa kana bu'uuressanii akkan ittiin baradhee sadarkaa kana irra ga'u taasisuu keessatti gahee lammummaa isaanii bahanii darbaniif galata seenaan isaan yaadatun qabaaf. Akkasumas, qareeyyii bakka haalli mijataan tokkollee hinjirretti kitaabilee barnoota Afaan Oromoofi kitaabilee wabii adda addaa qopheessuun guddina afaanichaatiif gumaacha qareeyyiirraa eegamu bahaniif kabaja guddaan isaaniif qaba; galata argadhaan jedhan.

# Jibsoo

Jechoonni, gaaleewwaniifi kottoonfeewwan armaan gadii akkaataa qorannicha keessatti galaniin hiikni kan itti laatamedha. Kunis hubannoo qoranichaa irratti danqaa akka hin'uumneefi.

Akkamtaa ----------- Mala qorannoo odeeffannoo funaanname jechaan ibsuudha.

Akkayyoo -------------- Akkaataa kaayyootiin/kaayyeffataa

Ariirrata ---------------- Seenduubee qorannooti.

Asiliin ------------------ Akkuma jiruun

Burjaajii --------------- Wanta waliin dhahama qabu/ kan ifa hintaane.

Kitaabilee barumsaa --- Kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa kutaa9fi 10 bakka bu'e

Ciicata ----------------- Akka meeeshaa dheedhiitti kan gargaaru (input)

Diigala ---------------- Jecha walitti dhufeenya jechoota lamaarraa ijaarame/tishoo

Firjecha --------------- Fira dhamjechi tokko ittiin mul'atudha.

Kuthima --------------- Kutaa himaa gaalee gochimaa qabateedha.

Miiltoowwan --------- Jechoota mataa gaalee waliin hiriiruun matichaaf guuttuu ta'aniidha.

Qorannoo ibsaa ------ Gosa qorannoo keeyyata keeyyataan hiruudhaan jechootaan ibsudha.

Yaboo ------------------ Yaada furmaataa

Xiinjecha --------------- Xiinxala jechaa jechuudha.

Xiinhima --------------- Xiinxala himaa jechuudha.

Xinmoggaa ------------ Xiinxala moggaasaa jechuudha.

Walfaanommii -------- Walsimannaa qabaachuu/ waliin deemuu

## Kottoonfee

AO ---------------------- Afaan Oromoo

KB ------------------------ Kitaaba Barataa

QB ------------------------ Qajeelcha Barsiisaa

**Baafata**

**Qabiyyee** **Fuula**


Axereera ........ i

Galata ........ ii

Jibsoo ........ iii

Baafata ........ iv

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ........ 1

1.1. Ariirrata Qorannichaa ........ 1

1.2. Ka’uumsa Qorannichaa ........ 3

1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa ........ 7

1.4. Faayidaa Qorannichaa ........ 7

1.5. Daangaa Qorannichaa ........ 8

1.6. Hanqina Qorannichaa ........ 9

1.7. Qindoomina Qorannichaa ........ 9

BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU ........ 10

2.1. Maalummaa Xiinjechaa ........ 10

2.2.Faayidaa Xiinjechaa ........ 11

2.2.1.Gama Caasluga Afaanii qopheessuutiin ........ 11

2.2.2.Gama guddina Afaaniitiin ........ 12

2.3. Dhamjechaafi Jecha ........ 12

2.3.1. Dhamjecha ........ 13

2.3.1.1. Dhamjecha hirkataa ........ 13

2.3.1.2. Dhamjecha of danda’aa ........ 13

2.3.2. Jecha ........ 13

2.4. Akkaataa Dhiyaannaa Jechootaa Kitaaba Barnootaa Keessatti ........ 16

2.4.1 Dhiyaannaa karaa kallattiin ........ 16

2.4.2. Dhiyaannaa karaa alkallattiin ........ 17

2.4.2.1. Waliin Marii Gochuu Keessatti ........ 17

2.4.2.2. Afoola Addaddaan Walqabsiisuun Dhiyeessuu keessatti ........ 17

2.4.2.3. Mala Faayidaa Murtaa’aaf Dhiyeessuu ........ 18

2.4.2.4. Murtaa’aatii Gara Dimshaashaatti Dhiyeessuu ........ 18

2.4.2.5. Dimshaashaa Gara Murtaa’aatti Dhiyeessuu ... 18
2.4.2.6. Ijaan akka Ilaalan Gochuufi Fakkeenyaan Kennuun Dhiyeessuu ... 19
2.5. Hormaata Jechoota Afaan Oromoo ... 19
2.6. Uumama Jechoota Afaan Oromoo ... 20
2.7. Maalummaa Xiinhima ... 21
2.7.1. Gaalee ... 23
2.7.2. Ciroo ... 25
2.7.3. Hima ... 25
2.7.3.1. Qaamolee Himaa ... 26
2.7.3.2. Akaakuuwwan Himaa ... 26
2.8. Qooda Fudhattoota Qabbiyyee Barnoota Afaanii ... 28
2.9. Sakatta’a Barruu Walfakkii ... 29
BOQONNAA SADII: SAXAXAAFI MALLEEN QORANNICHAA ... 32
3.1. Saxaxa Qorannicha ... 32
3.2. Maddeen Odeeffannoo ... 33
3.3. Iddattoofi Iddatteessuu ... 33
3.4. Meeshaalee Fuunaansa Ragaa ... 34
3.4.1. Sakatta’a kitaabilee barumsaa kutaa 9fi 10 ... 34
3.4.2. Odeeffannoowwan qabxiilee sakatta’insa kitaabileen argaman ... 35
3.4.3. Odeeffannoowwan faca’insa kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 9fi 10 ... 35
3.5. Mala Qindaa’ina Odeeffannoo ... 35
3.6. Tooftaa Qaaccessa Ragaalee ... 36
BOQONNAA AFUR: QAACCESSAAFI IBSA RAGAALEE ... 37
4.1. Ibsa Gabaabaa Waa’ee Qaaccessa Ragaalee Qorannichaa ... 37
4.2. Qaaccessa Ragaa Kitaabilee Barumsaa Kutaa 9fi 10 ... 38
4.2.1. Qaaccesssa Dhiyaannaa Caasaa Jechaa ... 39
4.2.2. Qaaccessa Uumama Jechootaa ... 41
4.2.2.1. Yaasaan Uumamuu Jechaa ... 42
4.2.2.2. Tisheessuu ... 43
4.2.2.3. Moggaasa ... 46

4.2.3. Qaaccessa Dhamjechaafi Gosoota Isaa ........ 50
4.2.4. Qaaccessa Garee Jechoota Afaan Oromoo ........ 57
4.2.5. Qaaccessa Qaamolee Jechaa ........ 62
4.2.6. Qaacessa Gaalee Afaan Oromoo ........ 63
4.2.7. Qaaccessa Ciroo Afaan Oromoo ........ 67
4.2.8. Hima Afaan Oromoo ........ 67
4.2.8.1. Qaaccessa Himaa ........ 68
4.2.8.2. Qaaccessa Qaamoolee Himaa ........ 71
4.2.8.3. Qaaccessa Gosoota Himaa ........ 73
4.3. Qaaccessa ragaa dhiyaannaa caasaa jechaafi himaa kitaabilee iddatteeffamanii ........ 77
4.4. Qaaccessa ragaa faca'insa kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 9fi 10........ 78
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA ARGANNOOFI YABOO ........ 81
5.1. Cuunfaa ........ 81
5.2. Argannoo ........ 84
5.3. Yaboo ........ 87
WABIILEE
DABALEE A
DABALEE B

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

Boqonnaan kun matadureewwaan garaagaraa of jalaa qaba. Isaanis: ariirrata, ka'uumsa, kaayyoowwan, barbaachisummaa, daangaa, hanqinaafi qindoomina qorannichaati. Kanatti aanee, matadureewwan kanneeniifi ibsa isaaniitu duraa duubaan dhiyaatee jira.

## 1.1. Ariirrata Qorannichaa

Seenaan qo'annoo afaanii umurii dheeraa lakkoofsisee jira. Keessattuu, qo'annoon afaanii afaanota biyya dhihaa kanneen akka Giriikiifi Laatinii waliin walqabata. Afaanonni kunniin waggoota dheeraa dura baratamuufi barsiifamuu eegalan. Haaluma walfakkaatuun, xiinqooqni akka damee barnoota tokkootti hundeeffamuun baratamuufi barsiifamuu kan eegale jaarraa 20$^{ffaa}$ keessa ture (Lyons, 1981; Stern, 1983; Tashoomaafi Amaanu'eel 2009).

Afaan Oromoos sadarkaa biyyaafi sadarkaa Afrikaatti beekamtii qaba. Kanarra darbees, afaanota Kibba Sahaaraatti dubbataman keessaa Afaan Arabaafi Haawusaatti aanee sadarkaa sadaffaarratti argama (Tamasgen, 1992; Mammud, 1994; Hamid, 1995; Asafaa, 2009). Afaanonni ilmaan namootaa martinuu caaslugaafi ruqoolee adda addaa (sagalee, xiinsaga, xiinjecha, xiinhimaafi xiinhiika) ofkeessatti qabaachuun akka dhiyaatan O' Grady, W. (1989:5) "*All human languages have a grammars consisting of the components phonetics, phonology, morphology, syntax and semantics,*" jechuudhaan ibsee jira.

Barnoonni afaanii ammoo, ogummaawwan afaanii gurguddoo (dhaggeeffachuu, dubbachuu dubbisuufi barreessuu) akkasumas ogummaawwan afaanii xixiqqoo (caasluga, ogbarruufi jechoota barsiisuu), kana malees, dubbisa adda addaa waliin qindeessuun akkaatuma sadarkaafi dandeettii barattootaatiin dhiyeessuu kan gaafatudha. Mala afaan barsiisuu yeroo garaagaraatti hayyootaan dhiyaatan keessattis afaan barsiisuudhaaf mala isa kanatu caalaatti filatamaadha kan jedhamee dhiyaate tokko qofaan hinjiru. Kanaafuu, namni barsiisummaa irratti bobba'ee jiru tokko malleen afaan barsiisuu garaagaraa akkaataa barbaachisummaa isaatti walkeessa makuun fayyadamuun murteessaa akka ta'etu ibsama. Kunis, barattoota kan giddugaleeffateefi itti fayyadama afaaniif bakka guddaa kan kennu ta'uu qaba (Richards and Renandya, 2001).

Itiyoophiyaa keessattis Afaan Oromoo afaan hojii ta'ee tajaajiluu kan eegale waggoota dhiyoodha. Kanarraan kan ka'e, afaanichaan barachuufi barsiisuurratti rakkoon tokko tokko jiraachuun isaa hinhafne.

Rakkoolee kunneen keessaas tokko rakkoo gama caasaafi barreeffamaatiin mul'atan ta'uu danda'u. Caasaaleen kunniin ammoo seera ittiin to'ataman qabu. Seerri kun seera caaslugaa jedhamuun beekama. Kana ilaalchisee Adunyaa, (2010: 24) "Caaslugni seera caasaa afaan tokkoo (caasaa dhamsagaa, birsagaa, jechaa, gaalee, himaafi wkf) kan to'atudha" jedha.

Afaan tokko hiika qabeessa ta'ee ergaa akka dabarsuuf, sagaleewwan dubbii afaan sanaa haala sirnaawaa ta'een walitti dhufuun jechoota ijaaruudhaan caasluga afaanichaa ijaaru (Bauer, 1988; Anderson, 1992).Yaada hayyoota kanneenii irraa kan hubatamu, afaan tokko ergaa dabarsuuf ka'uumsi sagaleewwaan dubbii afaanichaa akka ta'aniifi sagaleeleewwan sunneenis akkaataa walfaanommii sirriin walitti  qindaa'uudhaan caasaalee biroo kanneen akka jechaa, gaaleefi himaa ijaaran afaanicha keessatti qooda qaban cinaatti akkaataa hawaasni afaanichaa itti dhimma bahu waliin walsimuu akka qabudha.

Afaan tokko mataa isaa kan danda'e sadarkaa sagalee dubbiirraa eegalee hanga sadarkaa hiikaatti haala ittiin dhiyaatu qaba. Qindoominni dhiyaannaa kun ammoo madda qaama afaaniis ta'ee kan ijaarsa jechootaafi himoota afaan tokkoo galma ga'uumsa sagantaa barnoota afaan sanaaf qooda guddaa qaba. Haaluma kanaan, xiinjechi afaan tokkoo akka adda dureetti yoo fudhatamee ilaalamu sirnoota mataa isaa kan qabudha. Xiinhimnis akkasuma.

Xiinjechi qaama xiinqooqaa keessaa tokko ta'ee, akkaataa unkaan jechoota adda addaa afaan tokko keessatti ittiin ijaaraman kan adda baasee xiinxalu yemmuu ta'u; xiinhimni ammoo qaama xiinqooqaa ta'ee, akkaataa ittiin jechoonni wal-filatanii caasaa isaanirra guddaa ta'e uumaan saayinsii qoratudha. Kun ammoo, unkaan ijaarsa jechootaafi himootaa sagantaa barnootaafi kitaaba barnootaa keessatti tooftaa ittiin qophaa'an qabaachuu agarsiisa (Anderson, 1992; Radford, et al. 1999).

Bu'uuruma kanaan, qorataan dhiyaannaa caasaa jechaafi hima Afaan Oromoo kitaabilee barumsaa kutaa 9fi 10 irratti rakkoolee gama caasaatiin mul'atan adda baasuun qaaccessuurratti qorannoo xiyyeeffate gaggeesse. Haaluma kanaan, qorannichaan

rakkoowwan gama dhiyaannaa caasaa jechootaafi himoota Afaan Oromootiin kitaabilee barumsaa kanneen keessatti, hariiroo isaan gidduufi qajeelcha barsiisaa kutaalee kanneenii irratti mul'atan adda baafaman. Rakkoolee dhiyaannaa caasaalee jechootaafi himoota Afaan Oromoo irratti baruufi barsiisuu keessatti burjaajii uuman kanneenis qaaccessuudhaan argannoowwaniifi yaaxxinoota afaaniirratti hunda'uun hanqinoota jiran balballoomsaa, furmaata isaa kaa'uun kan gaggeeffamedha.

Haaluma kanaan, qorannoo kanaan akkaataa dhiyaannaa caasaa jechaafi himaa kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 9fi 10 keessatti hanqinaalee sadarkaa caaslugaa garaagaraatti jiran keesssaa: ijaarsaafi uumama jechootaa, jechoota tisheessuu, moggaasa, qaaccessa dhamjechootaafi gosoota isaa, qaaccessa garee jechootaa, gaalee, himaafi caasaa isaa ilaalchisuudhaan tokko tokkoo kitaabilee iddatteeffamaniifi walii isaanii gidduutti mul'atan irraa jalaan qaacceffamanii dhiyaatanii jiru.

Walumaagalatti, qorannoon kun bu'uraan kan irratti xiyyeeffatu, qaaccessa dhiyaannaa caasaalee jechaafi hima Afaan Oromoo kitaabilee barumsaa kutaa 9fi 10 keessatti walsimannaan dhiyaannaa caasaalee jechootaafi himootaa maal akka fakkaatu, gareen jechootaa, gosoonni gaalee, gosoonni himaafi hennaa waliigaltee hawaasaafi waaltina afaanii ilaalchisee  akkamiin akka dhiyaatanii jiran, walsimannaafi garaagarummaa kitaabilee barumsaa kanneeniifi qajeelcha barsiisaa keessatti argaman akkamitti dhiyaatanii akka jiraniifi dhiyaachuu qaban adda baasuun qaaccessee kan dhiyeessedha.

## 1.2. Ka'uumsa Qorannichaa

Barumsa afaanii keessatti beekumsaafi itti fayyadama afaanichaa qixa sirrii ta'een beekuuf haalli qophii kitaabilee barumsaa baay'ee murteessaadha. Kunis xiyyeeffannoodhaan: seera caasaan afaan tokkoo sagalee dubbii afaanichaa irraa eegalee walsimannaa qabaniin jechoonni uumaman, horaniifi waliinis ijaramuun caasaalee afaanichaa biroo isaanirra guddatuufi ergaa guutuu dabarsuu danda'u yookiin ciroofi hima ittiin ijaaran kan of keessatti hammatudha.

> Harmer (1991:58) "*One of the teacher job is to show how the new language is formed, how the grammar works and how it is put together. One way of doing this is to explain the grammar in detail using grammatical terminology and giving a mini lecture on the subject,*" *jedha.*

Yaada kanarraa kan hubatamus, hojii barsiisaa keessaa inni tokko akkaataa barumsa afaanii keessatti wanti haaraan tokko dhiyaachuu danda'uufi waliin qindaa'an agarsiisuudha. Karaan ittiin kun hojjetamus caasaa afaanichaa bu'uuraan beekuun, caasaafi qabiyyee barnoota afaanichaa irratti ibsa murtaa'aa tokko kennuudhaan akka ta'edha.

Qorannoon kunis dhiyaannaa caasaalee jechaafi himaa kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 9fi 10 irratti rakkooleefi burjaajii adda addaa baruufi barsiisuu keessatti mudatan addaan baasuun ifoomsuufi furmaata kaa'urratti xiyyeeffate.

Ka'uumsi qorannichaas, kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 9fi 10 keessatti walsimannaa yookaan dhiyaannaa gama caasaalee jechaafi himaatiin mul'ataniifi adeemsa baruufi barsiisuu keessatti burjaajii garaagaraa uumuu danda'an kan akka uumama jechootaa, jechoota tishoo ijaaruu, moggaasa yaadrimeewwan adda addaa, dhiyaannaa dhamjechootaafi gosoota isaa, garee jechootaafi gaaalee, qoodama himaafi caasaa isaatiin walqabatee qorataa mudatanirraa ka'uun kan gaggeeffame.

Dhiyaannaan caasaa jechaafi hima Afaan Oromoo sirna barreeffamaa, duraa duubaafi walsimannaa mataasaa danda'e qaba. Kana jechuun, jechi tokko garee jechootaa filatee waliin hiriiruufi hojii tokko agarsiisu qaba jechuudha. Dhiyaannaan caasaa himootaas ergaa yookaan odeeffannoo waa'ee waan tokkoo akkaataa barbaadameen dabarsuuf walsimannaa qaamolee himaa isaan gurguddoo; jechuunis, mathima, aantimaafi gochimaa akkuma barbaadu sirni barreeffama isaas duraa duuba eegee dhimma irratti xiyyeeffate ibsuuf yaa'aa yaadaa hordofee yoo dhiyaate, ergaa ifaafi hubatamaa ta'e dabarsuu danda'a.

Haa ta'u malee, dhiyaannaa caasaa jechootaafi himootaa kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa kutaa 9fi 10 irratti bakka tokko tokkotti bifa garaagaraa qabaachuun dhiyaatanii argamu. Isaanis: Fakkeenyaaf, jechoota tishoo yeroo sagaleen jecha jalqabaarraa haqamee hafu altokko tokko sarara xiqqaa fayyadamuun barreeffamee dhiyaata; innis, bar-kumee, mata-duree (KB kutaa 9 fuula 35,40fi KB kutaa 10 fuula 54fi 55). Altokko tokko immoo, akka jecha irrabutaatti ilaalamuudhaan sararicha gidduudhaa hambisuun barreeffamee argama; barkumee (KB kutaa 9 fuula 49), matduree (KB kutaa 10 fuula 27).

Haaluma Kanaan, dhiyaannaa caasaa jechoota tishoo kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9 fuula 20fi kutaa 10 fuula 27 irratti fakkeenya fudhatame yoo ilaalle sanbata guddaa/

sanbataguddaa, mataduree/matduree jechuun kaa’a. Kun immoo, hubannoon kitaabilee kanneen irraa argamu adeemsa baruufi barsiisuu keessatti burjaajii kan uuman ta’uu isaaniifi dhiyaannaan caasaa jechoota tishoo ijaaranii garaagarummaa qabaachuu isaaniirraan kan ka’e, haala walfakkatuun walsimsiisuun hubachuuf rakkisaa ta’uutu mul’ata.

Kana malees, jechootaa fufiilee duraafi duubaa qaama jechaa fufiin irratti fufamtu caasessuurratti kitaabilee kanneen gidduutti altokko tokko haala garaagarummaa agarsiisuun yeroo dhiyaatantu jira. Fakkeenyaaf, nijira, hindanda’amu, waljibbuu jechuudhaan walitti butuuniifi iddoo kaanitti ammoo hin argu, ni hoo’a, wal-gahe jechuudhaan walirraa butuun yookaan ammoo sarara xiqqaa gidduu galchuudhaan amala diigalaa goonfachuun yeroo barreeffamantu mul’ata**.**

Iddoo kaanittis, dhiyaannaan jechoota firoomseefi walqabsiistotaa akkaataa walhinfakkaanneen barreeffamee dhiyaata. Fakkeenyaaf, haala dhiyaannaa caasaa jechaa firoomsee fudhannee yoo ilaalle, kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 9 fuula 5 irratti ‘biyya birraarraa’ jechuun yoo barreeffamu, kitaabuma kana fuula 18 irratti garuu, ‘gammachuu irratti’ jechuudhaan firoomseen qofaatti adda baatee barreeffamtee argamti. Dhiyaannaa waliqabsiistota keessattis, kitaabuma kana fuula 17 irratti ‘saboota biraammoo’ jechuun dhiyyatee kan jiru, fuuluma kitaaba kanaarratti deebi’ee ‘hunda caalaa ammoo’ jechuudhaan walirraa siqee walqabsiistuun qofaatti adda bahee barreeffamee argama.

Gama kaaniin, dhiyaannaa caashimaa keessattis kitaaba barataa kutaa 10 fuula 11 irratti caasaan himoota ‘hennaa ammeennaa’ jadhu agarsiisuuf dhiyaatanii, hiika yookiin yaadrimee hennaan kun qabaachuu qabuufi himoonni fakkeenya ta’u jedhamanii kennamanis kan walsiman hinfakkaatu.

Gama kaaniin, kiitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 9fi 10 keessatti caasaaniifi gosoonni gaalee, gaalee maqaa, gaalee maqibsaa, gaalee durduubeefi gaalee gochimaa jedhamuun bakka afuritti qoodamee argama. Kanarraa kan hubatamu caaseffama himaa keessatti gaaleen gosa garaagaraa qaama himaa ta’anii jecha yookaan garee jechootaa hojii tokkoof dhaabbatan akka ta’edha. Gama biroon, akaakuun gaalee Afaan Oromoo akaakuu garee jechoota afaanichaa akka bu’uureffatu haayyonni caasawaa durii ni’ibsu. Haayyonni tokko tokko immoo, baay’inni garee jechaafi gaalee Afaan Oromoo akka walbuusan ibsu. Kunis,

garee jechoota Afaan Oromoo keessa gochibsi tajaajilaan malee bu’uura caasaatiin kan hinjirreefi gosoota gaalee keessatti kan hindabalamne ta’uu ibsu.

Haa ta’u malee, qajeelcha barsiisaa kutaa 10 fuula 11-12 irratti deebiin gilgaala 4a jalatti gaaffii arfaffaafi shanaffaatiif kennamee jiru gaalee gochibsaa jedhamee dhiyaatee jira. Kana jechuun immoo kitaabilee kanneen keessatti caasaan gaalee gochibsaa dabalamuu akka qabu, yookiin gareen jechoota Afaan Oromoofi gosoonni gaalee afaanichaa haala garaagaraan qoodamanii dhiyaachuu isaaniiti. Kun immoo, kitaabilee kanneen keessatti caasaalee jechaafi himaa qabiyyee garaagaraa irratti dhiyaatan hubannoo walfakkaataa uumuu keessatti akkaataa seeraa afaanichaa eeggateen dhiyaachuu dhabuufi walsimannaan kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa gidduu jiru walbuusaa ta’uu isaatiin burjaajiin uumamu hammasuma guddaa ta’uu danda’a jechuudha.

Dabalataanis, walsimannaan kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa gidduu jiraachuun barattoonnis ta’e barsiisonni beekumsaafi dandeettii caaslugarratti qaban daran cimsachaa akka deeman taasisuu keessatti iddoo olaanaa kan qabudha.

Kanumarraa kaa’uun, qoratichis rakkoolee kitaabilee barumsaa kutaa 9fi 10 yemmuu dhiimma barnootaaf dubbisuufi barsiisutti caasaa jechaafi hima Afaan Oromoo irratti arge akkayyoon fudhatee ka’uudhaan dhimmoota caasaalee jechaafi himaatiin walqabatan biroo kitaabilee kanneen keessaa argamanis sakatta’uun rakkoolee mul’atan qaaccessee furmaata kaa’uuf kan kaayyeffate.

Bu’uuruma kanaan, kaayyoo guddaan qorannoo kanaa rakkoolee gama dhiyaannaa caasaa jechaafi hima Afaan Oromootiin kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9fi10 irratti mul’atan qaaccessuurratti kan xiyyeeffate yoo ta’u, qorannicha keessatti gaaffileen qorannoo armaan gaditti dhiyaatan deebii argataniiru.

1. Caasaan jechaafi hima Afaan Oromoo kitaabilee barumsaa kutaa 9fi 10 keessatti akkaataa kamiin dhiyaate?
2. Qindoominniifi walsimannaan dhiyaannaa caasaa jechaafi hima Afaan Oromoo kitaabilee barumsaa kutaa 9fi 10 keessatti mul’atan maal fa’i?
3. Hanqinaaleen tokko tokkoo kitaabilee barumsaa kanneeniifi walii isaanii gidduu jiran kan akkamiiti?

4. Furmaanni hanqinaalee dhiyaannaa caasaa jechaafi hima Afaan Oromoo kitaabilee barumsaa kanneen keessatti argamanii maal ta'uu danda'a?

### 1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa

Kaayyoon qorannoo kanaa Kaayyoo Gooroo fi Kaayyoo Gooreetti qoodamanii akka armaan gadiitti dhiyaatanii jiru. Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa, dhiyaannaa caasaa jechaafi himaa kitaabilee barumsaa kutaa 9fi 10 keessatti mul'atan qaaccessuudha.

Kaayyoowwan Gooree Qorannoo kanaa immoo:

1. Dhiyaannaa caasaa jechaafi hima Afaan Oromoo kitaabilee barumsaa kutaa 9fi 10 keessatti argaman adda baasuu
2. Qindoominaafi walsimannaa caasaa jechaafi hima Afaan Oromoo kitaabilee barumsaa kutaa 9fi 10 keessatti mul'atan adda baasuu.
3. Hanqinaalee dhiyaannaa caasaa jechaafi hima tokko tokkoo kitaabilee barumsaa kanneeniifi walii isaanii gudduu jiran tarreessuu.
4. Hanqinaalee caasaa jechaafi hima Afaan Oromoo kitaabilee barumsaa kutaa 9fi 10 keessatti argamaniif furmaata kaa'uu

### 1.4. Faayidaa Qorannichaa

Qorannoon kun qaacceessa caasaa jechaafi himaa keessatti burjaajii yookaan garaagarummaa kitaabilee barumsaa Afaan Oromoo kutaa 9-10 jiran irratti kan xiyyeeffatu waan ta'eef, barbaachisummaan qorannicha hojii baruufi barsiisuutiif bu'aa niqabaata. Sababiin isaas, guddinaafi dagaagina caasluga afaanichaa barsiisuu keessatti kitaabileen barumsaa kunneen qabiyyeefi dhiyaannaa caasaa jechaafi himaa of keessaa qabaniin sadarkaa barnootaa qophaa'inaafi olaanootiif bu'uura gaarii ta'anii tajaajila kennu waan ta'aniif bu'aan qorannichaa guddaadha.

Kunis, rakkoolee kitaabileen kunneen gama caasaa jechaafi himaatiin qaban adda baasuun qaacceessuudhaan yaada furmaataa kaa'uun fayyadamtoota kitaabilee kanneeniif akka ciicataatti gargaara. Akkasumas, itti fayyadamtoonni kitaabilee kanneenii garaagarummaa caasaa jechaafi himaa tokko tokkoo isaanii keessattiifi walii isaanii gidduu jiran adda baafachuuf fayyada. Kana malees, hanqinaalee walfakkaachuufi wal'unachuu dhabuu

dhiyaannaa caasaa jechaafi hima Afaan Oromoo kitaabilee kunneen gidduutti argaman xiqqeessuuf bu’aa qaba. Dabalataanis, barsiisotaafi barattoota gara fuula duraatti caasluga Afaan Oromoo irratti xiyyeeffachuun qorannoo gaggeessaniif, qorannoon kun ciicata tokko ta’a jedhamee abdatama.

Karaa biraatiin, qopheessitoonni kitaabilee barnoota Afaan Oromoo qaaccessa qorannoo knaarraa waa fudhatanii hanqinaalee dhiyaannaa caasaa jechootaafi himoota Afaan Oromoo keessatti mul’atan daran fooyyessuu yookiin maqsuu keessatti itti fayyadamuu danda’u jedhamee abdatama.

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun, kitaabilee barnoota Afaan Oromoon tajaajila kennaa jiran keessaa kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa kutaa 9fi 10 keessatti dhiyaannaa caasaa jechaafi hima Afaan Oromoo qaaccessuurratti daangeffamee kan gaggeeffame. Caasaaleen afaaniis, dhamsagaa hanga himaatti kanneen jiran yoo ta’an, xiyyeeffannoon qorannichaa caasaalee jechaafi hima Afaan Oromoo keessatti burjaajii garaagaraa uuman kanneen akka uumama jechootaa, jechoota tishoo ijaaruu, moggaasa yaadrimeewwanii, dhiyaannaa dhamjechootaafi gosoota isaa, qaaccessa garee jechootaafi gaalee, qoodama himaafi caasaa isaatiin walqabataniifi kkf. irratti daangeffamee gaggeeffame.

Sababni daangeffama kitaabilee barnoota Afaan Oromoo hojiirra jiran keessaa kan kutaa 9fi10 filatamaniifis, kitaabilee barnoota Afaan Oromoo hedduu irratti qorannoo gaggeessuun hanqina yeroofi baajataa irraa kan ka’e rakisaa waan ta’eefi.

Gama biraatiin immoo dhiyaannaa caasaa jechaafi hima kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa iddatteeeffaman kanneen keessatti argaman irratti daangeffamuun qoratamuun kitaabilee barumsaa kutaa kudha tokkoofi kudha lamaatiifis ciicata tokko ta’uu waan danda’uuf, xiyyeeffannoon itti kennamee daangeffamuu danda’e.

Akkasumas, kitaabileen barumsaa kunneen bara 2005 irraa eegaluudhaan haala sirna barnoota yeroo ammaatiin qophaa’anii barnoota afaanichaatiin tajaajila kennuurratti argamu. Haa ta’u malee, walsimannaa dhabuufi burjaajiin garaagaraa tokko tokkoo kitaaba kanaafi walii isaanii gidduutti gama caaslugaatiin mul’atan adda baasuudhaan qaaccessuun yaadrimee barattoonni sadarkaa barnootaa kana irratti argaman argachuu qaban keessatti

hamma tokko gumaacha ni qabaata. Dabalataanis, walfakkaachuufi walsimuu dhabuu caasaa jechaafi himaa kitaabilee kanneeen keessatti mul'atan bu'uura godhachuun namuu akkuma barbaadeefi itti fakkaatetti caasessuurrra jiraachuun miidhaa inni bu'uurumaan hubannoo barattootaa irratti qabus olaanaa ta'uu waan danda'uuf, daangeffama kanaan qorrannichi gaggeeffamuu danda'eera.

## 1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorannoo kana gaggeessuu keessatti hanqinoonni mudatan turaniiru. Isaan keessaa inni jalqabaa qorannichi caasaa jechaafi himaarratti daangeffamuu isaati. Gama biraatiin ammoo, qorannoowwan kanaan dura mataduree kanaan walfakkaatan; jechuunis kan caasaa jechaafi hima Afaan Oromoo kitaabilee barumsaa kutaa 9fi10 irratti gaggeeffaman bal'inaan dhabamuu ture. Kana malees, qorannichi kan gaggeeffame yeroo qorataan hojii barsiisummaa hojjechaa turettiifi yeroon xumura qorannichaas barnoota gannaatiin ta'uu isaatiin walqabatee hanqinni yeroo mudateera.

## 1.7. Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaalee shanitti qoodamee dhiyaate. Boqonnaa Tokkoffaa keessatti ariirrata, ka'uumsa, barbaachisummaa, daangaa, hanqinaafi haala qindoomina qorannichaa ibsutu dhiyaate. Boqqonnaa Lammaffaan sakatta'a barruu yemmuu ta'u, qabiyyee jechootaafi himoota Afaan Oromoo ilaalchisee yaada beektonni afaanii kennaniifi ogbarruuwwan matadurichaan walitti dhiyeenya qabantu dhiyaate. Boqonnaa Sadaffaan mala qorannichaa kan ibsedha. Qorannichis, gosa qorannoo kamiin akka gaggeeffameefi sababa filannoo mala qorannichaatu dhiyaate.  Kutaa kana keessatti malli, irrawwatamni qorannoo, maddi odeeffannoo, iddatteessuu, malli qaaccessa odeeffannoofi qindoominni qorannichaa kan ibsamedha. Boqonnaa Arfaffaa keessatti qaaccessaafi hiika odeeffannootu dhiyaate. Dhuma boqonnaa qorannichaa kan ta'e boqonnaa Shanaffaa keessatti ammo, qorannoo gaggeeffameefi qaaccessa qorannichaa irraa ka'uun cuunfaa, argannoofi yaboo ykn yaadoleen furmaataa rakkoolee qorannichaan adda bahaniif fala ta'uu danda'u jedhaman dhiyaatanii argamu.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU

Boqonnaa kana keessatti matadureewwaan garaagaraa kanneen haala dhiyaannaa caasaa jechaafi hima Afaan Oromoo kitaabilee barumsaa kutaa 9fi 10 keessatti argamaniifi akkamitti dhiyaachuu akka qaban irratti yaada haayyootaan deeggaramantu dhiyaate. Isaanis, maalummaa xiinjechaarraa eegaluun haala armaan gadiin kaa’amaniiru.

## 2.1. Maalummaa Xiinjechaa

Xiinjechi akkaataa jechoonni afaan tokko keessatti horan, uumaman, garee garaagaraatti qoodamaniifi uunka adda addaa afaan tokko keessatti qabataanii argamanii kan qo’atudha. Dabalataaniis, haala uunkaa jechoonni afaan tokkoo ittiin sakatta’amu ta’uu isaafi saayiinsii haala jechoonni afaan tokkoo ittiin ijaaramuun tajaajila caaslugaaf oolan kan agarsiisuufi xiinxaluudha (Matthew, 1991; Radford, etal, 1999; Pahuja, 1995; Yule, 1996). Xiinjechi akkaataa ijaarsa jechoota afaan tokkoo haala saayinsaawaa ta’een kan qo’atudha. Qo’annaa jechoota afaan tokkoo keessatti jechoonni ijaaraman akkaataa isaan garee adda addaatti ittiin qoodamaniifi unka addaa afaan keessatti qabaatanii argaman kan xiinxaludha.

Karaa biraan, haala unkaan sagalee afaan tokkoo itti sakatta’amu ta’uusaafi saayiinsii haala jechoonni afaan tokkoo ittiin ijaaramuudhaan tajaajila caaslugaa garaagaraatiif oolaan kan agarsiisuufi xiinxaluudha (Mattews, 1991; Yule, 1996; Radford, et al.1999). Hayyuun Crystal (1987: 90) irratti xiinjecha yoo ibu, “Saayiinsii jechoota afaan tokkoo xiinxalu; haala jechoonni afaan tokkoo itti uumamaniifi horuudhaan caasluga agarsiisan kan xiinxaludha” jedha.

Kana malees, yaaduma walfakkaatuun maalummaa xiinjechaa kan kan ibsu, xiinjecha jechuun dameewwan xinqooqa gooree (micro linguistics) keessaa tokko ta’ee, saayinsii caasaa jechootaa qő̓atuudha. Katamba (1993:3) “Morphology is the study of the internal structure of words or simply a term for that branch of linguistics which is concerned with the form of words in diffirent uses and constitutions” jedha. Kana jechuun, xinjechi haala qindaa’ina keessoo jechootaa kan qoratu yookaan moggaasa damee xinqooqaaf kenname ta’ee, haala ijaarsa unka jechoota adda addaa irratti kan xiyyeeffatu ta’uu isaati.

Akkasumas, “Xiinjechi, boca qabiyyeefi caasaa jechoota afaan tokko keessa jiran tokko tokkoon qo’achuu irratti kan xiyyeeffatudha. Kanaaf, jechoota bu’uuraa (basic words) afaan tokko keessa jiran bu’uureffachuun jechoota lakkoofsaan daangamaleessa ta’an ijaaruun nidanda’ama. Jechoota kana ijaaruufis ta’ee, isa ijaarame hubachuuf dubbataan afaanichaa ga’umsa niqabaata,” jedha (Addunyaa 2012:88).

Walumaagalatti, xinjechi saayinsii afaanii waa’ee caasaalee jechootaa, haala jechoonni afaan tokko itti uumamaniifi horuudhaan caasluga agarsiisan gadifageenyaan kan qo’atu yoo ta’u, faayidaa xiinjechi caaslugaafi guddina afaanii keessatti qabus kanatti aanee kaa’ameera.

## 2.2. Faayidaa Xiinjechaa

Xiinjechi faayidaa garaagaraa qaba. Isaaniis: caasluga afaanii qopheessuu, jechoota waaltessuu, yaadrimee haraawaaf moggaasa kennuufi garee jechoota afaan tokkoo murteessuun jechoonni afaanichaa gamtaan akka qoratamaniifi ilaalaman nitaasisa. Faayidaan xiinjechi afaan tokko keessatti qabu akka armaan gadiitti ibsameera.

### 2.2.1. Gama Caasluga Afaanii qopheessuutiin

Caasluga afaanii qopheessuu keessatti faayidaan xiinjechaa, hormaata jechoonni dhamjechoota horteefi uumamtee/yaasaa fufachuudhaan jechoota afaanichaa qooduu, qo’achuufi amaleessuuf kan gargaarudha. Dabalataanis, dhamjechoonni horteefi uumamteen hundee, bu’uuraafi jirma jechootaa irratti haala garaagaraan fufamuun hennaa, koorniyaa, maqlaalee, ramaddii, murteessituufi tajaajila jechoonni xiinhima keessatti qaban agarsiisuun caasluga afaanii addeessu. Karaa biraatiin, xiinjechi saayinsii afaanii kan qaamolee jechaa kutaa hundee, bu’uuraafi bu’uur horteetti qooduun xiinxaluu keessatti kan faayidaa qabudha. Kunis, walta’iinsa qaamoolee jechaa kanneen sadeeniitu walitti dhufuun ykn waliin ta’uun jecha hiika qabeessa ta’e tokko kan agarsiisudha (Addunyaa, 2011:34)

Kana malees, seerluga qopheessanii dhiyeessuun, namni afaanicha hinbeekne tokko seerluga afaanichaa irratti hundaa’uudhaan afaanicha salphumatti akka baratuuf gargaara. Namni afaanicha baratu sun dhamjechoota seerluga agarsiisan adda baafatee yoo beeke hanqinaalee seerluga adda addaa raawwachuu irraa of eegee barreessuu nidanda’a (Asaffaa, 2009).

### 2.2.2. Gama guddina Afaaniitiin

Faayidaa xiinjechaa keessaa inni biroon, gumaacha inni guddina afaanii keessatti qabudha. Kunis garaagarummaa afaan tokko keessatti sadarkaa sagaleerraa hanga xiinhimaatti jiru, looga afaan tokkoo, haalaafi jechoota garaagaraatti dhimma ba'amu waaltessuun addaaddummaa dubbattoota afaanichaa gidduu jiru hambisuun jecha hawaasni bal'inaan itti dhimma ba'u filachuun beekumsa xiinqooqaa gaafata. Jechoonni afaan tokkoo yemmuu waltinaaf filataman jechoonni horuufi dhamjechoota garaagaraa fudhatan jechoota maseenoo dhamjechaa hinfufanneefi horuu hindandeenye caala carraa qabu. Sababni isaa jechoonni maseenoon guddina afaan tokkoo dagaagsuurratti hanga jechoota horuufi dhamjechoota gosa garaagaraaf shoorri isaan qaban gadaanaa waan ta'eefidha (Mitikkuufi Tashoomaa, 1992; Adunyaa, 2010).

Kana malees, sababa qaroominaatiin, jijjirrama siyaasaan, qusannoo yeroofi bakkaatiifi haalota kanaafi w.k.f. walqabateen yaadrimeen haaraan gara afaan tokkootti yemmuu dabalamu, moggaasuu, liqeeffachuufi akkuma jiruun akka seera afaanichaatti fudhachuudhaan jechoota haarawaa ta'an kan madaqsuufi moggaasu saayiinsi afaanii keessaa xiinjechadha. Fakkeenyaaf jecha Afaan Ingilizii 'Umbrella' jedhu Afaan Oromootiin '**Dibaabee**' jechuun moggaasuufi jecha Afaanuma Ingiliziitiin 'Television' jedhu yaadrimee isaa akkuma jirutti fudhachuudhaan sagalee Afaan Oromoo uummanni Oromoo asliin sagaleessaniin 'Televijiinii ykn Televizyiinii" jechuudhaan, jecha biroo osoo hinmoggaasiniif fudhachuun faayidaa saayinsii waa'ee jechootaa qoratuu xiinjecha irraa argamu ta'uu isaa kan agarsiisudha.

## 2.3. Dhamjechaafi Jecha

Dhamjechi sadarkaa xiinjechaa keessatti kan xiinxalamu, qaama xiqqaa afaanii hiika qabeessa ta'ee, of danda'ee ykn hirkatee argamuun hiika tokko qofa kan qabuudha. Jechi immoo, qindeeffama dhamsagootaa, birsagootaafi dhamjechootaa kan uunkaalee hiika tokkoofi isaa ol qabaniin dhiyaachuu danda'aniifi afaan tokko keessatti of danda'anii dhaabataniidha (Addunyaa, 2010fi 2011). Hiika jechaaf kenname kana yoo xiinxallee ilaallu waa'ee jechaa gaafa kaafnu waa'ee dhamjechaa kaasuun, akkasumas, garagalchoon isaa waan hafu miti.

Inumaayyuu, jechi kan unkaalee hiika tokkoofi isaa ol qabaniin dhiyaachuu kan danda'udha. Hariiroon qaamolee jechaa, hundee, bu'uuraafi bu'uurhorteen dhamjechoota waliin qaban daran ibsuuf ammoo qindoominaafi walfaanommii isaan qabaachuu qaban beekuun barbaachisaadha. Kunis, qaamoleen jechaa kun sadarkaa dhamjechoota fufachuufi fufatanii argamanirratti kan garaagara ta'an ta'uu isaanii hiikoo qaamolee jechaaf kennamerraa ni hubatama. Qabxiin armaan olitti kaa'ame hariiroo jechaafi dhaamjechoonni waliin qaban kan agarsiisudha.

### 2.3.1. Dhamjecha

Dhamjechi qaama xiqqaa afaanii kan hiika qabu, kan unkawwaan hiika qaban birootti qoqqoodamuu hindandeenyeefi dhamjecha dhaabbataafi hirkataatti qoodamu ta'uu isaa haayyonni afaanii nikaa'u (Crystal, 1987; Yule, 2006).

#### 2.3.1.1. Dhamjecha hirkataa

Dhamjechi kun gosa dhamjechootaa ta'ee kan of danda'ee hindhaabanne kan dhamjecha of danda'aatti hirkachuun tajaajila seerlugaa garaagaraa kennudha. Dhamjechi hirkataan bu'uura bakka argamsaatiin duree (prefix), giddee (infix), (naannee (curcumfix) fi duubee (suffix) jedhamuun qoodama. Qooddiin dhamjechootaa kun ammaan dura Afaan Oromoo keessatti bakka lamatti qoodamuudhaan kan beekamu yoo ta'u, kanneen fufii giddeefi naannee jedhaman dhamjechoota hirkataa jalatti ramadamaniiru (Addunyaa 2011).

#### 2.3.1.2. Dhamjecha of danda'aa

Gosni dhamjecha kanaa dhamjecha hirkataa irraa kan adda ta'e, unka mataa isaa kan qabuufi garee adda addatti qoodamuu kan danda'u ta'uu isaatu ibsama. Kunis, akaakuun dhamjecha kanaa of danda'ee kan dhaabatu ta'uu isaa kan agarsissudha.  Akkasumas, dhamjecha hiikaafi dhamjecha tajaajilaa jedhamuun bakka lamatti qoodama (Addunyaa, 2010: 8-11).

### 2.3.2. Jecha

Haayyonni garaagaraa karaa adda addaatiin jechaaf hiika kennaniiru. Isaan keessaa, Crystal (1997) afaan barreeffamaafi of danda'ee dhaabbachuu unka xiinqooqaa bu'uura godhachuudhaan qaama himaa kan gama lamaaniin bakka duwwaan daangeffamee hiika

mataa isaa qabu, kan muuxannoo hawwasa tokkoo ibsuufi bakka bu'ee waan tokkoo kan yaadrimee waan bakka bu'u sanaa baatu jechuun hiika.

Kanneen biroon ammoo, afaan dubbii keessatti bakka aara galfannaa bu'uura godhachuun hiiku. Crystal (1997) garuu, yaada kana momuudhaan, haalli qabatamaan aara galfannaa mul'isu yeroo jechi dubbatamu osoo hintaane, caasaalee akka gaaleefi ciroo booda akka ta'e ibsa.

Yaadolee lamaan olitti ibsaman kanneenirraa jechi ulaagaalee akka aara galfannaa, qaama xiqqaa afaanii walaba ta'e, bakka duwwaatiin daangeffamaafi hiika qabeessa ta'uu isaatu hubatama. Haa ta'uyyuu malee, hiika qabaachuufi walaba ta'uun jecha qofaaf osoo hintaane, dhamjechaafis bu'uura ta'uu waan danda'aniif yaadoleen lamaanuu dimshaashummaa qabu.

Kanaafuu, maalummaa jechaa ibsuuf yaada hundaaf ta'u kennuun rakkisaa ta'ullee, jechi dhamjecha; yookaan dhamjechootarraa ijaaramee kan unkaalee hiikaa tokkoofi isaa ol qabaniin dhiyaachuu danda'uufi ofdanda'ee dhaabbatu jechuun hiikuu dandeenya. Jechoonni Afaan Oromoos qabxiilee hiika waliigalaa kennaman kanneen keessatti ka'aniin ala hinta'an.

Kana malees, jechi tokko qaama adda adddaa qabaachuu akka danda'u ibsameera. Qaamoleen jechaa kunneenis, hundee jechaa, bu'uuruumhorteefi bu'uurhortee jedhamuun bakka saditti qoodamu (Mitikkuufi Tashoomaa, 1992).

Haaluma kanaan hundeen jechaa kan yaadrimee waan tokkoo baatu ta'ee uumamsaafi horsiisa jechootaatiif kan ka'umsa ta'edha. Yaada kana Bauer (1983) wabeeffachuun Addunyaa (2011:96) haala armaan gadiin ibsa, *"A root is a form which is not further analyzable either in terms of derivational or inflecitional morphemes. It is part of word form that remains when all inflectional and derivational affixes have been removed. A root is the basic part always present in a lexeme."*

Akkuma yaada kanarraa barachuun danda'amutti hundeen jechaa qaamolee hiika qabanitti qoqqoodamuu kan hindandeenyeefi fufiilee hiikaafi tajaajila agarsiisaniif bu'uura ta'uu isaati. Innis, qaama unka jechaa fufii duraafi boodaa isarratti fufamanii jiran hundi yeroo irraa bahan yaadrimee hiika jechaa qabatee kan hafudha. Hundeen jechaa yeroo hundumaa bu'uura dhamjecha hiikaa ta'ee argama jechuudha.

Yaada yayyoota kanneenii irraa akka hubatamutti hundeen dhamjecha gosa kamiituu kan of irraa hinqabne, ofuma isaatii hundee ta’ee kan argamu akka ta’edha. Fakkeenyaaf, jecha ‘**deeme**’ jedhu fudhannee yoo ilaalle, dhamjechoota lamarraa kan ijaarame. Isaanis, dhamjecha {deem-} jedhuufi dhamjecha {-e} jettudha. Dhamjechi {deem-} jedhu gosa dhamjecha of danda’aa yoo ta’u, dhamjecha gosa kamiituu osoo hinmaxxanfatin hundee ykn handhuura jechaa ta’ee kan unka hiikaa qabuun deemsa agarsiisuuf bakka bu’udha. Dhamjechi {–e} jettu immoo, hundee jechaa {deem-} jedhurratti maxxanuudhaan gocha deemsa hennaa darbee kan agarsiistudha.

Qaamni jechaa inni lammaffaan bu’uuruumhortee jedhama. Qaamni jechaa kun uumama jechaatiif ykn hormaata jechaatiif bu’uura. Bu’uuruumhorteen qaama jechaa dhamjecha uumamtee ykn hortee maxxanfachuuf qophii ta’edha. Fakkeenyaaf, jechi ‘**firoome**’ jedhu gochima. Gareen jecha firoome jedhu kun dhamjecha uumamtee {–oom-} jedhu fufachuudhaan gochima ta’e malee gareen jechichaa bu’uuraan maqaadha. Kunis, maqaa ‘fira’ jedhurraa dhufe. Maqaan fira jedhu dhamjecha uumamtee {-oom-} jedhuufi dhamjecha hortee tajaajila seerlugaaf galte {–e} fufachuun gara gochimaatti jijjiirame jechuudha.

Kanaafuu, jecha {fira} jedhutu dhamjecha uumamtee {-oom-}fi dhamjecha hortee {–e} maxxanfachuudhaaf qophaa’aa waan ta’eef bu’uuruumhortee jedhama. Akkasumas, jechi gareen isaa maqaa ta’e kan {fira} jedhu fufii gosa kamiiyyuu waan ofirraa hinqabneef hundees ta’uu nimala. Kana immoo, hundeen jechaafi bu’uuruumhorteen qaamota jechaa walirra bu’uu danda’an yoo ta’an, hundeen jechaa kamiyyuu bu’uurahortee ta’uu akka danda’uufi bu’uuruumhorteen hundi garuu, hundee jechaa ta’uu akka hindandeenye ibsameera (Addunyaa 2010).

Qaamni jechaa inni biroon, bu’uurhortee jedhama. Bu’uurhorteen qaama jechaa dhamjechoota hortee qofa maxxanfachuuf qophaa’e ykn dhamjechoota horteef qofa bu’uura ta’eedha. Fakkeenyaaf, jecha **deemsise** jedhu keessatti hundeen jechaa {**deem**-} kan jedhu yoo ta’u, dhamjecha hortee {**–sis-}** jedhu fudhachuuf waan qophii ta’eef bu’uuras ta’uu danda’a. Akkasumas, jechi **deemsis-** jedhu qaama jechaa dhamjecha hortee {**–e}** fufachuuf qophha’edha. Kanaafuu, qaamni jechaa **deemsis-** jedhu bu’uurhorteedha.

Inni biraan immoo, hariiroo jechootaafi fufiilee adda addaa gidduu jiru. Fufiin gosa dhamjecha hirkataa ta’ee qaama jechaatti karaa duraafi karaa duubaa fufamuun hiika kan

jijjiiru ykn tajaajila caaslugaa adda addaatiif kan ooludha. Addunyaa (2011: 96) gosoota fufii ilaalchisuun, “ Fufiin tokko fufii durgaa ykn duubgaa jennee dubbachuuf, qaama jechaa addaan baasnee beekuun barbaachisaadha,” jedha. Fufiin duraa akkuma maqaasaarraa hubachuun danda’amu, jechatti ykn qaama jechaatti karaa duraa fufamuun kan galudha. Afaan Oromoo keessatti akaakuun fufiilee kanaa, hiika jechaa jijjiiruu keessatti qooda fudhatu. Fufiin duraa Afaan Oromoo keessatti baay’inaan muraasa ta’aniyyuu, kanneen jiran sirnaan barsisuun hiika jechaa hubachuu keessatti gumaacha olaanaa qabu.

## 2.4. Akkaataa Dhiyaannaa Jechootaa Kitaaba Barnootaa Keessatti

Galma ga’iinsa baruu barsiisuuf akkaataan dhiyaannaa kitaaba barataa baay’ee murteessaadha. Kitaabni qophaa’u, sadarkaa barataan kan walsimatu, barattoota kan hawwatuufi qabiyyee barattoota mariisisuuf mijatu; akkasumas, irra deddeebii kan hinqabneefi kan barattoota xiinxalsiisuu danda’u ta’uu qaba. Harmer (1987:47), “Kitaabni barnootaa qophaa’uu kan barattoonni daree barnootaa keessatti waliin mari’achaa akka baratan taasisu yoo ta’e gaariidha; kunis karaa kallattiifi alkallattiin ta’uu danda’a” jedha.

### 2.4.1 Dhiyaannaa karaa kallattiin

Dhiyannaa karaa kallattii jechuun karaa ifa ta’een caasaa afaanii dhiyaate barsiisuu jechuudha. Harmer (1987:47) akka ibsetti, karaa kallattii ta’een caasaa afaanii barsiisuu keessatti barsiisaan mataduree qophaa’e sana erga ibsee booda, fakkeenya adda addaa kennuun barattoonnis fakkeenya kenname irratti hundaa’uun akka shaakalan godha. As keessatti kitaabni waa’ee jechootaa irratti ibsa gahaafi ifaa ta’e kennuun dhiyaata jechuudha.

Kana malees, John Atkins (1995:41) irratti, dhamjechoota: hennaa, ramaddii, koorniyaa, lakkoofsa, matima, garee jechootaa jijjiiran ilaalchisuun ibsiifi fakkeenyi gahaan kitaaba barataa keessatti qophaa’uun dhiyaachuu qaba jedha. Akka yaada hayyuu kanaarra hubatamuttis caasaa afaanii kallattiin barsiisuu waan ta’eef, qabiyyee caasaa afaanii, ibsiifi fakkeenyi gaariin kitaaba keessatti qophaa’uun dhiyaachuu qaba jechuudha.

Haaluma kanaa, fakkeenyaaf; kitaabicha keessatti kan dhiyaatu uumama maqaafi dhamjechoota maqaa uumuuf gargaaran yoo ta’e, dura maalummaa dhamjechoota kanneenii ibsuufi itti aansuun fakkeenya garaagaraa kennuun kan dhiyaatudha. Barsiisaas ta’e barataan fakkeenya kenname kana hordofuun isa hafe hojjetu jechuudha, jedha, (Tashoomaa, 2005).

### 2.4.2. Dhiyaannaa karaa alkallattiin

Dhiyaannaan kun immoo deemsa keessa barattoonni caasaa afaanii akka baratan kan taasisuudha. Kunis, qabiyyeewwaniifi tooftaalee adda addaan dhiyaachuu danda'a. Isaan keessaa:

#### 2.4.2.1. Waliin Marii Gochuu Keessatti

Harmer (1987: 42) akka ibsetti, kitaabni barattootaaf qophaa'u daree keessatti waliin mari'achaa akka baratan kan taasisu yoo ta'e gaariidha. Faayidaan kanaas, caasaa afaanii barsiisuu qofa osoo hinta'in ogummaawwan afaanii keessaa dhaggeeffachuufi dubbachuus akka gabbifatan isaan gargaara jedha. Kana malees, beekumsaafi muuxannoo barattoonni duraan qaban akka waljijjiiraniif waan gargaaruuf achi keessa jechootafi dhamjechoota adda addaa barachuuf gargaara.

#### 2.4.2.2. Afoola Addaddaan Walqabsiisuun Dhiyeessuu keessatti

Qophii kitaaba barataa keessatti dhiyaannaan caasaalee afaanichaa afoolawwan adda addaan walqabsiisuun dhiyeessuun haala salphaa ta'een akka barataniif gargaara. Brumfit C.J.fi R.A. Carter, (1996:17), "Biyyoota guddachaa jiran keessatti afoolli sirna barnootaa keessatti hammatamuun isaa guddina afaanichaaf gahee guddaa qabaata; barnootichas baay'ee jaallatamaa taasisa; akkasumas, aadaa hawaasa afaan barataa sanaan walbarsiisa," jedhu. Kanas gara Afaan Oromootti fiduun afoola kanneen akka oduu durii keessatti faayidaafi akaakuu dhiyaannaa jechootaas ta'ee dhamjechootaa hammachiisuun kitaabilee barnootaa qopheessuun barattoota kan hawwatu, si'eessu, akkasumas, aadaa hawaasa isaaniitiin walbarsiisuuf gumaacha olaanaa ta'e qaba.

Kana malees, barruu qophaa'e keessaa akka barattooni haala salphaa ta'een caasluga adda addaa; jechootaafi dhamjechootaas akka barataniif gargaara. Kanaafuu, osoo afoola adda addaa kan akka oduu durii, mammaaksa, baacoofi kkf. keessatti akka barbaachisummaa isaaniifi bu'uura qabiyyee dhiyaatuun caasaaleen jechootaafi dhamjechootaa hiikaanis ta'ee tajaajilaan kitaabilee barnootaa keessatti dhiyaatanii hubatamaa waan ta'aniif fudhatamummaan isaaniis ol'aanaa ta'a.

Haa'ta'u malee, kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 9fi 10 keessatti akkaataa kanaa olitti yaada hayyoota adda addaan ibsame kanaan caasaan jechaa qindaa'e dhiyaachuu

dhabuufi hiikaanis ta’ee tajaajila galumsa keessatti qabaniin dhiyyaachuu dhabuun hubatamummaafi hawwattummaa dhiyaannaa caasaa kanaa xiqqeessuu danda’a.

### 2.4.2.3. Mala Faayidaa Murtaa’aaf Dhiyeessuu

Malli kun kan buuureffatu haala qabatamaa kitaabileen barnootaa ittiin qophaa’uuti. Innis, barattoonni maal beekuu qabu kan jedhu yookaan maal barachuu qabu kan jedhuun walsimuudhaan qophaa’ee dhiyaachuu akka qabudha. Kan inni irratti xiyyeeffatus: fedhii barattootaa, haala qabatamaa jiru; kana jechuunis, kitaabni barataa yeroo qophaa’u, qabiyyee isaa keessatti wantoota qabatamaan naannootti argaman, aadaafi duudhaa hawaasaa barsiisu waliin walqabsiisuun dhiyeessuun bu’a qabeessa ta’uu isaa argisiisa.

Dabalataanis, Caasaaleen adda addaa kitaabilee barumsaa haaraa qophaa’an/fooyyeffaman keessatti yemmuu dhiyaatan, unka afaanichaa qofa osoo hintaane tajaajila unkaan afaanii sun ooluuf waliin walqabsiisuun qophaa’ee dhiyaachuu qaba, (Richards and Rodgers 2001:1).

### 2.4.2.4. Murtaa’aatii Gara Dimshaashaatti Dhiyeessuu

Kunis adeemsa caasaan afaanii kitaabilee barumsaa keessatti ittiin qophaa’ee barsiifamu ta’ee, seera waan barachaa jiranii akka ofii isaaniin bira gahan gochuuf gaaffilee murtaa’oo adda addaa ibsuun eegala. Dursa kitaabicha keessatti ibsi fakkeenya gabaabaa waliin barattootaaf waan dhiyaatuuf fakkeenya kenname irratti hundaa’uun caasaa afaanichaa akka baratan taasisa (Fireman, 2000:19).

Haat ta’u malee, kitaabilee barumsaa barnoota afaan Oromoo kutaa 9fi 10 keessatti irraa jalummaan dhiyaannaa caasaa jechootaa agarsiisu ibsaafi fakkeenya walsimataa ta’een dhiyaachuurratti hanqinni mul’atu jira.

### 2.4.2.5. Dimshaashaa Gara Murtaa’aatti Dhiyeessuu

Caasaalee afaanii dimshaasha ta’anirraa gara murtaa’ootti dhiyeessuun ammoo, kitaabicha keessatti erga seerri waliigalaa tokko ibsameen booda fakkeenyiifi gilgaalonni dhiyaatan akkaataa qooddii isaaniitti tokko tokkoon shaakalsiisuuf kan qophaa’udha. Kunis, fakkeenyaan yoo ibsamu dhamjechoota maqibsa adda addaa uumuu keessatti tajaajila kennan erga ibsameen booda, fakkeenya bal’aa kennuun ibsuudha. Fakkeenya kenname kana irratti hundaa’uun, barattoonni dhamjechoota biroo maqibsoota adda addaa kenname keessaa akka addaan baasaniif kan shaakalsiisudha (Tashoomaa, 2005:216).

#### 2.4.2.6. Ijaan akka Ilaalan Gochuufi Fakkeenyaan Kennuun Dhiyeessuu

Tooftaan kun ammoo, caasaa afaanii barsiifamuuf qophaa'e fakkeenya kenname keessatti ijaan akka ilaalan kan taasisudha. Harmer (1987:42) "Mataduree barsiifamuuf qophaa'e himoota adda addaa keessa galchuun caasaa afaanii barsiisuun barbaadame sana gurraachessuun yookaan jala muruun ilaalanii akka addaan baafatan mala taasisu," jedha.

Akka fakkeenyaatti jechoonni, gareen jechootaafi dhamjechoonni fakkeenya kenname keessatti gurraacheffamuu yookaan jala muramuun kitaabilee barumsaa keessatti agarsiifaman akka barattoonni haala salphaa ta'een caasicha baratan kan taasisudha.

Walumaagalatti, yaadolee hayyoota armaan olii irraa kan hubatamu, barnoota afaanii keessatti tooftaalee adda addaa gargaaramuun caasaalee afaanii barsiisuuf kitaabilee barumsaa keessatti dhiyeessuun guddina afaanichaafis ta'ee duraa duubaafi irraa jalaan akka barattoonni dandeettii isaanii gabbifachaa deeman gochuurratti barbaachisaa akka ta'edha.

## 2.5. Hormaata Jechoota Afaan Oromoo

Hormaanni jechootaa akkaataa jechoonni afaan tokkoo jechoota bu'uuraarratti dhamjechoota hortee ykn dhimma seerluga afaanichaaf tajaajilan maxxanuun caasluga afaan tokkoo agarsiisanidha. Haalli dhamjechoonni kun itti maxxanaan garuu, garaagarummaa qaba. Garaagarummaan kunis, jechoota dhamjechoota maxxanfataniifi jechoota sagalee /birsaga jechichaa muraasa irra deeddeebi'an jedhamuun ilaalamu. Kanas, garee jechoota dhamjechoonni itti maxxananiitu murteessa.  Fakkeenyaaf, jechoota gareen jechaa isaanii maqaafi gochima ta'an kanneen maxxanfatan yoo ta'u, jechoonni gareen jechaa isaanii maqbsii ta'eefi gochibsoonni ulaagaa tajaajilaan qofa jiran sagaloonni ykn birsagoonni jechootaa muraasaa kan irra deddebi'uun horantu jiru; irra caalaa heddumina agarsiisuu keessatti. Yeroo tokko tokko immoo amala dhamjechoota fufachuus niqabu.

Yaaduma kanaan kan walfakkaatu, tajaajila caaslugaa agarsiisuuf maqaaleen nihoru. Hormaata maqaa keessatti fufiilee horteen iddoo guddaa qabu. Tokko tokkoon fufiilee kun immoo, amala maqaa fufatuu sana hordofuudhaan nijijjirama. Afaan Oromoo keessatti tajaajilli caaslugaa maqaarratti mul'atu maayii koorniyaa, lakkoofsaafi waan kana fakkaatanidha. Afaan Oromoo keessatti maqibsoonni horuu danda'aniifi hindandeenye jiru. Maqibsonni horuu hindandeenye irra deddeebinis ta'ee fufannaadhaan tajaajila caaslugaa

garaagaraa agarsiisuuf qophaa'oo miti; akkuma maqaa maqibsoonnis, horuudhaan tajaajila caasluga garaagaraa agarsiisuu danda'u. Tajaajila caaslugaa isaan kennanis, lakkoofsa, korniyaa, beekamtummaa, maayiifi xiyyeeffannoo fa'i. Maqibsoonni lakkoofsa irratti bifa lamaan horu. Inni jalqabaa, birsaga jechaa irra deddeebi'uun yoo ta'u, inni lammataan immoo, hariiroo matimaafi xumuraa eeguuf dhamjecha fufachuu maqibsiiti (Adunyaa, 2011: 67fi 93-94).

## 2.6. Uumama Jechoota Afaan Oromoo

Jechootni afaan tokkoo haala itti uumamanii tajaajila caaslugaa garaagaraatiif ooluu danda'aan qabu. Jechoota afaan tokko dhuunfaa dhuunfaan qo'achuun waan hindanda'amneef ulaagaa xiinjechaa, xiinhimaafi xiinhiikaan gareetti qooduun barbaachisaa akka ta'e haayyonni xiinqooqaa ni'ibsu. Qooddiin kunis, jechoota bu'uuraa afaan tokko keessatti argaman irratti olaantummaa fudhata. Karaa biraan, jechoota bu'uuraa gareen jechoota isaanii beekaman kanneen akka: maqaa, maqibsa, durduubeefi gochimaatiin ala jechoonni dhamjechoota fudhachuun garee jechaa tokkorraa fiiguun garee jecha biroo ta'anii mul'atantu jiru.

Akkaataan uumama jechootaa kun Afaan Oromoo keessatti maqaa, maqibsaafi gochimarratti waan uumamaniif walduraa duubaan maqeessuu (nominalization), maqibseessuu (adjectivizers)fi gochimmeessuu (verbalization) jalatti ilaalama. Adeemsi kunis, garee jecha sana irratti hundaa'uun gosni dhamjecha maxxanfatuu garaagara ta'uu danda'a. Yaada kana ilaalchisee Addunyaa (2011:57) irratti yoo waa'ee maqeessuu ibsu, "adeemsaa yaasaan maqaa uumuu keessatti ga'ee guddaa kan taphatan *maqeessitoota* (nominalizars)…akaakuu fufiilee ta'anii gareewwaan jechootaa kanneen biroo gara maqaatti warra jijjiraniidha." Dabalataan, waa'ee maqibseessaa yoo addeessu, "yaasaan karaa ittiin maqibsa uumamteen argamu keessaa tokko ta'ee, jechoota duraan jiranirraa kan biraa baasuu yaad-rimee jedhu qaba.

Adeemsa kanaan maqibsiin uumaman maqibseessatti (adjectivizer) dhimma ba'u." Bu'uuruma kana irraa ka'uun, gochimmeessunis, akkuma maqaarraa hubatamu jechoota bu'uuraan gareen isaanii gochima hinta'inirratti fufiilee gochimmeessitoota (verbalizers) bifa yaasaan itti fuufsiissuun gara gochimaatti fiduu ta'uusaati. Kana malees, maqibseessuufi

gochimeessuun adeemsa diigalaan kan uumamaniifi maqeessuun immoo, adeemsa suphuufi diigalaan kan uumamu ta'uu, Addunyaa (2011:90) ilaaluun ni danda'ama.

## 2.7. Maalummaa Xiinhima

Xiinhimni dameewwan gooree xinqooqaa (Microlinguistics) keessaa tokko ta'ee, akkaataa ittiin jechoonni wal-filatanii caasaa isaaniirra guddaa kanneen akka gaalee fi ciroo ijaarratan saayinsii qoratudha. Addunyaa (2010: 148). Akkasumas, xiinhimni saayinsii haala itti qindoomina ijaarsa hima afaan tokkoo akkaataa seera qabeessaafi namatti toluun caaseffamuu isaa kan qoratudha. *Syntax deals with how sentences are constructed and users of human languages employ a striking variety of possible arrangements of the elements in sentences Robert (2007: 1)*

Kana malees, Yule (1996) xinhima yoo hiiku, "Syntax" jechi jedhu kun jecha Giriiki irraa kan dhufedha. Kana jechuunis walfaana hiriiru (qindeeffamuu) jechuu akka ta'e yoo ibsu, "*The word syntax itself derives from Greek words meaning together 'or arrangement' or 'setting out together' …. Is the study of the principles and rules for constructing phrases and sentences in natural languages" jedha.* Dabalataanis, xiinhima jechuun akka Allen (2006) hiika itti kennetti; xinhimni dhaabbata yookiin jaarmiyaa gidduu sagaleefi hiikaa ta'uun kan walitti araarsuu fi bakka gaalee fi himni walqabatanii argamanidha jedha. *The level of linguistic organization that mediates between sounds and meaning where words are organized into phrases and sentences.*

Haaluma kanaan, afaan tokko keessatti jechoonni hima ijaaran tartiiba qabatamaa kan hordofan ta'uu isaaniifi jechoonni kunneenis bakkaafi tajaajila dhuunfaafi garee qabaachuun waliinis dalaguu isaanii Atkchion (1999:16) taphattoota kubbaa miillaatti fakkeessuudhaan akka kanatti fufee jirutti ibsa.

> *Every item in the language then has its own place in the total pattern. It can combine with certain specified items and be replaced by others. It can therefore, be regarded as an intricate net work of interlinked elements in which every item is held in its place and given it's identity by all the others items. No item, apart from the name of an object has an independent validity or existence out side that pattern. The element of language can be linked to the players in a game of soccor. The striker or goal keeper has no use or value out side the game. But placed among the other players a striker acquires an identity and value.*

Yaanni hayyoota armaan olii ijaarsa himaa keessatti jechoonni bakkaafi tajaajila dhuunfaafi gareedhaan qabaniin yoo hiriiran malee bu'aa buusuu akka hindandeenye agarsiisa. Akkuma nam-tokkeen hawaasa; hawaasnis nam-tokkeetti hidhachuudhaan kaayyoo isaanii galmaan gahatan, jechoonni walii isaaniifi himaan, himnis jechoota walfaanommii qabaniin ergaa guutuu tokko dabarsa jechuudha. Jechoonni ijaarsa himaa keessatti bakka qabameef, tartiiba qabatamaa, hiika dhuunfaafi garee qabaachuunis amala caashimaa akka ta'etu hubatama.

Yaada kanaa olitti ibsame caalmaatti hubachuuf hima Afaan Oromoo keessaa fakkeenya tokko fudhannee mirkaneeffachuun nidanda'ama.

**Fakkeenya:** 1. Toleeraan xalayaa isaaf barreesse.

2. Xalayaa barreesse Toleeraan isaaf.

Himoonni kunnneen lamaan baay'inaafi akaakuu jechoota irraa ijaaramaniifi hiika bu'uuraa dabarsaniin walqixa. Kana malees, gurmuu jechootaa irraa ijaaramanii, qubguddeessaan eegalanii sirna tuqaaleen kanneen golabamanidha. Caasaa afaaanii keessatti amala kana kan addeessu hima waan ta'eef xiinhimaan xiinxalama. Fakkeenya armaan olii kanneen yoo ilaalle, himni lakkoofsa 1 irra jiru seera afaanii, duraa duubbummaafi irraajalummaa caasaa afaanii eegee kan dhiyaate yoo ta'u, raawwataan gochichaa **Toleeraa**, qaama gochichi irratti raawwate **xalayaa**, qaama gochi raawwateef **isaa** kan jedhuufi gochi raawwatame **barreesse** kan jedhudha. Hima lakkoofsa 1 kana keessatti gochi sun eenyuuf akka raawwatame daran kan ibsitu fufii **-f** akka taate hubachuun nidanda'ama. Himni fakkeenya armaan olii lakkoofsa 2 irratti argamu garuu, duraa duuba kanarraa maqeera. Sadarkaa waliin dubbi keessatti kan dubbatamuufi ergaa dabarsu ta'uu danda'a.

Haa ta'u malee, seera xiinhimaatiin haalli itti barreeffame sirri miti. Sababni isaa xiinhima keessatti duraa duubni tajaajila jechoota Afaan Oromoo ***matima, aantima kallattii, aantima dalgeefi gochima*** akka ta'e, Wiirtuu Jildii VII ni'addeessa. Kanaaf, duraa dubummaafi haalli waliin qubannaa jechoota afaan tokkoo seera qabaachuufi seericharraa maquu akka hinqabne kan nu hubachiisu xiinhima ta'uu isaa hubanna. Xiinhima jalatti kanneen hammatamuun ilaalaman: gaalee, ciroo, hima mataa isaa, qaamolee himaa, akkaakuu himaa akka ta'e saayiinsiin xiinqooqaa ni'addessa. Waan kana ta'eef, isaan kana tokko tokkoon ilaaluun qorannoo tokko keessatti xumuruun rakkisaa yoo ta'ellee barbaachisaa waan ta'eef kallattii

xiyyeeffannoo qorannichaatiin hanqinaaleen kitaabilee barumsaa kutaa 9fi 10 keessatti mul’atan adda baafamuun kan qaacceffamanidha.

### 2.7.1. Gaalee

Gaaleen walhammannaa jechootaa ta’ee, ulaagaa socho’iinsaa, walhidhiinsaafi bakka bu’iinsa guutuun caasaa himaa keessatti kan argamudha. Caasaan gaalee ulaagaalee kanaan argamu tokko miseensota maqaa, tajaajilaafi garaagarummaa qaban irraa ijaaramu. Maqaa isaanitiin, mataa, miiltoofi murteessituu jedhamu. Bakkaan immoo, akaakuu gaalee irratti hundaa’uun adda ta’anillee Afaan Oromoo keessatti mataan gaalee kallatti bitaan ykn kallattii mirgaan argamuu nidanda’a. Mataan gaalee caasaa gaalee keessaa hafuu kan hindandanyeefi gosa gaalee sanaa kan murteessudha. Kana jechuun caasaa gaalee keessaa miiltoofi murteessitoonni jiraachuus hafuus danda’u jechuudha. Kanaafuu, gaaleen tokko mataa ykn mataafi miiltoo irraa ijaarramuu danda’a. Kun immoo, jechi mataa gaalee ta’e sun bakka jechaa osoo hintaane bakka gaalee qabatee argamuu mul’isa (Addunyaa 2010).

Yaaduma walfakkaatuun, gaaleen jechoota lamaafi lamaa ol akka qaama tokkootti yookiin akka jecha akaakuu tokkootti kan wajjiin qindaa’anidha “a phrase is two or more words that work together as a unit/or as the same part of speech” kan jedhu (Caasluga jiildii -I- (1998: 313)

Haaluma kanaan, miseensonni mataa gaalee karaa adda addaan ibsan miltoowwani. Miiltoowwaan gaalee tokkoo tokkoo ol ta’uu waan danda’aniif firoommii mataa waliin qabanirratti hundaa’uun warra firoommii cimaa qaban miiltoo sadarkaa tokkoffaa, firoommiin amma isaa kan hingeenyeen immoo, miiltoo sadarkaa lammaffaa jedhamuun qoodamu jechuun Adunyaan O’Grad (2005) waabeeffachuun ibsa. Caasaa gaalee tokkoo keessatti mataatti ykn miiltowwanitti aanee kan dhufu miseensi inni sadaffaan murteessituudha. Miseensi kun caasaalee gaalicha uumaniin walammannaa qaba. Afaan Oromoo keessatti murteessitoonni yoo xiqqaate dhamjecha yoo guddate immoo, gaalee ta’uu danda’u. Dhaabbii isaanitiin of danda’oofi hirkatoo yoo jedhaman, warri of danda’oon, sun, keenya, lama, hundafi wkf, kanneen hirkatoon immoo (-cha, -ittii, -nuu) ta’u (Addunyaa, 2010).

Caasaan gaalee tokko yoo xiqqaate mataa qofaan yoo baayyate immoo, mataa, miiltoowwaniifi murteessitoota qabaachuu danda'a. Jarri kun immoo, gosa gaalee irratti hundaa'uun garaagarummaa agarsiisu. Haaluma walfakkatuun, miseensonni gaalee hariiroo qabu. Hariiroon kunis duraa duubummaafi irraa jalummaa caasaa afaanichaa bu'uurefata. Duraaduubummaan hariiroo dalgeetiin yoo ibsamu, irraajalummaan immoo, hariiroo oleefi gadeetiin ibsama.

Haaluma kanaan, Afaan Oromoo keessatti gaaleen garee jechoota afaanichaa bu'uurettachuudhaan gosoota garaagaraatti qoodama.

Akka Addunyaan, Finche (2005) wabbeeffachuun ibsetti, baayyinni gaalee afaan tokkoo baay'ina garee jechoota afaan sanaatiin walqabata. Jechoonni Afaan Oromoo maqaa, maqibsii, gochima, gochibsaafi durduubee jedhamuun qoodamu. Qooddiin kunis ulaagaa xiinhiikaa, xiinjechaafi xiinhimaa bu'uureffata. Afaan Oromoo caasaafi tajaajila isaa bu'uura taasifachuun qorachuun nidanda'ama. Caasaan jechootaa bakka jarri hima tokko keessatti itti argamaniifi haala itti fufatan bu'uureffata. Tajaajilli afaanii immoo, haala irratti waan hundaa'uuf, hamma caasaa dhaaba hinqabu. Akkuma haalli jijjiramuun tajaajilli caasaalees faana bu'a.

Ulaagaan xiinhiikaa immoo, tajaajila afaanii irratti hundaa'a. Afaanicha keessatti gareewwaan jechootaa shanan maqaa dhoofne keessaa gochibsa jalatti kanneen ramadaman ulaagaa xiinhiikatiini. Jechoonni akka gochibsaatti tajaajilan maqaafi durduubedha. Gareewwaan jechootaa kun immoo, mataa ta'uun gaalee maqaafi gaalee durduubee ijaarratu. Qabanni isaa ijaarsi gaalee baayyinaan tajaajila afaanii osoo hintaane caasaa isaa bu'uureffata. Kanaafuu, tajaajilaan gochibsa caasaan garuu gaaree maqaafi durduubee ta'uu gochibsootaa agarra. Afaan Oromoo keessaatti gaaleewwaan kunniin tajaajila gochibsaa waan kennaniif caasaalee bifa kanaa qabaniif qofaatti gaalee gochibsaa ijaaruun barbaachisaa hinfakkaatu. Bu'uuruma kanaan, Afaan Oromoo keessatti baayyinni garee jechootaafi baayyinni gaalee walbuusa jechuun Addunyaan ibseera. Sababni isaa gareen jechootaa gama xiinhiikatiin ilaalamuu danda'uufi gaaleen immoo baayyinaan bu'uura caasaa qabaachuu isaati. Haala kana irraa ka'uun Afaan Oromoo keessatti gaaleewwaan bakka afuritti qoodamu. Isaaniis, gaalee maqaa, gaalee maqibsaa, gaalee durduubeefi gaalee gochimaa ta'u.

Haa ta'u malee, akka haayonni afaanii adda adda yaada dhiyeessanitti baayyinni gaalee afaan tokkoo baayyina garee jechoota afaanichaatiin waan walqabatuuf hamma baayyinni garee jechoota Afaan Oromoo shan jedhamee jirutti, baayyinni gaalee Afaan Oromoos shan jechuun nidanda'ama. Bu'uuruma kanaan kitaabni wabii Furtuu Afaan Oromoo jedhu baayyina gaalee afaanichaa shan jechuun gaalee maqaa, gaalee ibsa maqaa gaalee firoomsee, gaalee ibsaxumuraafi gaalee xumuraatti qoodee ka'a (Geetachoo 2005).

**2.7.2. Ciroo**

Ciroon tuuta jechootaa kan gochima of irraa qabudha (Finch: 2005). Ciroon tuuta jechootaa ergaa guutuu dabarsuu yookiin dhiisuu danda'u ta'ee, hariiroo mathimaafi xumuraa kan qabuudha. Karaa biroon, akkuma gaaleen walitti qindaayina jechootaa irraa uumamu, ciroonis walitti qindaa'ina jechootaa irraa uumama. Kaanaafis, ciroon akkaataa caasluga Afaan Oromootiin gurmuu jechootaa irraa ijaaramee ergaa guutuu dabarsuu ykn dabarsuu dhiisuu kan danda'u jechuudha. Akkasumas, ciroon hima; hima keessatti hammatamee argamuu danda'a jechuudha.

Kana malees, ciroon sadarkaa balballoomsa xinqooqaa keessaa isa tokko ta'ee caasaa yoo xiqqaate gochima ofirraa qabudha. Caasaan kun mathimaa yookiin kutimaatti suuqamuun odeeffannoo dabalataa kenna. Addunyaa (2012:257-258).

Bu'uuruma kanaan, ciroo bakka garaagaraatti qooduu nidandeenya. Dhaabbii isaanitiin ciroowwan Afaan Oromoo hirkataafi of danda'aa jedhamuun qoodamu. Akkasumas, bakka argama isaanii bu'ureeffachuun ciroo guuttuufi firoomsee jedhamuun qoodamu (Addunyaa, 2012, Abarraafi Kaawwan, 1998, Gabbaroo, 2007). Kanaaf, ciroon mathima yookiin xumura waliin galuun odeeffannoo dabalataa kan kennu ta'ee dhaabbiifi bakka argama isaatiin argamuu danda'a.

**2.7.3. Hima**

Maalummaa himaa ilaalchisee beektonni karaa adda addaatiin hiikaa kennu. Kanneen keessaa unka irrattti hundaa'uun kanneen hiikaan himni qindaa'ina jechootaa ta'ee kan ergaa guutuu dabarsudha yemmuu jedhan, kanneen biroon immoo, caasaa irratti hundaa'uun himni qindaa'ina jechootaa yookiin gaaleewwan garaagaraa ta'ee kan ergaa guutuu dabarsuu ta'uu

ibsu. Akkasumas, tajaajila inni kennu irraatti hundaa’uun hima jechuun gurmaa’ina jechoota yaada keenyaa, hawwii keenyaafi fedhii qabnu kan ittiin ibsinudha (Gabbaroo, 2007).

Haaluma walfakkaatuun, Jira (2017) hima yoo ibsu, “A sentence is an arrangement of words that makes complete sense. It must be meaningful. It must at the same time be acceptable to the speakers of the language,” jedha.

Kana malees, hayyoonni caasluga duudhawaa, himni tuuta jechootaa kan matimaafi xumura qabu ta’ee, ergaa guutuu kan dabarsuudha jechuun hiiku. Kaan ammoo, matimaafi gochima kan of keessaa qabu caasaa olaanaa akka ta’e ibsu. Gama biroon, gurmuun jechootaa sirnaan walfaana hiriiraan irraa uumamuun hiikaa yoo qabaate hima jedhama jechuun ibsu (Abdulsamad, 1994). Akka yaadichaatti himoonni kamuu qabxiilee arfan kanatti aanan qabaachuu qabu. Qabxiilee kunneenis, tartiibni jechoonni walfaana hiriiran sirrii ta’uu, dhaamsa hiika qabu qabaachuu fudhatamummaafi dhugummaa qabaachuu qaba.

### 2.7.3.1. Qaamolee Himaa

Himni tokko qaamolee gurguddoo lama of keessaa qaba. Kunis, gaalee maqaafi gaalee gochimaati. Gaaleewwan kunniin handhuura hima tokkooti. Akkasumas, gaaleen maqaa akka matimaatti, gaaleen gochimaa immoo akka kuthimaati kan tajaajiluudha (Mitikkuu, Tashoomaa, 1992, Addunyaa 2010). Matimni qaama himaa kan gocha tokko raawwate ykn kan waa’een isaa dubbatamu yoo ta’u, yeroo baayyee tajaajila kanaaf kan oolan maqaa ykn bamaqaadha. Himoota Afaan Oromoo keessatti matimni jalqabarra ta’uudhaan kanneen biroo of duuba hiriirsisa (Mitikkuufi Tashoomaa, 1992; Abarraafi Kaawwan, 1998).

### 2.7.3.2. Akaakuuwwan Himaa

Xinqooqa keessatti himoonni bakka garaagaraatti qoodamu. Bu’uurri qooddii kanaa tokko caasaadha. Bu’uuruma kanaan, himoonni Afaan Oromoo leeximaafi xaxima jedhamuun qoodamu (Addunyaa, 2010). Leeximni akaakuu himaa gochima tokko qofa qabu ykn ciroo hirkataa of keessaa hinqabne jechuudha. Kunis, akaakuu gochimaa qabu irratti hundaa’uun himamsa, ta’ima raawwima, taasifamaafi gaaffima jedhamuun akaakuu garaagaraatti qoodamu.

Gabaabumatti, leeximni gama caasaafi tajaajilaatiin xiinxalamuu danda'u. Gama caasaatiin gochima tokko qabaachuudha. Kana jechuun handhuura himichaa kan ta'an gaalee maqaafi gaalee gochimaa miiltoowwaniifi murteessituu akaakuufi sadarkaa garaagaraa fudhatanillee akka miiltootti ciroo hinfudhatan. Kanaaf, ciroon firoomseefi guuchisaa akaakuu himaa kana keessattii iddoo hinqaban. Tajaajilaan immoo leeximni ajajuuf odeeffanoo dabarsuuf ooluu danda'a.

Xaximni akkuma maqaa isaa caasaa xaxamaa of keessaa qaba. Himni gosa kanaa baay'ina ciroowwan of danda'oofi hirkatoo of keessaa qabuun xaxamaafi daachaa xaxamaa jedhama. Kun immoo, leeximas of keessaa qabaachuu isaa hubachiisa. Xaxima gama tajaajilaatiin yoo ilaalles akkuma leeximaa waan tokko irratti odeeffannoofi rajeffachuuf ijaarama. Kanaaf, gama kanaan himni leexaafi xaximni walfakkaata.

Walumaagalatti, himni sadarkaalee balballoomsa xinqooqa gooree keessaa isa tokko ta'ee, matima akka gaalee maqaatti tajaajiluuf yoo xiqqaate gochima irraa ijaaramu of keessaa qaba (Abarraafi kaawwan, 1998; Addunyaa 2010). Gama caasaatiin hima, leeximaafi xaxamaatti hiiku dandeenya. Leeximni gochima tokko qofa yoo qabaatu xaximni immoo gochima tokkoo ol qabaachuun caasaa isaa ijaarrata.

Kan biraa, qooddi himootaa gama caasaatiin jiru ilaalchisee Gabbaroon, (2007) akka ibsetti, himoonni Afaan Oromoo baayyina ciroo of keessaa qaban irratti hundaa'uun iddoo afuritti qoodamu. Isaanis hima salphaa, himadachaa, hima xaxamaafi hima dacha xaxamaadha. Himni salphaan hima gochima tokko qofa qabu ykn hima ciroo of danda'aa tokko qofa of keessaa qabuudha. Gabaabumaatti, himni salphaan gosaan ciroo of danda'aa lakkoofsaan ammo ciroo tokko qofaa of keessaa qaba. Kana jechuun ergaa tokko qofa dabarsa jechuudha.

Himni dachaan ciroo of danda'aa lamaafi lamaa ol irraa ijaarama. Ciroowwan kunniinis, walqabsiisota kanneen akka yookaan ammoo, kanaaf, wkf, akkasumas, qoodduu jabaatiin (;) walqabatu. Gosni himaa gama caasaatiin jiru hima xaxamaadha. Himni kunis, ciroo of danda'aa totkkoofi ciroo hirkataa tokko ykn tokkoo ol irraa ijaarama. Gosni himaa inni dhumaa hima dacha xaxamaa yaammuu ta'u, innis walitti dabalama hima xaxamaati. Gosni hima kanaa ciroo dhaabbataa lamaafi isaa oliifi ciroo hirkataa tokkoo olirraa ijaarama.

Karaa biraatiin, hima wantoota tajaajila garaagaraatiin fayyadamna. Kunis, odeeffannoo keennuuf, gaaffii gaafachuuf, humna keessa keenya jiru kana akka gammachuu, hawwii, gaddaa, aariifi wkf ibsuuf itti gargaaramna. Kanaaf, Afaan Oromoo keessatti qabiyyee kana irratti hundaa'uun himoonni hima himamsa, hima gaaffii, hima ajajaafi hima raajeffannoo jedhamuun qoodamuu danda'u (Mitikkuufi Tashoomaa, 1992).

Akkasumas, unkaa gaaleewwan walitti qindaa'anii hima uuman irratti hundaa'uun hima iddoo gurguddoo lamatti qoodna. Isaanis, hima salphaafi hima xaxamaadha. Himni salphaan hima gaalee gochimaa tokko qofa of keessaa qabuudha. Gosti himaa kan biraan, hima xaxamaa yammuu ta'u, inni immoo, hima gochima tokkoo oliirraa ijaaramudha (Gabbaroo, 2007).

## 2.8. Qooda Fudhattoota Qabbiyyee Barnoota Afaanii

Adeemsa baruufi barsiisuu afanii keessatti galma ga'uumsa sagantaa barnoota afaanii tokkoof kanneen gahee olaanaa qaban jiru. Qooda fudhattoonni kunis, qaama qabiyyeewwaan afaanii dhiyaatu wixineessu ykn dhaabbata adda durummaan maxxansiisuun raabsuufi meeshaalee sagantaa barnoota afaanii jaraaf qophaa'u mataa isaati.

Kanaafuu, dhiyaannaafi galma gahinsa sagantaa barnoota afaanii qooda fudhannaan qopheessitoota qabiyyee barnootichaa iddoo olaanaa kan qabudha. Qaamni qabiyyee afaan tokkoo qopheessuun dhiyeessu adeemsa sagantaa qophaa'ina afanii keessatti galma ga'uumsa qabiyyee dhiyaatu tokkoof qooda guddaa qaba. Qaamni qabiyyee barnootaa qopheessu akaakuu qabiyyee dhiyaatu sana qofa osoo hintaane akkaataa qindoomina qabiyyichaalee adda baasuun dhiyeessuu barbaachisa (Sharmafi Tujeta, 2005). Adeemsi akkasii kun qabiyyee dhihaatuufi qindoomina qabiyyichaa mijeessuun hojiin baruufi barsiisuu sirnaawaafi bu'a qabeessa akka ta'u gargaara.

Haaluma kanaan, qopheessitoonni qabiyyee barnoota afaanii kan jechootaafi himootaa haaluma walfakkaatuun kan qooda fudhatan ta'uu isaanii hubachuun nidanda'ama. Jechootaafi himoota Afaan Oromoo ilaalchisee hayyoonni yeroo adda addaatti qorannoo adeemsisaniiru. Kanneen keessaa Gragg (1976) wayyee hormaata jechootaaratti ibsa kennee jira. Baye (1981, 1986) waa'ee xinjechaafi hormaata jechootaarratti gama ibsa maqaafi gochimaan ibseera. Kan biraa, Abarraa (1982) waa'ee hormaata jechoota Afaan Oromoo

ilaalchisuudhaan haala uumama unka gochimaarratti ibsa kenneera. Dabalees, Tamasgen, (1993) Xiinjecha Afaan Oromoo ilaalchisuudhaan waa'ee tishoo, jechootaafi umama jechootaa ilaalchisee hojii qorannoo digirii lammaffaa isaa keessatti bal'inaan kaa'eera. Akkasumas, Ijaaraa (1999) Haala dhiyeessa xiinlatii Afaan Oromoo kan jedhu keessatti haala uumamaafi hormaata latii ilaalchisee ibseera. Mulugeetaa (2012) qaaccessa dhiyaannaa qabiyyee jechootaafi himootaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 10^ffaa jedhu keessatti bal'naan ibseera. Ammas, Zarihuun (2013) qaaccessa qabiyyee jechaafi himaa: haala kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa kurnaffaa jedhu keessatti bal'inaan ibseera.

## 2.9. Sakatta'a Barruu Walfakkii

Mata duree sakatta'a barruu walfakkii jedhu kana jalatti, qorannoon mata duree qoratichaa waliin hidhata qaban kan sakatta'amanidha. Haata'u malee, qorannoowwan yeroo adda addaatti namoota adda addaan dhiyaatan keessaa kan kallattiidhaan qaaccessa dhiyaannaa caasaa jechaafi himaa kitaabilee barumsaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9fi 10 walqabsiisuun sakatta'uurratti gaggeeffame hamma qoratichi ilaaletti hinjiru. Qorannoo kana qorannoowwan biroorraa kan adda isa taasisus, rakkoolee caasaa jechaafi himaa kitaabilee barumsaa kanneen keessatti mul'atan walbira qabuun qaaccessuurratti xiyyeeffachuu isaati. Ta'us, matadureewwan qorannoo adda adddaa ammaan dura naamoota garaagaraan hojjetaman keessaa haamma tokko qorannichaan walitti dhiyeenya qabu jedhaman afur (4) fudhatamanii akka armaan gadiitti qoratichaan sakatta'amaniiru. Isaanis:

Mulugeetaa (2012) qaaccessa dhiyaannaa jechaafi himaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa kudhanaffaa keessatti jedhu kan haala mana barumsaa Guddina Walalirratti xiyyeeffate. Kaayyoon qoranichaas, haala dhiyaannaa jechaafi himaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa kudhanii sakatta'uun qaaccessuudha. Qorannicha keessatti, haala dhiyaannaa caasaa jechaafi hima Afaan Oromoo kutaa 10 qofarratti xiyyeeffatee waan qaaccesse jira. Haa ta'u malee, kitaaba sirna barnoota duraanii keessatti qophaa'errattiifi xiyyeeffannoon isaa haala mana barumsaa tokkootiin ta'uu isaatiin qorannicha qorannoo kanaan garaagarummaa qaba.

Gurmeessaa (2014) Qaaccessa rakkoolee caasaa jechaafi hima Afaan Oromoo: xiyyeeffannoo kitaabilee barumsaafi kitaabilee wabii jedhu kan waraqaa qorannoo digirii lammataa irratti hojjetedha. Kaayyoo gooroon qorannoo kannichaas, rakkoolee caasaa

jechaafi himaa kitaabilee wabii, kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 9[ffaa]fi qajeelcha barsiisaa kutaa saglaffaa keessatti mul'atan addaan baasuufi yaada furmaataa dhiyeessuu yoo ta'u, kaayyoowwan gooreen qoranichaa immoo, rakkoo caasaalee jechaafi himaa kitaabilee wabii, kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti mul'atan addaan baasuufi furmaata kennuu. Akkasumas, rakkoo wal-unannaa dhabuu kitaabilee wabii, kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa waliin caasaa jechaafi himaarratti qabaniif sababni maal akka ta'e adda baasu kan jedhudha.

Akkuma mataduree isaarraas hubatamutti, xiyyeeffannoon qorannoo isaa hariiroo kitaabileen wabii sirna barnoota duraaniitiin walqabataniifi kitaaba barumsaa kutaa 9 gidduu jiru walbira qabuun caasaa jechaafi himaa ilaalchisee waan baay'ee kaa'eera. Haa ta'u malee, xiyyeeffannaan isaafi kan qorannoo kanaa walitti dhufeenya hinqaban. Sababi isaas, xiyeeffannoon qorannoo kanaa dhiyyaannaa caasaa jechaafi himaa tokko tokkoo kitaabilee barumsaa kutaa 9fi 10, akkasumas hariiroo isaan dhiyaannaa caasaa jechaafi himaarratti waliin qaban keessatti hanqinaalee mul'atan adda baasuun qaaccessuudha.

Duulaa (2016) Qaaccessa qabiyyee dhamjechoota Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa 12[ffaa] jedhu waraqaa qorannoo digirii lammataa irratti hojjetedha. Kaayyoon qorannichaas, qaaccessa qabiyyee dhamjechoota Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa 12[ffaa] bara 2005 qophaa'e keessatti: faayidaafi akaakuun dhamjechootaa akkamitti akka dhiyaatanii jiran, hanqinaalee gama kanaan mul'atan adda baasuufi akkamitti dhiyaachuu akka qaban furmaata isaa waliin dhiyeessuu kan jedhudha. Xiyyeeffannoon qorannoo kanaas, faayidaafi akaakuu qabiyyeen dhamjechoota kitaaba barataa kutaa 12 keessatti argamanii maal akka ta'eefi akkaataa dhiyaannaa isaaniirratti. Kunis, kutaafi xiyyeeffannoo bu'uuraa isaatiin qorannoo qorataa kun taasise waliin kan walfakkeenya qabu miti. Kallattiin kaayyoo isaatis addadduma.

Taadewoos (2016) Xiinxala hojiirra oolmaa hiika jechoota Afaan Oromoo kutaa 10 barsiisuu keessatti: manneen barnootaa sadi godina shawaa kaabaatttti xiyyeeffatee gaggeessedha. Kaayyoon qorannoo isaatis, hojiirra oolmaa yookaan haala hiikni jechootaa Afaan Oromoo manneen barnootaa sadarkaa 2[ffaa] Sadii Godina Shawaa Kaabaa keessatti itti barsiifamu xiinxaluu kan jedhu ture. Qorannicha keessattis kan xiyyeeffannoo argate, akkaataa itti manneen barnootaa sadarkaa 2[ffaa] Godinicha keessatti argaman sadan keessatti hiika

jechootaa barsiisuun hojiirra oolu xiinxaluudha. Qorannoon kunis, xiinxala hojiirra oolmaa hiika jechootaa baruufi barsiisuu manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa irratti xiyyeeffatee gaggeeffameefi manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa sadi iddatteeffaterratti gageeffamuu isaatiin qorannoo dhiyaannaa caasaalee jechaafi himaa kitaabilee barumsaa kutaa sagaliifi kudhanii kanaan walfakkeenya kan hinqabnedha.

Akka waliigalaatti, sakatta’a barruu walfakkii kana keessatti qorannoowwan namoota adda addaatiin yeroo garaagaraa gaggeeffaman kunneen kaayyoowwan gooroofi gooree qorannoo isaaniitiinis ta’ee xiyyeeffannoo bu’uuraan qabaniin qabxiilee muraasa irratti kan hariiroo qabaachuu danda’an ta’ullee, qorannoo qoratichaan gaggeeffame waliin kallattiin walfakkeenya kan qaban miti.

Kana jechuun ammoo, akkuma kaayyoofi xiyyeeffannoon isaanii garaagara ta’etti gumaachiifi yaboon isaan xumura qorannoo isaanii irratti qabaatanis adduma ta’uu isaa agarsiisa jechuudha.

Haaluma kanaan, qoratichi qorannoo kanaan hanqinaalee dhiyaannaa caasaan jechaafi hima Afaan Oromoo ilaalchisee tokko tokkoo kitaabilee barataafi qajeelcha barsiisaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9fi 10 keessatti argamaniifi hariiroo kitaabilee barataafi qajeelcha barsiisaa akkasumas, kitaabilee barumsaa lamaan gidduutti mul’ata adda baasuun qaaccessee hanqinaalee mul’ataniif yaadolee furmaata ta’uu danda’an kaa’uutiin barruu walfakkii sakatta’aman kanneenirraa adda isa taasisa.

Kana malees, barruuleen walfakkii olitti sakatta’aman kitaabilee barumsaa garaagaraa tokko tokko qofarratti kan xiyyeeffatan yoo ta’u, isaanuma keessaas immoo, dhiyaannaaafi qabiyyee caaslugaa tokko irratti kan gaggeefamani. Kanaafuu, qorannichi akkaataa dhiyannaa caasaalee jechaafi himaa kitaabilee barumsaa kutaa 9fi 10 walitti fiduun iddoo tokkotti qaaccessuu isaantiin barruulee olitti sakatta’amanirraa adda; kaayyoowwaniifi xiyyeeffannoon isaas akkasuma.

# BOQONNAA SADII: SAXAXAAFI MALLEEN QORANNICHAA

Boqonnaa kana keessatti adeemsa qorannoo qoratichi kaayyoo qorannichaa galmaan gahuuf hordofeefi keessa darbetu dhiyaatee jira. Qorannoon tokko saxaxa ittiin aggeeffamu, irraawwatama, iddattoofi mala iddatteessuu, meeshaalee funnansa ragaafi mala qorannoon ittiin qaacceffamu hammachuu danda’a. Kanarraa ka’uudhaan, “Dhiyaannaa caasaa jechaafi hima Afaan Oromoo kitaabilee barumsaa kutaa 9fi 10 qaaccessuuf, saxaxaafi malleen qorannoo barbaachisoon adda bahan hojiirra oolanii jiru.

## 3.1. Saxaxa Qorannicha

Qorannoon kun, gosoota qorannoo jiran keessaa gosa qorannoo ibsaa/addeessaafi mala qorannoo akkamtaatiin kan hojjetamedha. Gosti qorannoo kun, haala wanti tokko irratti argamu yookiin maal akka inni fakkaatu, haala kamiin akka ibsamuu danda’u akkataa gaariidhaan sakatta’ee ibsuuf kan fayyadudha. Akka Jonasson (1996) ibsutti, qorannoon addeessaa mala qorannoo akkamtaafi hammamtaa of keessatti qabachuu danda’a.

Yaaduma walfakkaatuun, Addunyaa, (2011) saxaxa qorannoo yoo ibsu, “Saxaxi qorannoo waliigala qorannichaa to’ata. Qorannichi maal fakkaata? Maaliirratti bu’uure?” gaaffiiwwan jedhan mata duree kana jalatti deebii argachuu qabu” jedha. Haaluma kanaan, qorataanis/ qoratichis qorannoo mala kanaan gaggeeffamuuf mijataa ta’e keessatti, odeeffannoo sakatta’insaan argate mara mala addeessaa/ibsaatiin caasaa jechaafi hima Afaan Oromoo kitaabilee barumsaa kutaa 9fi 10 keessatti maal akka fakkaatuufi akkamittis akka dhiyaachuu malu ilaalchisee qaaccessuuf, saxaxa qorannoo ibsaafi mala qorannoo akkamtaatti gargaarame.

Haaluma kanaan, qorannoon kun, odeeffannoowwan akkataa caasaan jechaafi hima Afaan Oromoo kitaabilee barumsaa kutaa 9fi 10 keessatti dhiyaatan kanneen sakatta’iinsaan funaanaman qabatama afaanichaa faana bu’uun kan qaaccesse. Kanarraa kan ka’e, mala qorannoo ibsaa (descriptive method)fi sakatta’iinsa (survey method)tti dhimma bahee jira. Sababiin isaas, malleen kunneen qorannicha haalaan ibsuuf kan mijatan waan ta’aniifidha.

### 3.2. Maddeen Odeeffannoo

Maddi odeeffannoo qorannoo kanaa madda tokkoffaadha. Isaanis: kitaabilee barumsaa yeroo ammaa kanatti hojii barnootaarra jiran keessaa kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa sagaliifi kudhaniiti. Sababni kanaas, qorannoon kun kan gaggeeffame qaacceessa dhiyaannaa caasaa jechaafi hima Afaan Oromoo kitaabilee kanneen keessatti argaman irratti waan ta'eefi. Kanaafuu, maddi ragaa lammaffaa hinjiru jechuudha.

Haaluma kanaan, maddi ragaa bu'uuraa qorannoo kanaa, kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9fi 10 bara 2005/13 qophaa'anii hojiirra jiran yoo ta'u, kan biraan unka mirkaneeffannaa odeeffannoowwan dhiyaannaa caasaa jechaafi himaa tokko tokkoo kitaabilee barumsaa qorannoof iddatteeffaman keessaa argaman hariiroo isaan waliin qaban ittiin adda baafachuuf qoratichi qopheeffatedha. Kana malees, unki qoratichi facaatii kitaabileen barnoota Afaan Oromoo kutaa 9fi 10 Manneen Barnootaa sadarkaa 2ffaa afur Aanaa qoratichaa keessatti argaman maal akka fakkaatu ittiin adda baaafachuuf qopheeffate madda odeeffannoo dabalataa qoratichi dhimma itti bahedha.

### 3.3. Iddattoofi Iddatteessuu

Qorataan tokko qorannoo isaa yemmuu geggeessu kanneen dhimmichi ilaallatu hundarraa odeeffannoo funaanuun rakkisaa waan ta'eef, iddattoo filatamanirraa odeeffannoo argaman bu'uura taasifachuun argannoo isaa qaamoolee dhimmichi ilaallatu maraaf oolchuun nidanda'ama (Addunyaa, 2011: 65). Bu'uuruma kanaan, kitaabilee barnoota Afaan Oromoo bara 2005 qophaa'anii hojiirra jiran keessaa kitaabileen barumsaa kutaa 9fi 10 qorannichaaf iddatteeffamanii jiru. Kitaabileen kunneen kan iddatteeffamaniifis, sadarkaa barnoota qophaa'inaafi sanarra darbees barnoota sadarkaa olaanootiif bu'uura ta'uu isaaniifi qoratichis adeemsa baruu-barsiisuutiin rakkoolee kitaabilee iddatteeffaman kanneen keessatti gama dhiyaannaa caasaa jechaafi hima Afaan Oromootiin mul'atan waan isa mudatanirraa ka'uuni. Qajeelchi barsiisaas immoo, qabiyyeewwan kitaaba barataa keessatti dhiyaatan hunda irratti qaama barsiisu qajeelchee kan toora qabsiisu waan ta'eef iddatteeffamee jira. Kana malees, haala caasaan jechaafi hima Afaan Oromoo kitaabilee kanneen keessatti ittiin dhiyaatan adda baasuun mirkaneeffachuuf qabxiileen qorataan qopheeffate dabalee A irratti kaa'amee jira.

Inni biraan immoo, ragaalee facaatii kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 9fi10 manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa afur aanaa tokko keessatti argaman keessa jiran maal akka fakkaatu adda baasuuf qabxiilee qoratichi qopheeffatee itti gargaaramerraa argaman akka dabalataatti fudhatamaniiru.

## 3.4. Meeshaalee Fuunaansa Ragaa

Akka Dastaan (2002:83) Yaalew wabeeffachuun ibsetti, “Qorannoon kamiyyuu ragaadhaan deeggaramee geggeeffama. Ragaan ykn odeeffannoon bu’uura qorannoo ta’uu isaati. Odeeffannoon bu’uura qorannoo ta’e kunis, kaayyoo qorannichaa galmaan ga’uuf mala ykn meeshaa ittiin funaanamu qaba” jedha.

Yaada kanaarraa kan hubannu adeemsi ragaan ykn odeeffannoon qorannoo ittiin argamuufi meeshaaleen ittiin funaanamu ga’ee qabachuu isaaniiti.

Haaluma kanaan, ragaan ykn odeeffannoon qorannoo kanaa kitaabilee barumsaa, barnoota Afaan Oromoo kutaa 9fi 10 irratti xiyyeeffatu meeshaa funaansa ragaa keessaa isa qorannichaaf filatamaafi mijataa ta’e sakatta’a dookumeentii/kitaabilee kannee sakatta’uutti kan dhimma bahame. Innis, akkaataa kitaabilee kanneen keessatti caasaaleen jechaafi himaa ittiin dhiyaatan kan ilaaledha. Kanaafis, odeeffannoon bifa kanaan funaanamu aslummaan dhimma irratti xiyyeeffannoon kennamee qoratamuu waan dhiyeessuuf amanamummaas niqabaata.

### 3.4.1. Sakatta’a kitaabilee barumsaa kutaa 9fi 10

Qorannoon kun, kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9fi10 yeroo ammaa tajaajila kennaa jiran irratti kan xiyyeeffatedha. Kunis, haala caasaan jechaafi himaa tokkoon tokkoo kitaabilee kanneen keessatti dhiyaataaniifi hariiroo gama kanaan gidduu isaanii jiru sakatta’uudhaan adda baasee qaacceessee kan dhiyeessedha. Kanaafis, qabiyyee kitaabilee kanneen keessatti caasaa jechaafi hima Afaan Oromoo ilaalchisee dhiyaatan irraa jalaan sakatta’ee kan qaaccesse ta’uu isaatiin aslummaan odeeffannoo isaas kan eegamedha. Aslummaan odeeffannoo qorannichaas amanamummaa qorannichaatiif kan ooledha.

### 3.4.2. Odeeffannoowwan qabxiilee sakatta'insa kitaabileen argaman

Haala dhiyaannaa caasaalee jechaafi himaa kitaabilee barumsaa kutaa 9fi 10 akka waliigalaatti iddoo tokkotti fiduudhaan qaaccessuuf, qoratichi qabxiilee mirkaneeffannoo unkaan qopheeffachuudhaan dabalataan itti dhimma bahee jira. Kunis, hanqinaaleen dhiyaannaa caasaa jechaafi himaa tokko tokkoo kitaabilee barumsaa iddatteeffaman kanneen keessatti eessa eessatti akka mul'ataniifi hariiroo kitaabilee kanneen lamaan gidduuttis jiru kan sakatta'insa dookumeentiin adda bahan waliin walitti fiduun ilaaluuf kan gargaarudha. Haaluma kanaan, tokko tokkoon boqonnaalee (1-18) kitaabilee barumsaafi qajeelcha barsiisaa iddatteeffamanii sakatta'amanii waliin walcinaa adeemsifamuu isaatiin amanamummaa qorannichaa dabaluufis kan gahee qabudha.

### 3.4.3. Odeeffannoowwan faca'insa kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 9fi 10

Meeshaa funaansa ragaalee qoratichi itti dhimma bahe keessaa inni biraan, unka qabxiilee mirkaneeffannoo faca'insa kitaabileen barumsaa kutaa 9fi10 manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa garaagaraa afur keessatti argaman ittiin mirkaneeffachuuf qopheeffatedha. Meeshaan kun, guutummaa guutuutti akka madda ragaa tokkoffaatti qorannichaaf kan oolu miti.

Haa ta'u malee, akkuma hanqinni dhiyaannnaa caasaa jechaafi hima Afaan Oromoo kitaabilee barumsaa kutaa 9fi 10 baruu barsiisuu irratti dhiibbaa geessisu qabu, hanqinni gama facaatii kitaabilee barumsaa kanneeniitiin jirus gama kaaniin qabiyyee barnootaa waliigalaafi caalmaattis barannoo caaslugaa barsiisuu keessatti dhiibbaa geessisu qaba.

Haaluma kanaan, qorataan rakkoolee dhiyaannaa caasaa jechaafi himaa kitaabilee keessatti mul'ataniin achitti, hanqinnni kitaaba barataa maneen barnootaa sadarkaa lammaffaa garaagaraa keessatti jirus dhiibbaa geessisu qabaachuu kan danda'u waan ta'eef, ragaa qabxiilee mirkaneeffannoo qopheeffateen maneen barnootaa sadarkaa lammaffaa afur aanaa tokko keessaa argaman akka odeeffannoo dabalataatti qorannichaaf itti gargaarameera.

## 3.5. Mala Qindaa'ina Odeeffannoo

Odeeffannoon qorannoo kanaa karaa sakatta'a dookumentiin funaanaman. Haalli qindaa'ina oddeffannoo, adeemsa qorannoo qulqulleeffataafi ibsaa karaa mala akkamtaan kan

qaacceffamedha. Kunis, meeshaa funaansa ragaalee qorannichaaf odeeffannoo funaanuuf mijataa ta’ee filatame, kaayyoo qorannichaafi akkaataa qoranichi eeyyamu kan hordofedha. Qorannichi dhiyaannaa caasaa jechaafi hima Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa 9fi 10 keessatti rakkoolee yookaan waliin dhahama mul’atan keessaa kanneen akka fakkeenyaatti fudhatamuu danda’an fudhachuudhaan adda baasee qaaccesse guutummaa guutuutti ibsa jechootaatiin kaa’ame.

## 3.6. Tooftaa Qaaccessa Ragaalee

Dhiyaannaa caasaa jechaafi himaa kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa iddatteeffaman keessatti mul’atan mataduree qabxiilee mirkanneeffannoof kaa’aman garaagaraa jalatti qoodamuun qaacceffamanii jiru. Kaayyoon qorannoo kanaa akkataa kitaabileen kunneen caasaa jechaafi himaa itti dhiyeessan qaaccessuudha. Malleen ragaaleen kunneen ittiin qaaccefamanis akkamtaa (qualitative) dha.  Malli kun kan filatameef, odeeffannoo kitaabilee iddatteeffaman keessaa argaman irratti hundaa’uudhaan hanqinoota mul’atan jechaan yookaan bifa keeyyataan qaacceessuun furmaata isaanii kaa’uun galma aggaamame bira gahuun kan danda’amu waan ta’eefidha.

# BOQONNAA AFUR: QAACCESSAAFI IBSA RAGAALEE

Boqonnaa kana keessatti qaaccessaafi ibsa ragaalee qorannichaatu taasifame. Akkaataan qaaccessaafi ibsa ragaalee itti taasifames, sakatta'insa dookimeentii/kitaabilee barumsa kan bu'uureffate waan ta'eef, guutummaatti ibsa jechootaatiin keeyyata keessatti ibsamanii dhiyaatanii jiru.

## 4.1. Ibsa Gabaabaa Waa'ee Qaaccessa Ragaalee Qorannichaa

Adeemsa baruufi barsiisuu keessatti haala meeshaaleefi qabiyyeen barnootaa itti qophaa'anii dhiyaatan adda baasanii beekuun kaayyoo qorannichaa galmaan gahuuf iddoo olaanaa qaba. Kanaafis, haala kitaabileefi qabiyyeen barnootaa ittiin dhiyaatan yookiin dhiyaachuu qaban dursa adda baasuun barbaachisaadha. Bu'uuruma kanaan, caasaa jechaafi himaa kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9fi 10 boqonnaa garaagaraa keessatti qabiyyee adda addaa irratti argaman haalli dhiyaannaa isaanii maal akka fakkaatu qoratichi sakatta'ee qaaccessee jira.

Haaluma Kanaan, kitaabileen barnootaa kunneenis, kan qophaa'an bara 2005 A.L.I. Federaala Riippaabilika Dimokiraatawaa Itiyoophiyaatti Ministeera Barnootaatiin yoo ta'u, kitaabileen barataa kutaa 9fi 10 walduraa duubaan boqonnaa 18fi fuula waliigalaa 181fi 174 qabu. Qajeelchi barsiisaa kutaalee kanneenis, boqonnuma kitaaba barataan walfakkaatuufi, fuula 122fi 118 walduraa duubaan kan qabanidha.

Dhiyaannaan kitaabileen barnoota Afaan Oromoo kunneen dhiyaannaa caasaa jechaafi himaa irratti qaban kitaabilee barnootaa kanaan dura itti dhimma bahamaa turanirraa fooyyee kan qabanidha. Ta'us, darbee darbee rakkooleen barannoo caaslugaafi kan biroo keessatti mul'atan tokko tokko jiru. Keessumaayyuu, rakkoon wantoota qabiyyee tokko keessatti dhiyaachuu malan guutummaatti dhiyaachuu dhabuufi akkaataan dhiyaannaa caasaa jechaafi himaa qabiyyee walfakkaataa keeessatti bifa garaagaraan dhiyaachuu nimul'ata. Kana jechuun immoo, caasaan jechaafi himaa guutummaan guutuutti kitaabilee kanneen keessatti iddoo tokkottu hammatamuu qabu jechuu osoo hintaane, barattoota sadarkaa kanaaf caasaaleen dhiyaachuu qaban dhiyaachuu dhabuufi kanneen dhiyaatanis walfakkaachuu dhabuu isaaniti.

Inni biraan, hariiroo kitaabileen barumsaa qorannichaaf iddatteeffaman kunneen yaadrimee walfakkaataarratti garaagarummaa agarsiisan qabaachuudha. Kana malees immoo, qabiyyee caaslugaa caasaa jechaafi hima Afaan Oromoo kitaabilee barumsaa kanneen keessatti dhiyaatan keessatti hanqinoonni caasaa walfakkaataa ta'aniif hiikaafi fakkeenya walsimuun ibsuu dhabuurratti mul'atan jiru.

Haaluma kanaan, qorataan qorannichaaf ragaa bu'uuraa sakatta'insa dookumeentii irraa argame /qorannoo kitaabilee barumsaa/ fudhatee qaaccesseera. Meeshaa funaansa ragaalee, sakatta'insa dookumeentiitti dhimma bahuun odeeffannoon funaanames mala qorannoo akkamtaan qaacceffame. Qaaccessi ragaalee kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa iddatteeffaman irraa argammanis, qabxiilee mirkaneeffannaa qophaa'een sakatta'insa dhiyaannaa caasaa jechaafi himaa kitaabilee kutaa 9fi 10 lamaan iddoo tokkotti sassaabuun akka ragaa dabalataatti qaacceffameera.

Kana malees, qorataan dhiibbaa faca'insi kitaabilee barumsaa kanneen baruu barsiisuu sagantaa barnoota afaanii waliigalaafi barannoo caaslugaa irrattis ammmoo addatti geessisuu danda'u adda baasuuf qabxiilee sakatta'insa faca'insa kitaabilee qophaa'etti dabalataan dhimma baheera. Haaluma Kanaan, qaaccessi ragaalee hundi akka waliin deemuu danda'anitti keeyyatatti qoqqoodamee kaa'ameera.

## 4.2. Qaaccessa Ragaa Kitaabilee Barumsaa Kutaa 9fi 10

Afaan tokko adeemsa itti dhimma bahamu keessatti seera ittiin to'aatamu kan qabuufi sadarkaalee caasaa garaagaraatti qoodamuun isaa waanuma amaloota afaanii keessatti beekamu. Bu'uuruma kanaan, amaloota afaanii keessaa tokko seeraan buluufi seerri afaan tokkoo immoo, afaan tokkorraa kan afaan birootti garaagara akka ta'e (Addunyaa, 2010:15) ibsee jira. Kana malees, yaada kanarraa kan hubachuun danda'amu, caasaaleen afaan tokkoo sagalee, birsaga, dhamjechaa, jechaafi himaa jedhamanii akkaataa caasluga afaanichaatiin kan of keessatti hammatu ta'uu isaati.

Qorannoon kunis, caasaalee afaanii kanneen keessaa, dhiyaannaa caasaa jechaafi hima Afaan Oromoo kitaabilee barumsaa kutaa sagaliifi kudhanii irratti xiyyeeffate qaaccessee kan dhiyeessedha. Akka silabasii barnoota afaanichaatiin kaa'amee jirutti kitaabiileen kunneen qabiyyee caaslugaafi kan biroo keessatti dhiyaannaa caasaa jechaafi hima afaanichaa

walsimataafi ibsa walfakkaataa ta'e qabaachuutu irraa eeegama. Haa ta'u malee, qabiyyee walfakkaataa ta'an keessatti caasaa/ sirna barreeffamaa garaagaraa qabaachuudhaan walsimannaa dhabinsiifi kitaabilee lamaan gidduu hariiroon sirrii dhibuun iddoo tokko tokkotti nimul'ata. Haaluma kanaan, yaada haayyonni kennanis fudhannee yoo ilaalle, qophiin meeshaalee barnootaa tokko jalqabarratti yemmuu wixineeffamu hidhataafi sadarkaa fayyadamtoonni qabiyyee sanaa qabaniin walsimsiisuun barbaachisaa akka ta'e hubachuu dandaanya (Mc. Donough and Shaw, 1993).

Kanaafuu, mataduree kana jalatti sakatta'insi dhiyannaa caasaa jechaafi hima Afaan Oromoo kitaabilee barumsaa kutaa 9fi 10 irratti taasifame qaacceffamee dhiyaatee jira. Sakkatta'insa dhiyaannaa caasaa jechootaafi himootaa ilaalchisee qabiyyeewwan adda addaa kitaabilee kanneen keessatti qorataan taasise qaacceffamaniiru. Isaanis, haala walitti dhiyeenya qabaniin qabxiilee matadureewwan xixiqqaa murteessoo ta'an jalatti kaa'uun dhiyyannaa isaanii irratti qaaccessi taasifame haala armaan gadiin dhiyaatee jira.

### 4.2.1. Qaaccesssa Dhiyaannaa Caasaa Jechaa

Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa dhiyaannaa caasaa jechaafi himaa kitaaba barataafi qajeelacha barsiisaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9fi 10 irratti mul'atan qaaccessuudha. Haaluma kanaan, qaaccessi qorannichaa yaada kitaabilee kanneen keessatti dhiyaaataniifi walsimannaa caasaalee kanneen irrattti kan gaggeeffamu ta'uu isaatiin qaaccessa caasaa jechaarraa eegale.

Afaan tokko keessatti jechoonni haala adda addaan uumamuu danda'u. Haala jechoonni Afaan Oromoo itti uumamaniifi hiika argachuu danda'an yoo ilaalle, sagaleen sirnaan walitti dhufan jecha uumu. Haa ta'u malee, sagaleeleen sirnaan qindaahan hundi amala kana hinqaban. Kana jechuun, osoo caasaa jechaa bira hingahin sagaleeleen walitti dhufan birsaga, birsagoonni immoo walitti dhufuudhaan jecha ijaaruu kan danda'an ta'uu isaaniiti.

Kana malees, sagaleeleen akkaataa hiika kennaniin yemmuu walitti dhufan dhamjecha hiika qabu ijaaruu danda'u. Karaa biroon immoo, caasaalee Afaan Oromoo birsagaafi dhamjechootaa sirnaan walitti dhufaniin jechi ijaaramuu danda'a jechuudha. Yaada kana kan dhugoomsu Addunyaan (2014: 35) irratti jechi qindeeffama dhamsagootaa, birsagootaafi

dhamjechootaa kan unkaalee hiika tokkoofi isaa ol qabaniin dhiyaatuufi of danda'ee dhabatudha jechuun ibsa.

Hiika jechoonni qabaachuu danada'anis fudhannee yoo ilaalle, jechi tokko dhaamsa waan tokkoo ibsa. Yeroo tokko tokko immoo jechi waan lama ibsuu jiraachuu danda'a.

Fakkeenyaaf, jecha **Harroota** jedhu fudhannee yoo ilaalle, dhaamsa lama of keessaa qaba. Kunis, **Harree**fi **–oota** kan jedhu yoo ta'u, Harreen beeylada manaa gama qabdu, hiikoo kotteduudaa warra jedhaman keessatti kan ramadaman keessaa tokko kan taateefi tajaajila fe'isaatiif ooltu yoo ta'u, **-oota** kan jedhu heddumina beeylada kanaa agarsiisa. Jecha kana keessatti dhamjechoota garaagaraa lamatu argamu jechuudha. Yaadaa as keessatti argamu kanarraa garaagarummaan jechaafi dhamjechaas akka jiru hubachuu dandeenya. Innis, fakkeenya kana keessatti jechi **Harree** jedhu dhamjecha tokko yookiin jecha yoo ta'u, **-oota** kan jedhu immoo dhamjecha biraati malee jecha ta'uu hindanda'u.

Dhamjecha ilaalchisee yaanni hayyootaan kennamus jecha waliin garaagarummaa qaba. Yaada kana Finch (2005:99)fi O'Grady (19996:112) dhamjecha yoo hiikan, "morpheme is the smallest unit of language that carries information about meaning and grammatrical function," jedhu.

Yaaduma walfakkaatuun, "Unki xiinqooqaa hiika-qabeessi tokko addaan qoodamee hiika dhabeessa yoo ta'e, dhamjecha jechuu dandeenya," jechuun ibsa (Adunyaa, 2011:5)

Haaluma kanaan, hayyoonni jechaafis hiika kennaniiru. Crystal (1997) jecha yoo hiiku, qamaa himaa kan gama lamaaniin bakka duwwaa (white space) qabaachuun argamu jedha.

Bu'uuruma kanaan, ibsa fakkeenya armaan olii keessatti jechi Harroota jedhu akka dhamjechoota lama of keessaa qabu hubachuu dandeenya. Sababa dhamjechoota lama of keessaa qabuufis, dhamjecha ofdanda'aa Harree jedhuufi dhamjecha hirkataa –oota jedhutti qoodamuu danda'e.

Kanaafuu, jecha harroota jedhu kanaan dhamjecha jennee dhamjecha garaagaraatti yoo qoqqoonne maalummaafi hiika dhamjechaafi jechaa kenname kan faallessu ta'uu isaati.

Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 10 fuula 24-26 irratti, jecha tokko irratti dhamjecha garaagaraa dabaluudhaan jecha haaraa uumuun akka danda'amu fakkeenya adda addaafi

Gilgaala 9 fuula 25 irra jiru irratti kennameera. Fakkeenya kenname keessatti fuula 24 irratti ibsi latii danoommii agarsiistu firoommii sagaleetiin jijjiiramuu isheeti. Haa ta'u malee, jechoota garee maqaa ta'an barataa yookiin barattuu jedhu irratti dhamjechi danoommii agarsiisuuf fufamtu firoommii sagalee homaatuu kan barbaadu miti.

Fakkeenya kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 10 fuula 25 irratti kenname **nama, farda, jabbii**fi garee jechootaa addeessa ta'an keessatti immoo **xinnoo**fi **guddaa** kan jedhu fudhatamee, **–oota, -een, -lee/-oota** kan jedhan fakkeenya 2 keessatti, **-xi**, kan jedhuufi **–gu** kan jedhu immoo fakkeenya 3 irratti walduraa duubaan dhamjechoota heddumina agarsiisan akka ta'e kennamee jira.

Haa ta'u malee, dhamjechi/latiin **–xi**fi **–gu** jedhaman addeessaa xinnoofi guddaa irratti fufamuun isaanii akkuma jechoota namoota, fardeen, jabbilee/jabboota jedhamanii dhamjechoota yaasaa kan uumaman ta'uu isaaniitiif sababni gahaa ta'e tokko hinjiru. Kana malees, maqaafi maqibsi dhamjechoota danoommii agarsiisan osoo hinfudhatin dhaabbachuu danda'an kan akka *lafa, ijoollee, xaafii, gurra, muraasa, baay'ee*fi kan kana fakkaatan jiraachuu danda'u.

Kanaafuu, akka qorataan ilaalettti gama uumama yookiin ijaarsa jechootaatiin, caasaa jechaafi dhamjechaa irratti fakkeenyi kenname kun hanqina akka qabu hubatameera. Hanqinni isaas, gareen jechoota afaanichaa maqaafi ibsa maqaa ta'an hundi firoommii sagaleetiin dhamjechoota maxxanfachuufi birdummaan danoommii akka hin'agarsiisne barannoo caasluga kanaafi kan biroo keessatti osoo ibsaanis ta'ee fakkeenyaan hinagarsiifamin bira darbamuudha.

### 4.2.2. Qaaccessa Uumama Jechootaa

Jechoonnii Afaan Oromoo kan uumamaniifi kan horan dhamjechoota adda addaa ofitti maxxanfachuudhaani. Garee jechootaa uumaman kunneen ammoo garee jechootaa kan jijjiiran yoo ta'an, gareen jechootaa horan tajaajila caasluga adda addaa kan akka danoominaa, korniyaa, maayii, haala raawwiifi kkf agarsiisuuf kan oolaniidha. Uumamaafi hormaata jechoota Afaan Oromoo keessatti dhamjechoonni adda addaa tajaajila adda addaa qabachuun isaanii beekamaadha. Haaluma kanaan dhamjechoonni uumama jechootaafi hormaata jechootaaf tajaajilan adda bahanii kitaabilee barumsaa keessatti dhiyaachuu qabu.

Jechoonni bu’uuraa yookiin jechoonni haadhoofi jechoonni uumamteen akka gilgaalaatti dhiyaatan, ulaagaa ittiin adda bahanii beekkaman waliin kitaabilee barumsaa keessatti dhiyaachuu qabu.

#### 4.2.2.1. Yaasaan Uumamuu Jechaa

Uumama jechootaati kan jennu afaan tokko keessatti hundeen jechaafi bu’uurri jechaa dhamjechoota yaasaa yookiin uumamtee maxxanfachuudhaan, adeemsa diigalaan jechoonni of danda’oo lama walitti dhufanii jecha haara tokko uumuuniifi adeemsa suphuutiin kan uumamanidha.

Fakkeenyaaf, jecha **nama, hoolaa, diimaa, sanbataa**fi **guddaa** jedhan fudhannee, akkaataa jechoonni unkaafi garee adda addaa qaban kunneen dhamjechoota uumamtee/yaasaa walsimannaa qaban waliin ta’uudhaan jechoota hiika addaa biroo qaban itti uuman garaagara. Isaanis:

**Fakkeenya 4a**

| | Jechoota | Dhamjecha ida’ame | Jechoota uumaman | Garee jechootaa |
|---|---|---|---|---|
| 1. | nama | -oom, -e | namoome | maqaa => Gochima |
| 2. | hoolaa | -ota | hoolota | hinjijjiiramne |
| 3. | diimaa | -ina | diimina | maqibsa => maqaa |
| 4. | sanbata | guddaa | sanbataguddaa | M+MI => maqaa |

Fakkeenya 4a. lakkoofsa 1 asiin olitti fudhatame keessatti jechoonni uumaman hiikaanis ta’ee garee isaaniitiin garaagara. Jechi mana jedhu dhmjecha uumamtee -oom, fi -e jedhu fudhachuudhaan gochima namoome jedhu uume. Lakkoofsa 2 irratti kan argamu hoolaa kan jedhu garuu, hoolaa kan jedhu maqaa kan ture dhamjecha uumamtee fudhachuuf qophaa’aa waan hintaaneef, dhamjecha hortee fufachuudhaan maqaa hiddumina agarsiisu ta’e malee jechi haaraa uumame hinjiru. Jechi lakkoofsa 3 irratti argamu maqibsa diimaa jedhu. Maqibsi kun dhamjecha uumamtee –ina jettu fudhachuu isaatiin jecha haaraa maqaa ta’e ‘diimina’jedhu uume. Gama biraatiin immoo, jechi lakkoofsa 4 irratti argamu jecha kan biraa dabalatee diigaloomuu isaatiin jecha hiika addaa qabuufi garee jechaa maqaa ta’e argamsiisee jira.

Kanarraa kan hubannu, jechoonni dhamjechoota yaasaa ykn uumamtee ta’an fufachuudhaan jechoota garee adda addaarraa uumaman hiikaafi garee isaanii kan jijjiirratan yoo ta’u, isaan dhamjechoota uumamtee fudhachuu hindandeenye immoo gareefi hiika isaanii osoo hinjijjiirratin tajaajila seerlugaa garaagaraaf ooluu isaaniiti. Kana malees jechoonni hiika adda addaa qaban lamas akkaataa isaan itti walfilatanii ijaaramuudhaan jecha hiika addaa qabu tokko uuman qofumatti kan jiru ta’uu isaati.

Yaada kana kan fakkaatu, “Fufii horteen akaakuu dhamjecha hirkataa ta’ee tajaajila caaslugaa agarsiisuuf hundee ykn bu’uura jechaatti kan maxxanudha. Tajaajilli caaslugaa kunneeniis korniyaa (gender), ramaddii (person), maayii (case), haala raawwii (aspect), lakkoofsa(number), ennaafi(tense) wkf. fa’i” jechuun ibsa (Addunyaa, 2011:15)

Kana malees, Tamasgeen (1993:7) akkaataa uumama jechootaa ilaalchisee kan ibse, “Uumamni jechootaa adeemsa yaasaan/uumamteen jecha ykn hundee jechaa irraa jecha haaraa uumuuti. Afaan Oromoos adeemsa kanaan sooressa ykn qabeessa” kan jedhudha.

Hanqinni gama dhiyaannaa caasaa jechootaatiin kitaabilee barumsaa kutaa 9fi 10 keessatti mul’atus, akkaataa uumama jechootaafi fufiilee horteen dhamjechoota hirkataa tajaajila seerlugaa garaagaraa agarsiisuuf oolan akkaataa kamiin akka hundee ykn bu’uura jechaarratti akka fufaman kan agarsiisu tokko barannoo caaslugaa dhiyaatan keessaa dhabamuudha.

#### 4.2.2.2. Tisheessuu

Uumama jechootaa ilaalchisee kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa kutaa 9 keessatti kan dhiyaate tisheessuu/diigalaan jechoota uumuudha. Kunis, kitaabni barataa shaakala kennuun jechoonni gareen jechaa isaanii garaagara ta’an lamaafi isaa ol walitti dhufuun jecha diigalaa hiika adddaa tokko qabu uumuu akka danda’an fakkeenya kennuun ibsa (fuula 20).

Jalqabumarraa, kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9fi 10 keessatti jechoonni lamaafi isaa ol ta’an walitti dhufuun jecha hiika addaa qabu tokko (tishoo) uumu kan jedhu ibsamus, fakkeenya dhiyaate keessatti garuu, jechoonni tishoo kennaman jechoota hiika adda addaa qaban lama qofarraa ijaaraman malee, kan lamaa olirraa ijaarame agarsiisu tokkoyyuu hindhiyaanne. Kanaaf jechoonni tishoo kan ijaaraman jechoota hiika addaddaa qaban lamarraa akka ta’etu hubatama.

Kana malees akkaataa jechoonni hiika adda addaa qaban kunneen walitti dhufanii jecha tishoo tokko ijaaranais ifa miti. Fakkenyaaf, jechoota **roga+sadi**, **miila+jala**fi **mataa+duree**fi kkf dhiyeessuun akka barattoonni tisheessan gaafatameera (fuula 20). Qajeelcha barrsiisaa irrattis akkaataa jechoonni kunneen walitti qindaa'anii tishoo ijaaran yeroo deebii kennu:

**roga sadi =** fakkii roga sadii qabu

**mataduree** = jalqaba, boqonnaa

**miila jala =** gara gadi aanu, miila jala jechuudhaani (fuula 17)

Haa ta'u malee, fakkeeenya dhiyaate kana keessatti jechoota kanneen yoo ilaallu, adeemsa tisheessuu eeguun kan walitti dhufan hinfakkaatan. Jechi **roga sadi** jedhamee kaa'ame kun jechoota lama kan kitaabicha keessatti kennaman **roga**fi **sadi** jedhan irraa tolfame. Haa ta'u malee, **roga sadi** kan jedhu kun gaalee fakkaata (fuula 17) Kunis, gosoota gaalee keessaa gaalee maqaa kan mataan isaa **rogaa**fi guuttuun isaa immoo, ibsamaqaa lakkoofsaa **sadi** jedhu. Kunis, jechoonni lamaan walitti dhufanii jecha tishoo uumaan kunneen akka gaaleetti walirraa siqamee barreeffame. Kanarraa kan ka'e, jechoota lamaan gidduu dhamjechoonni seenuu danda'u.

Fakkenyaaf, **rogoota sadi**, **rogni sadi** jechuun barreessuun nidanda'ama**.** Kun immoo, ulaagaa/seera tishoo kan cabsu ta'a. Akkasumas, akkaataa afaanicha keessatti jechi kun itti dhimma bahamuun hinkaa'amne. Kanaafuu, jechoonni kunneen lamaan walitti dhufuun jecha tishoo uumuuf, jecha jalqabaarraa sagalee (a) hir'iisuun, jecha lammeessoorraa sagalee (i) haquun sagalee (ee) dabaluun **rogsadee** jennee adeemsa suphuutiin barreessuutu jechicha jecha tishoo taasisa. Akkasumas, fayyadamtoonni afaanichaas, haala kanaan kan dubbataniifi barreessan ta'uutu hubatama.

Yaada kana kan deeggaru Waaqumaa (2013:107) irratti "*Adeemsa jechoota tishoo uumuu keessatti sagaleelee hir'isuu, ida'uufi jijjiiruun akka mul'atu ibsuun, yaadicha fakkeenyan yoo deeggaru,* ***roga*** *+* ***sad****i =* ***rogsadee****"* jechuun kaa'a.

Kana malees, jechi tishoo qajeelcha barsiisaan **miila jala** jechuun deebii kenname gaalee durduubee fakkaata malee jecha tishoo jechoota hiika adda addaa qaban sanarraa uumame hinfakkaatu. Sababni isaas, akka gaaleetti walirraa siqee barreeffame. Akkasumas, dhamjechoonni gidduu jechoota lamaanii galuu danda'u. Dabalataaniis, jechoonni **miila**+**jala**

gaafa walitti fiduun tisheessinu **miiljalee** ta'a malee, haala kaa'ame sanaan hincaasseffamu. Kanaafuu, caasseffama jechoota tishoo ilaalchisee qajeelcha barsiisaa kutaa 9 keessatti hanqina bal'aa ta'etu jira.

Yaadrimee armaan olii kan deeggaru Addunyaan (2011, 52) yoo ibsu "amaloota jechi diigalaan uumame tokko qabuufi kanneen biro rraa ittiin adda ta'u, jechoota walitti dhufan gidduu qaamni biraa galuu hindanda'u. Qaamni biraa kanneen akka dhamjechoota hirkatoo galuun unkaafi hiika garaagaraa agarsiisuu dandeenyaan jecha tokko ta'uu hindanda'u jechuudha" jechuun ibsa.

Kan biroon immoo, jecha tishoo **mataduree** jedhu. Jecha kanas yoo ilaalle, jechoonni lamaan walitti siquun barreeffamuufi yaadrimee tokko bakka ba'uun jecha tishummaa isaa nidhugoomsa. Haa ta'u malee, jechuma tishoo kana kitaabni barataa kutaa 9 fuula 40 irratti **mata-duree** jechuun sarara xiqqaa gidduu jechoota lamaanii galchuun tisheesse. Adeemsa tisheessuu barachuu keessatti barattoonni **mataduree** jechuun walitti butanii yemmuu caaseffamu, dubbisa keessatti immoo **mata-duree** kan jedhu argu. Kitaaba barataa kutaa 10 fuula 26fi 27 irratti immoo matadureefi matduree kan jedhutu walduraa duubaan dhiyaatee jira. Kun immoo, hubannoo barattoonni tisheessuu irratti argatan burjaajjessuu kan danda'udha. Karaa biroon, jecha tishoo **mataduree** jedhu jechoonni lamaan walitti dhufanii jechicha uumaan **mataa**fi **duree** ta'uun isaanii nishakkisiisa**.** Kunis**,** jechoota lamaan kana qopha qophaatti hiikoo yoo kenninuuf, mataa jechuun kan rifeensa ofirraa qabuufi boroo/gara olii ta'e jechuu akka ta'e arganna. Jechi **duree** jedhu kun immoo jecha **dura** jedhurraa dhufuu isaa hiikoo jalqaba jedhu qabachuu isaati.

Kanaafuu, bu'uurumaanuu jechoonni lamaan jalqaba walitti dhufuun jecha tishoo kana uumaan **mataa**fi **duree**dha jechuurra **mataa**fi **dura** isaan jedhu fakkaatu. Kunis, jechi **dura** jedhutu gara jecha **duree** jedhutti deebi'uun jecha tishoo uumuu isaa hubanna. Kunis, hawaasni Oromoo wanti tokko yoo bakka ciisichaa isaanii gara mataan itti garagalamee ciisu jiru ibsuu fedhan, '**mataa dura** jira**'** jechuun dubbatu. Kun immoo, caasaan yoo ilaallu galee ta'uu isaa hubanna. Haata'u malee, adeemsa tisheessuun gara jecha tokkootti dhufuun kan **mataduree** ta'e jecha hawaasichi **mataa**fi **dura** jedhee fayyadamurraa ta'uu isaatu fudhatama. Qaama kamuu caalaa afaan isaatiif ragaa quubsaa kan ta'u dubbattoota

afaanichaati. Dubbattoonni kun/hawaasni seerummaa seerluga kanaa beekuu baatanis, akkataa itti fayyadama jechoota ofii nibeeku.

Dabalataanis, caaseeffama jechoota tishoo ilaalchisee kitaabni barataa kutaa 9 jechuma tokko haala garaagaraa barreessee kaa’a. Fakkeenyaf, fuula 33 dubbisa ‘Barnootaafi Misooma’ jedhu keessatti **bar-kumee** jechuun katabame**.** Fuula 49 shaakala fufiilee gilgaala 4 jalatti immoo **barkumee** jechuun barreeffamee jira. Egaa jechuma tokko adeemsa lamaan kaa’uun yoo danda’ameeyyuu, hubannoo barattootaa irratti waliin dhahama uumuu waan maluuf, akkasumas, seera tisheessuus waan waaltessuu danda’uuf haala caaseeffama jecha tishoo irratti tokko osoo filatamee gaarii ta’a.

Kana malees, akkaataa jechoonni bakkaa bakkattii tisheeffaman garaagara. Fakkeenyaaf, sanbata +guddaa = sanbata guddaa (fuula 20) walirraa siqee kan dhiyaate, qajeelcha barsiisaa kutaa 10 (fuula 25) irratti immoo jechuma kana sanbataguddaa jechuun walitti siqsuun deebiin kennamee argama. As keessattis akkaataan tisheessuu /sirni barreeffamaa walfakkaatu dhibuutu mul’ata. Kanaafuu, caasaa jechootaa kanneen keessatti walsimannaa jechootaa sirriifi walfakkaachuun barreeffamuun kan irra jiraatu ta’anii argamaniiru.

**4.2.2.3. Moggaasa**

Moggaasni yaadrimee tokkoof kennamu guutummaatti yaada bakka bu’e sana ibsuu kan danda’udha. Haa ta’u malee, qajeelcha barsiisaa kutaa 10 fuula 37 irratti yaadrimee kitaaba barataa keessatti hindhiyaanneefi gosoota gaalee kitaabilee barumsaa kutaa lamaanuu keessatti hinqoodamnetu dhiyaatee argama.  Innis, **‘gaalee gochimsaa’** kan jedhu. Yaanni yaadrimee Kanaan ibsame kan gosoota gaalee keessaa gaalee gochibsaa isa jedhu agarsiisuuf kan dhiyaatedha.

Haat ta’u malee, hariiroo kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9fi 10 barannoo caaslugaa gosoota gaalee dhiyeessuurratti jiru kan walsimee adeemu hinfakkaatu. Innis, kitaaba barataa kutaa 9 fuula 37- 38 irratti gosoota gaalee, jecha mataa gaalee ta’urratti hundaa’uudhaan bakka afuritti qoodamee dhiyaate. Isaanis: Gaalee maqaa, Gaalee gochimaa, Gaalee durduubeefi Gaalee maqibsaati.

Gama kaaniin, kitaaba barataa kutaa 10 fuula 36 irratti gosoonni gaalee bakka meeqatti akka qoodaman osoo hindhiyaatin qajeelcha barsiisaa fuula 37 irratti immoo gilgaala shaakal

gaaleefi gosoota isaa jedhu kan kitaaba barataarratti dhiyaateef yoo deebii kennu, gaalee gochimsaa jechuun deebii kenna.

Kanaafuu, barannoo caaslugaa gaalee irratti dhiyaate kana keessatti hanqinni gama lamaan akka jiru agarsiisa. Isaanis: gosoonni gaalee kitaaba kutaa 9fi 10 irratti irraa jalaan dhiyyaachuu dhabuudha. Inni biraan immoo osoo gosoonni gaalee bakka afuritti qoodamuun isaanii dhiyaatee jiruu yaadrime duraan caasaa gaalee keessatti hindhiyaannetti gargaaramuun gosa gaalee gochimsaa jedhu qajeelcha barsiisaaa irratti dabalamuu isaati.

Yaada kana ilaalchisee, Girmaa (2012:17), Addunyaa (2010) fi Good (2006) maqaa dha’uun yaada kanatti fufee jiru ibsee jira; adeemsa barsiisuufi barachuu keessatti moggaasni jechootaa beekumsa saayinsawaa kallatti barnootatiin walqabatanii qixa sirriin ta’een dabarsuu qabu. Kunis, barataafi barsiisaan walii galanii kaayyoo kaayyoon barnootichaa galma gahuuf moggaasonni barnooticha keessatti itti fayyadamaman murteessaa ta’uutu hubatama jechuun ibsa. Dabalees, gochibsa, xumibsafi xumuribsa kanneen jedhamanis yaadrimee biroo tokko bakka bu’u. Akkasumas, durduubee/fioomseefi galmoota kan jedhanis yaadrimee gara biroo tokko bakka bu’u.

Kun immoo, guddina afaan tokkoo keessatti dhiibbaa uumuu mala. Kana ilaachisee kitaabni Wiirtuu Jildii 10 (2005: 46) yoo ibsu, “yaadrimee tokkoof bakka bu’aa tokkoo ol dhiyeessuun kun waaltina jechootaatiif gufuudha. Qabanni isaa, hundinuu kan mataa isaa waan fayyadamuuf, haala walfakkaatuun saayinsiifi teknoloojii bal’isuun rakkisaa ta’a” jechuun addeessa. Yaada kitaaba kanaarraa kan hubatamu afaan tokko keessatti jechoota yaadrimee tokko bakka bu’aan garaagaraatti dhimma ba’uun waaltina afaanichaarratti dhiibbaa waan uumuuf afaanicha saayinsiifi teknoloojii waliin akka salphaan walqabsiisurratti rakkoo akka uumuu danda’uudha.

Tokkummaafi garaagarummaa Hennaa Keessa Tarsiiqaafi Hennaa Tarsiiqaa kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa kutaa sagalii fuula 91fi 60 walduraa duubaan dhiyaate waan ifa ta’e hin qabu. Kana malees, Hennaa Tarsiiqaafi Raawwima Darbeennaa kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa kutaa kudhanii fuula 37fi 37 irratti walduraa duubaan dhiyaates yoo ilaalle, burjaajii moggaasa, dhiyaannaa himootaa, ibsaafi fakkeenya gosoota hennaa agarsiisuurratti burjaajii kan uumu akka ta’e sakatta’insaan adda baheera.

Karaa biraatiin, dhiyaannaa hennaafi gosoota isaa ibsuudhaan fakkeenya kennuun ibsuu irratti kitaaba barataafi qajeelcha kutaa 9fi 10 keessatti yaada garaagaraatu argama. Akkuma afaan biroo keessatti argamutti, Afaan Oromoo keessattis gosoota henna gurguddaa sadii argachuu dandeenya. Isaanis: Hennaa ammaa (present tense), Hennaa darbe (past tense) fi Hennaa dhufu (future tene) dha. Ta'us moggaasniifi ibsi fakkeenyaan deeggaramee gosoota hennaa kanneeniif kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa kutaa 9fi 10 irratti dhiyaatee jiru yaadrimee yookaan yaada hennaan tokko qabu akkaataa garaagarummaa guddaa agarsuiisuun kan dhiyaatan fakkaata

Haaluma knaan, kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa kutaa 9fi 10 keessatti *hennaa ammeennaa (simple present tense), hennaa amsiqaa (present continuous tense) fi henna raawwima ammeennaa (present perfect tense)* jechuun hennaa ammaa jalatti kan qoodaman ta'uu isaanii ibsa. Hennaa darbe jalattis, *hennaa darbeennaa (simple past tense)*, *henna tarsiiqaa/keessa tarsiiqaa (past continuous tense) fi raawwima darbeennaa (past perfect tense)* jedhee qoodee argama. Hennaa dhufu ammo jalatti immoo, *hennaa murannaa /keessa murannaa (simple future) fi hennaa murannaalaa (indefinite future tense)* jechuudhaan qoodee gosa hennaa tokko dhiyaannaa caasaa jechaafi himootaa garaagaraan kaa'ee jira.

Kana malees, hennaa tarsiiqaafi raawwima darbeennaa kan jedhu kitaaba barataa kutaa 10 fuula 37 irratti akka waliin deemuu danda'anitti dhiyaatee argama.

Haa ta'u malee, yaadrimee walfakkaataa/ gosa hennaa tokko himoota gosa henna garaagaraa agarsiisan keessatti fakkeenyi yaadrimee sana hinibsine yeroo dhiyaatu yaadrimeen garaagaraa lama iddoo tokkotti waan ibsame fakkaachuu isaatiin burjaajii inni baruufi barsiisuu keessatti gosoota hennaa Afaan Oromoo keessatti argaman hubachuurratti uumu salphaa miti.

Fakkeenyaaf, kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 10 fuula 11 irratti Hennaan Ammeennaa yookaan Ammeennaa jedhamee kan dhiyaate, moggaasa gosa hennaa kanaaf kenname, ibsame himoota gosa hennaa kana agarsiisuuf dhiyaataniifi fakkeenyi kenname yaadrimee garaagaraa kan qabu fakkaata. Isaanis:

*“Ammeennaan gocha amma raawwatamaa jiru, yookiin yeroo mara dhugaa ta’e kan agarsiisu, yookiiin gara fuula duraa raawwatamuuf jedhu mul’isa,”* kan jedhuun erga ibsamee booda, fakkeenya kanatti fufee jiru fudhateera. Innis:

Fakkeenyaaf,

- *Adaamaan Finfinneerraa gara Bahaatti argama.*
- *Qananiisaan nifiiga* kan jedhu kennameera. (fuula 11)

Kanaafuu, ibsa gosa hennaa kanaaf kennameefi fakkeenya dhiyaate walitti fidnee yoo ilaalle, yaadrimee tokko kan qaban miti. Sababni isaas, Ammeennaan gosa heennaa gochaawwan yeroo mara dhuugaa ta’an yookiin wantoota beekamoo ta’an kan ibsu malee gacha amma raawwatamaa jiruufi gara fuula duraatti raawwatamuuf jedhu kan agarsiisu miti. Hennaan gochaawwan amma raawwatamaa jiran agarsiisu henna amsiiqaa, hennaan gocha gara fuula duraatti raawwatamuuf jedhu agarsiisu immoo henna murannaa akka ta’e kitaabichuma fuula 26fi 46 irratti ibsiifi fakkeenyi walduraa duubaan kennamee jiru nimirkaneessa.

Kun immoo, akkuma armaan olitti ibsame waaltina afaanichaafi hubannoo barattooonni caasaa jechaafi hima Afaan Oromoo adda baafachuun hubachuu isaanii irratti waliin dhahama/burjaajii uumuun isaa waan oolu miti.

Kanaafuu, kitaabilee barnootaa kannen keessatti moggaasniifi walsimannaan caasaa jechaafi hima Afaan Oromoo jiru gara tokkotti akka dhufuuf mil’uun taasifamuun furmaata rakkichaati. Akkasumas, kun hojii ogummaa, sirnaafi tooftaa mataa isaa barbaadu waan ta’eef, kan qooda fudhannaa koree waaltina afaanichaa eeggtudha. Yaada kana Girmaan (2012:25) irratti Felber (1984) wabeeffachuun yoo ibsu, ximmoggaa keessatti miseensa koree kaassaa yoo xiqqaate namni tokko kan hojiirra oolmaa qajeelfamootaafi tooftaalee ximmoggaa irratti leenji’e jiraachuu qaba jedha.

Kanaafuu, barnoota sadarkaa lammaffaa kana keessatti kun sirridha ykn kun sirrii miti jechuun bifa salphaan murtee kennuun rakkisaa ta’uu mala; caalmaattiyyuu burjaajii gama caasaa jechaafi hima Afaan Oromootiin jiru balbal’isuu danda’a. Yaada kanaan walqabatu, kitaaba barataa kutaa 12 fuula 167 irratti hayyuu Jonasson (1996:23) wabeeffachuun kan ibsame, “Waaltessuun hojii salphaa miti. Hundumtuu gara kan ofii ofii isaatti harkifachuu danda’a. Sun ammoo garaagarummaa bal’isa malee tokkummaa hin fidu. Guddina afaanii

keessatti hawwaasni ta’e jedhee(beekaa) tarkaanfii rakkoo akkasii irratti yoo fudhate akka sirraa’u” ibsa.

Kanaafuu, kallattii kamiiniyyuu ta’u moggaasni kunneen gara tokkotti akka dhufuuf hojii cimaan koree waltina afaanichaa akka eegatu akeekuun darbuun gaarii ta’a. Bu’uuruma kanaan Girmaan (2012:24) Brown (2006) and ISO /37 (1996) wabeeffachuun akka ibsutti koreen waaltina miseensa gosa barnootaa garaagaraa baratanirraa kan walitti qabaman, akkasumas ogeeyyiin ximmoggaa dhaabbilee qorannoorraa, qaama mootummaafi kallatti fayyadamtoota ximmogaarraa walitti dhufuun hojjachuu akka qaban ibsa.

Gama biroon immoo qopheessitoonni kitaaba baraataafi qajaeelcha barsiisaa akkaadaamii tokko qabaachuun walduukaa hiriiranii hoo hojjetan rakkoowan kanneeniif furmaata bu’uuraa ta’uu mala. Kanuma ilaalchisee Wiirtuu Jildii 10 (2005:47) irratti “qabanni moggaasaafi fayyadamarratti dhaaba dhabuu jechootaa, wiirtuun humna qabu tokko dhibuu, fayyadamtoonni hojii duraan hojjatame tokko mil’achuu dhibuu, walitti dhufeenyi ogeessota afaanii laafaa ta’uufi wkf. kaasuun lafa kaa’a.

Walumaagalatti, yaada kana irra kan hubatamu qopheessitoota kitaabilee barumsaa, ogeeyyiiykn qareeyyiin afaaniifi dhimmamtoonni guddina afaanichaa walitti dhufuun marii taasisuun rakkoowwa gama dhiyaannaa caasaa jechaafi hima Afaan Oromoofi waaltina jechoota afaanichaa irratti mul’atan maqsuu ykn gara yaada fooyya’aa ta’e tokkootti fiduun dhimmi muteessaadha.

### 4.2.3. Qaaccessa Dhamjechaafi Gosoota Isaa

Maalummaa dhamjechaa kitaaba barataa barnoota Afaan oromoo kutaa 9 fuula 48 irratti fufii ykn qaama jechaa qofaa isaatti kiika guutuu hinqabne akka ta’eefi hiika argachuuf, jecha biraa kan of danda’ee dhaabbatutti maxxanuu kan qabdu akka taate yaadannoo barataaf dhiyaata jalatti ibsamee jira. Ittuma fufuudhaan hirkattuu jechuunii dandeenya jedha erga jedhee booda fufii duraa, fufii gidduufi fufii boodaa jechuun bakka saditti qooda. As keessati dhamjechiifi fufiin akka tokko ta’anitti ibsamee jira.

Haa ta’u malee, kitaabuma kana fuula 49 irratti fakkeenyi fudhatame dhamjecha osoo hintaane fufii kan agarsiisudha. Kana malees, kitaaba barataa kutaa 10 fuula 29 irratti immoo

latoo/dhamjecha jechuudhaan kan dhiyaate gilgaala kenname keessatti fakkeenyaan erga ibsee booda waa’ee dhamjechaa achumatti dhiisuun latii jedhee ibsee jira.

Dhiyaannaa dhamjechaafi gosoota isaa ilaalchisee haalli kitaabilee barumsaa kanneen keessatti dhiyaate moggaasaafi hiika walfakkaataa kan qabu miti. Iddoo tokkotti dhamjecha jedhee ibseera; idoo biraatti immoo fufii, akkasumas latii/dhamjecha kan jedhutu jira. Dhiyaannnaan kun, gama tokkoon hiikni dhamjechaa maal akka ta’e adda baasee kan hinibsine waan ta’eef dhaaba dhabuu isaa agarsiisa. Gama biraattiin immoo, dhamjecha jechuun qaama jechaa, fufii, hirkattuu, latoo jechuun yoo ibsu dhamjechatu maqaa adda addaatiin beekamaafi gosoonni dhamjechaa hedduun akka jiran ibsuu isaa adda baasee kan agarsiisu hinjiru. Kun immoo, baruufi barsiisuu keessatti keesumattuu, barannoo caaslugaa kitaabilee barumsaa kanneenii irratti caasaa jechootaa/ dhamjechootaa, gosootaafi tajaajila isaan qabaniin adda baasuudhaan ibsuu irratti rakkoo kan uumu akka ta’e ifaadha.

Yaada kana Addunyaan (2011:13) yoo ibsu, hundee jechaa hirkatoofi dhamjechoota hirkatoo jechuudhaan, “Hundeewwan jechootaa martinuu hirkatoodha. Kanaafuu, Afaan Oromoo keessatti hundeen jechootaa baayyeen isaanii dhamjecha hirkatoo jalatti ramadamu. Dhamjechoonni hundee jechaatti hirkachuun hundee jechaa hundee dhamjecha walabaa fakkeessaan dhamjechoota tajaajila aantimummaa mul’isan ta’u” jedha.

Kana malees, fufiin gosa dhamjecha hirkataa ta’ee qaama jechaatti karaa duraafi karaa duubaa fufamuun hiika kan jijjiiru ykn tajaajila caaslugaa adda addaatiif kan ooludha. Afaan Oromoo keessattis fufiilee kanneen bu’uura garaagaraatiin bakka garaagaraatti qooduu dandeenya. Bu’uuraalee kanneen keessaa inni tokko bu’uura tajaajilaa yoo ta’u, inni biraan immoo qabiyyee isaaniiti. Kana malees, fufiileen bu’uura bakka argamaatiin qoqqoodamuu danda’a.

Haaluma kanaan, fufiileen kitaabilee barumsaa kutaa 9fi 10 irratti dhiyaatan qooddii fufiilee bu’uura bakka argama isaaniirrattti xiyyeeffatudha. Yaadannoofi fakkeenyi adda addaa fuula 48-49fi fuula 24-26tti walduraa duubaan dhiyaates kanuma mirkaneessa. Ta’us, yaadannoo kitaaba barataa kutaa sagalii fuula 48-49 irratti, ‘Fufiilee (maxxantuu) fi akaakuu isaanii’ judhu jalatti, “Fufii jechuun dhamjecha ykn qaama jechaa taatee, kan qofaatti hiika guutuu hinqabne akka ta’e ibsamee jira.

Kanaafuu, fufiin hiika argachuuf, jecha biraa kan mataa ofii danda’ee dhaabbatutti maxxanuu qabdi. Gama biraatiin hirkattuu jechuunii dandeenya,” jechuun kan dhiyaateefi fakkeenya fuula 49 irratti kenname keessaa kan **barkumee** jedhu yoo ilaalle, dhugumatti fufii **bar-** jettutu jecha **kuma** jedhutti maxxanee argama osoo hintaane jechooni hiika garaagaraa qaban lama **bara**fi **kuma** jedhaman jecha tishoo barkumee jedhu ijaaruu akka danda’anidha. Kana malees, yaadannoofi fakkeenya kitaaba barataa kutaa kudhanii fuula 24-25tti dhiyaate keessattis fufiin ‘latii’jedhamuu kan dandeessu ta’uu isheefi fufiin duree ni- jettu jecha biraa kan kiika mataa ofii qabutti osoo hinmaxxanin argamuu akka dandeessutti dhiyatee jira.

Addunyaa (2011: 96) gosoota fufii ilaalchisuun, “Fufiin tokko fufii durgaa ykn duubgaa jennee dubbachuuf, qaama jechaa addaan baasnee beekuun barbaachisaadha,” jedha. Fufiin duraa akkuma maqaasaarraa hubachuun danda’amu, jechatti ykn qaama jechaatti karaa duraa fufamuun kan galudha. Afaan Oromoo keessatti akaakuun fufiilee kanaa, hiika jechaa jijjiiruu keessatti qooda fudhatu. Fufiin duraa Afaan Oromoo keessatti baay’inni isaanii muraasa ta’an illee akkaataa jechoota fufiilee maxxanfachuuf qophaa’oo ta’aniitti sirnaan itti gargaaramuun unkaafi hiika jechootaa adda baasuurratti kan nugargaarudha.

Gama biraatiin, fufiin duubaa, duuba hundee jechaatiin galuun tajaajila seerlugaatiifis ta’e tajaajila hiikaa jijjiiruuf oola. Afaan Oromoo keessatti gosti fufii kanaa warreen uumamteefi hortee agarsiisaniidha. Qaama dubbii keessatti fufiileen kun garee jechootaa maqaatti, maqibsattiifi gochimatti maxxanuudhaan, gara garee jechootaa biraatti jijjiiru.

Yaada kanarraas kan hubatamu, fufiileen Afaan Oromoo bu’uurumaan dhamjecha of danda’aa keessatti kan hin argamne, hundee jechoota of danda’oo filachuudhaan duraafi duuba jechootaatti fufamuudhaan tajaajila seerlugaa garaagaraatiif kan oolaniifi garee jechootaa kan jijjiiran akka ta’edha.

Haaluma kannaan, kitaaba barataa kutaa 9 fuula 48fi 49 irratti fufiilee(maxxantuu)fi akaakuu isaanii kan jedhu jalatti, fufii jechuun dhamjecha yka qaama jechaa taatee, kan qofaatti hiika guutuu hin qabne akka ta’e ibsameera. Gara fuula 49tti ce’uudhaan immoo Afaan Oromoo keessatti hirkattuu gosa lamatu jira jedha. Gilgaala 4 Shaakala Fufiilee kan jedhu keessatti immoo jechoota fifiileefi hundeerraa ijaaraman jedhamanii dhiyaatan keessaa **garlamee** kan jedhu yoo ilaalle, gara kan jedhu dhamjecha hirkataa dhamjecha of danda’aa lama jedhurratti fufame osoo hinta’in garee jechootaa keessaa durduubee keessatti kan ramadamudha. Yaada

kana dhugoomsu, Waaqumaan (2013:144) irratti “jechi **gara** jedhu durduubedha. Durduubeen immoo, akka garee jechoota Afaan Oromoo biroo maxxanfachuun hin hortu, maxxantoota biroos dabalattee garee jechaas hin geeddartu” jechuun addeessa.

Kallatti biroonis, yoo ilaalle **gara Manabarumsa, gara Finfinnee** jennee yoo barreessinu, dhamjechi **gara** jedhu jechaa **Manabarumsaa** jedhuufi **Finfinnee** jedhu irratti fufamee kan argamu miti. Kanarraa kaanee fufii duraa osoo hinta’in ofuma isaafuu mataa gaalee ta’ee akka jiru hubachuu dandeenya. Kanaafuu, rakkooleen kitaabicha keessatti mul’atan, hundeen jechaa Afaan Oromoo garee jechaa durduubee fufachuu akka danda’utti ykn dhamjecha hirkataa/ maxxantuu duraa jechuun ibsuu isaati. Dabalataanis, afaanicha keessatti dhamjechoonni unka tokkoon mul’atanii tajaajila garaagaraa qaban, akkasumas, dhamjechoonni unka garaagaraan mul’atanii tajaajila tokko qaban akka jiraniifi kun immoo, amala dhamjecha Afaan Oromoo ta’e hintuqamin bira darbamuu isaati. Bu’uuruma kanaan, Adunyaa (2011: 9-10) hundeen jechoota Afaan Oromoo hedduun isaanii gosa dhamjecha hirkatoo ta’uufi fufiileen Afaan Oromoo bakka torbatti hiramuu isaa ibsa.

Haaluma kanaan, jechoonni armaan olitti dhamjecha **gara** jettu waliin hiriiiran lamaanuu maxxantuu duree fufachuu kan hindandeenyedha. Waan kana ta’eefis, fufiilee dureen yoo itti maxxanaan hiika dhabsiisu. Kanaafuu, jechoota maxxantuu duraa fudhataniifi fudhachuu hindandeenye adda baasuun caasaa jechaa dhiyeessuu irratti kitaba barataa kana keessatti hanqinni mul’achuu isaatu hubatama.

Kana malees, kitaaba barataa kutaa 9 boqonnaa shan barannoo lama gilgaala 4 jalatti jechoota **garlamee, summaa’aa, gaddeemtuufi walqixxummaa** jedhaman kanneen hundee jechaafi fufiilee dureefi duubeetti qoodi jechuun kenname (fuula, 49). Qajeelchi barsiisaa jechoota kanneen hundee, fufiilee dureefi fufiilee duubeetti haala armaan gadiin yoo qoodu argina.

| 1. **garlamee** | 2. **summaa’aa** | 3. **gaddeemtuu** | 4.**walqixxummaa** |
|---|---|---|---|
| gar- | sum | gad- | wal- |
| lam | -aa’aa | deem | -qix |
| -ee | | -tuu | -ummaa |

**<u>Hub</u>** Qaamonni jechootaa sarara xiqqaa (-) malee barreeffaman hundee yoo ta'an, kan sarara xiqqaa dura dhufan ammoo maxxantoota dureeti; isaan sarara xiqqaa booda dhufan ammoo maxxantoota duubeedha (fuula, 36-37).

Egaa jechoota kanneen yoo ilaallu, akkaataan isaan hundee, fufiilee dureefi fufiilee duubeetti qoodaman seeraa qooddii caasaa dhamjechaa irraa kan maqan fakkaatu. Jecha lakkoofsa 1 irra jiru yoo ilaallu, jechoonni **gara**fi **lama** adeemsa tisheessuun walittu dhufuun jecha **garlamee** jedhu ta'uu isaa hubachuu dandeenya. Jechi kun jechoota lamarraa uumamus hundeen isaafi fufiileen hundicharra jiran haala armaan olitti qoodame kanaan qooduun waan adeemsisu miti.

Kunis, **gar-** kan jedhu fufii duree osoo hin taane garee jechaa durduubedha. **Lam-** kan jedhu immoo hundee jecha lakkoofsa lama jedhuu ta'a malee hundee jecha garlamee ta'uu hindanda'u. Dhamjechi {-ee} garuu akkuma qoodamtee argamtutti fufii duubee taati. Yaada kana kan mirkaneessu Geetachoon, (2009: 63) jechoota **gara+dhabeessa** walitti fiduun **gardhabeessa** akka uumaan agarsiisuun jechoonni kunniin garee jechaan durduubeefi ibsa maqaa ta'uu isaanii addeessa.

Jecha lakkoofsa 2 irraa yoo fudhannee ilaallu immoo, hundee isaa baasuun dura adeemsa hormaataatiin jechicha erga horsiisnee booda hundeefi fufiileetti qoodutu gaarii ta'a. kanas, Addunyaan (2011:35-36) irratti yoo ibsu, "tooftaan ittiin qaama hundee jechaa ittiin addaan baafachuun danda'amus, bakka itti dhamjechoonni jecha kennamerraa adda ta'an, bakka unki yaadrimee sana baatu walfakkaatuufi adeemsi dhamsagaa geggeeffame yoo jiraate mirkaneeffachuun ta'a" jedha. Yaada kanarra kaanee jecha kenname kana akka armaan gadiitti horsiisuun hundeefi fufiilee isaa baasuu dandeenya

| | | |
|---|---|---|
| **Summaa'aa** | summeesse | summaa'e |
| **Summii** | summaa'uu | summeessite |

Jechoota armaan olitti horsiisne kana keessaa jecha bu'uuraa kan ta'u maqaa **summii** jedhuu yemmuu ta'u, kanneen hafan dhamjechoota yaasaa maxxanfachuun jechoota uumamanidha. Jechoota kanneen keessatti bakka hundatti qaamni irra deddeebiin mul'atu **summ-** kan jedhudha. Kunis, hundee jechichaa ta'u isaa kan mul'isudha. Kanaafuu, hundeen jecha summaa'aa jedhuus **sum**- kan jedhu osoo hin taane, **summ-** kan jedhu ta'a jechuudha. Dhamsagni (aa) ammoo, tajaajila seerlugaatiif galte malee fufii miti. Akkasumas, tajaajila

sagalee (‘) ykn hudhaan kennu afaanicha keessatti sagalee dubbachiisaa gosa garaagaraa lamaafi dubbachiisaa gosa tokkoo lamaa ol yemmuu walitti aananii galan kan addaan baasuuf garagaarudha. Kanarraa kan ka’e, fufiin duubee jecha kennamee {**-aa**} yoo taatu maqaa summii jedhu gara ibsamaqaatti jijjirruu isheetu hubatama. Kana ilaalchisee, Waaqumaan (2013:112) hudhaan sagaloota dubbii Afaan Oromoo keessaa dubbifamaa qoonqotti uumamu /h/ kan bakka bu’uu danda’uufi mallattoo (‘) kanaan mul’atuu ta’uu ibsaa, sagaleelee dubbachiisaa gosa tokkoo lamaa ol ta’anii dhufaniifi dubbachiisaa gosa adda addaa lama walitti aananii dhufan gidduu akka galu ibsa.  Kanaafuu, qajeelchi barsiisaa kutaa saglaffaa haala jecha kana hundeefi fufiileetti adda qoode kan caasaa qooddii sirrii eege raawwatame ta’uu dhabuutu hubatama.

Jechi lakkoofsa 3 irratti mul’atu jecha adeemsa tisheessuun jechoota of danda’oo lamarraa uumameedha. Kunis, jechoota **gadi** + **deemuu** jedhaman irraati. Jechoonni kunneen lamaan walitti dhufuun jecha hiika nama tuffatamaa /nama gatii hinqabnee qabu kennani. Kanaafuu, jechi kun akka jecha tokkootti taa’uun dhamjechoota yaasaafi hortee fudhachuu danda’u fudhata malee, fufii duree **gad-,** hundee **deem-** fi fufii duubee {**-tuu**} jedhamee qoodamuu hindanda’u. Seera caaseffama jechootaatiin yoo ilaallu, jechi kun jecha adeemsa tisheessuun uumame; kan hundeefi fufii duubee ofirraa qabu malee fufii duree kan hinmaxxanfannee ta’uu isaatu mul’ata.

Kanaaf, hundeen jecha kanaa **gaddeem-** yoo ta’u fufiin duubeen immoo {-tuu} taati. Yaada kanaan hariiroo kan qabu Addunyaan (2011:52) irratti “tisheessuu keessatti unkiifi hiikni jechoonni walitti dhufan argatan tokko. Kana jechuun, jechoonni walitti dhufan sunneen akka jecha tokkootti dhaabbachuun hiika duraan dhuunfatti qabanirraa adda ta’e argatu. Adeemsa yaasaafi hormaataa keessatti akka jecha tokkootti dhaabbachuun fufiilee yaasaafi hortee fudhata” jedha.

Jechi lakkoofsa 4 irraa, **walqixxummaa** kan jedhu qajeelcha barsiisaa keessatti fufii duree **wal-**fi hundee jechaa **qix**- jedhamutti qoodamuu isaat agarra. Haata’u malee, jechi kun fufii dureefi hundee jechaarraa qofa kan ijaarame osoo hintaane, fufii duubees ofirraa qaba. Akkasumas, hundeen jechichaa **qix-** kan jedhu hinfakkaatu. Kanaaf, jechichi fufii duree {**wal-},** hundee jechaa **qixx-**fi fufii duubee {**-ummaa**} jedhaman irraa ijaarame.

Rakkoon biro kitaaaba barataafi qajeelchi barsiisaa keessatti mul'atu akkataa fufiileen duraa jechoota itti fufaman waliin caaseffaman garaagarummaa qabaachuufi seera tokko dhabuu isaaniiti. Kunis, fufiilee duree kanneen jennu **hin-**, **ni-, haa-, wal-, al-, fi** wkf yoo ta'an, haalli isaan kitaabilee kanneen keessatti jechoota waliin itti caaseffaman bu'uura dhaabbataa ta'e kan hinqabnedha. Kitaaba barataa kutaa 9 keessatti fufiilee kanneen si'a tokko tokko jecha hundee ta'e waliin walitti butuudhaan yoo barreeffamantu mul'ata. Fakkeenyaaf, **hin**taane, **ni**caala, **ni**guddata, **ni**mammakama, **hin**ga'in, **wal**qabatan, **wal**waraanaan (fuula, 5, 11, 12, 163). Yeroo tokko tokko immoo, jecha hundee ta'een walirraa butuun yemmuu barreeffamantu mul'ata. Kunis, **hin** xumure, **ni** hoo'a, **ni** mudata, **haa** ta'uu, **ni** jira (fuula, 5, 16, 17112, 163) jechuun yoo dhiyeessu, altokko tokko immoo sarara xiqqaa gidduu jechaafi fufiilee galchuudhaan haala kanaan, **wal-**qixxummaa, **wal**-gahe, **al**-lama (fuula, 33 48) barreeffamanii argamu.

Qajeelcha barsiisaa keessattis, walitti butuufi walirraa butuun akkasumas, sarara xiqqaa gidduu galchuun barreeffamuu isaaniitu mul'ata. Kunis, hin ta'u, nidhalata niguddata, wal-qixa, walqunnamtii, walqixa (fuula, ix, 2, 3, 14). Kitaaba seerluga Afaan Oromoo Furtuu keessattillee haaluma kanaan walkeessa makuun barreeffamanii argamu. Fakkeenya, walbira, hindanda'u, ni danda'u, hin cinqamu, wal-qabsiistudhaaf (fuula, 36, 37, 58,110, 145). Bantuu Haaraa keessatti immoo, ni dandeenya, walfaana, ni du'a, hin ta'u, wal kabajanii (151, 153, 158) jechuun kaa'amanii jiru. Egaa kitaabilee barumsaafi wabii garaagaraa keessatti akkaatuma fedheen jechatti butuun, jecharraa butuun of dandeessisanii ykn immoo sarara xiqqaa gidduu isaanii galchuun yemmuu barreeffaman caasaa walfakkaataa ta'een dhiyaachuu dhabuu isaaniitiin waliin dhahama guddaa fayyadamtoota irratti uuma. Kun immoo haalli caaseffama jechootaa dhaaba dhabuufi akkaataan hundeefi bu'uurri jechaa fufiileen walitti dhufee caaseffamu gadhiisii ta'uu isaa irraa amadda. Kana ta'uun isaa immoo, seerluga caasaa afaanichaa kan mirkaneessuu osoo hintaane kan diigudha.

Kana ilaalchisee, Wiirtuu Jildii 10 (2005:43) irratti "rakkoo Afaan Oromoo keessatti mul'atan keessaa qaamni barreessitoota, sadarkaalee garaagaraa, qopheessitoota sirna barnootaa, hojjattoota biroolee kanneen afaanichaan ykn afaanicharratti hojjatan walitti qabuun mari'achiisee afaan waalta'e tokkoon akka hojjatan taasisu dhibuudha. Kanarraa kan ka'e, dhaaba dhabuu dhamjechootaafi jechoota afaanichaa agarra. Dhamjechoonni hin-, ni-,

fi, -dha, isaa, -tiifi wwk. Namoota kaan biratti jechatti maxxananii, kaan biratti immoo irraa butamanii barreeffamaa jiru. Dhaaba dhabuu dhamjechoota kanaatiif qabanni inni guddaan ogummaa xiinqooqaa dhabuufi afaan biraatiin yaaduun Afaan Oromootiin hojjachuuf carraaqudha" jechuun kaa'a.

Bu'uuruma kanaan, yaanni qoratichaan kennamu, akkuma maqaa isaanii irraa hubannutti dhamjecha/fufii/maxxantuu/hirkattuu jechuudhaan moggaasa garaagaraa kennameefi of danda'anii dhaabbachuu kan hindandeenye, qaama biroo irratti hirkachuu kan barbaadan ta'uu isaanii irraa kan ka'e dhaaba dhaban kan jedhudha. Kanuma irraa ka'uunis, sarara xiqqaa fayyadamuunis ta'ee, akka jecha of danda'aatti qofaa dhaabuun barreessuurra, dhamjecha hirkatoo ta'an yeroo itti caasessinu bu'uura jechaatti maxxansuun barreessuun, irra caalaatti caasaa afaanichaa faana kan deemu akka ta'edha.

Kanas, Addunyaan, (2011:17) irratti "fufiilee dureen Afaan Oromoo fufiilee duubeen yoo walbira qabaman lakkoofsaan muraasa. Tajaajila isaanii kanaanis, garee jechaa osoo hintaane hiika jijjiranii jiru.  Qabxiin guddaan mataduree kana jalatti bira hintaramne dhamjechoonni kunneen amma fufii (maxxantuu) ta'anitti of danda'anii dhaabachuu hindanda'ani" jechuun xiyyeeffannoon ibsa.

Walumaagalatti, kitaabilee barumsaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9fi 10 keessatti akkaataa caasaaan jechaa fuula kitaabilee kanneenii adda addaa irratti itti caaseffamee dhiyaate hanqina qabaachuun isaa qaaccessa armaan olitti taasifamerraa hubachuun danda'ameera. Akkasumas, akkaataa jechoonni hundee jechaafi fufiileetti caaseffamaniifi caaseffamuu qaban irratti garaagarummaan bal'aa ta'e kan jiru ta'uu isaatu mul'atee jira.

#### 4.2.4. Qaaccessa Garee Jechoota Afaan Oromoo

Jechoonni amala dhuunfaa isaanii waan qabaniifi dhimmoota hawwaasarraa waan maddaniif afaan tokko keessatti dhuunfaa dhuunfaan xinxaluun rakkisaadha. Kanaafuu, hayyonni xiinqooqaa si'anaa jechoota afaan tokkoo gareetti qooduun qo'achuun barbaachisaa ta'uu ibsu. Kana malees, jechoota Afaan Oromoo lakkoofsaan hedduu, amala isaaniitiinis ammuma garaagara ta'an kophaa kophaatti xiinxaluun dadhabsiisaa waan ta'eef, gareetti qooduun barbaachisaa akka ta'e ibsu (Mitikkuufi Tashoomaa, 1992).

Yaaduma kana kan ibsu, “Afaan Oromoo garee gurguddaa afur jalatti qooduu dandeenya: maqaa, maqibsa, durduubeefi gochima.” Kana malees, akaakuun gaalee Afaan Oromoo akaakuu garee jechoota afaanichaa akka bu’uureffatuufi gaaleen Afaan Oromoo bakka afuritti akka qoodamu ibsa (Addunyaa, 2018:83-84)

Haaluma kanaan, Afaan Oromoo keessatti gosoonni gaalees gaalee maqaa, gaalee maqibsaa, gaalee durduubeefi gaalee gochimaa jedhamuun walhordofanii bakka afuriitti qoodamuu akka danda’antu eegama. Kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa kutaa sagalii irrattis gosootaafi caasaa gaalee kanneen arfantu dhiyaatee argama (Fuula 37fi 38)

Kitaaba barataa kutaa 10 fuula 36 irrattis bu’uuruma kutaa 9 irratti dhiyaateen gosoonniifi caasaan agaalee bakka afuritti akka qoodamanitti dhiyaata jedhamee kan eegamu ta’ullee, gilgaala kitaaba barataa irratti dhiyaateefi deebiin qajeelcha barsiisaatiin kenname gosoonni gaalee afur qofa osoo hintaane, shan ta’uu akka danda’an kan agarsiisudha. Kunis, kitaaba barataa kutaa sagalii fuula 37fi 38 irratti gosoonni gaalee Afaan Oromoo bakka afuriitti qoodamuu isaanii ibsuudhaan tokko tokkoon fakkeenya isaanii waliin kan dhiyaateefi gama kaaniin immoo, kitaaba barataa kutaa kudhanii boqonnaa 3 barannoo 2 jalatti gilgaala 4 kan shaakala gaaleefi gosoota isaa jedhu fuula 36 irratti argamuuf qajeelchi barsiisaa fuula 37 irratti yeroo deebii kennu, gosa gaalee gochimsaa kan jedhu dabaluudhaan gaaffilee gilgaalichaa lakk. 4$^{ffaa}$fi 5$^{ffaa}$tiif deebii kennerraa kan hubatamudha.

Kana jechuunis, tokkoon gareen jechootaafi gaalee Afaan Oromoo kan walhinhordofne kan fakkeessuufi gama biraatiin immoo kitaabileen barumsaa kutaa sagaliifi kudhanii hariiroo sirrii akka hinqabne agarsiisuu kan danda’udha. Kanaafuu, gosoonniifi caasaan gaalee Afaan Oromoo garee jechoota afaanicha keessatti argaman kan hordofan ta’uu isaaniirraa kan ka’e gosoonni gaalee bakka shanitti qoodamuu akka danda’an kan agarsiisu ta’ee argama.

Gama kaaniin, hammuma jechoonni afaanichaa gadi fageenyaan qaacceffamaa deeman hammi qooddii garee jechootaa isaas jijjiiramaa deema. Kanaaf, qooddiii garee jechoota Afaan Oromoo hammana jedhanii kaa’uun rakkisaa ta’us, kitaabileen barumsaa kunneen akkaataa hariiroo sirrii yoo waliin qabaatan gaarii ta’a. Yaada kana akka Mulgeetaan (2012:28) gubbaatti toora intarneettii http://www.ucl.ac.uk/internet grammar/ word wabeeffachuun kaa’utti, ulaagaa jechoota gareetti qooduu keessatti, hiika jechootaa, uunkaafi bakki isaan hima keessatti qaban bu’uura godhachuun qooduun akka danda’amutti kaa’a.

yaada kanarraas kan hubatamu ulaagaa tajaajilaa qofti jecha tokko garee of danda’aatti ramaduuf gahaa akka hintaanedha. Kanaaf, gareen jechoota Afaan Oromoo afur jechuun nidanda’ama.

Kanaafuu, dhiyaannaa caasaa gaaleefi garee jechootaa garaagarummaa akkasii agrsiisaniin kitaabilee barumsaa kanneen keessatti mul’achuun, garee jechootaafi caasaan gaalee afaanichaa hariiroo sirrii qabaachuu isaaniirratti shakkii kan uumu fakkaata. Sababiin isaas, kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa kutaa sagalii keessatti green jechoota Afaan Oromoo hanganatti qoodamu jedhee ibsi kallattiidhaan kenname jiraachuu baatus, boqonnaawwaniifi barannoo caaslugaa garaagaraa keessatti gareen jechoota afaanichaa dhiyaateera. Kunis, maqaa, maqibsa, durduubeefi gochima ta’uu isaaniiti.

Haa ta’u malee, itaaba barataa kutaa 10 fuula 36 irratti gilgaalli dhiyaate g, gaalee maqaa, gaalee maqibsaa, gaalee durduubeefi gaalee gochimaatti qooduurra darbee gosti gaalee gochimsaa dabalamee jira. Kana jechuun, garee jechootaafi gaaleen Afaan Oromoo walhordofanii deemuu isaaniirratti burjaajii kan uuman ta’uu isaaniitu mul’ata.

Kana malees, ibsi kitaabilee kanneen keessatti maqibsaaf kenname akkaaataa gareen jecha kanaa Afaan Oromoo keessatti tajaajila kennuufi qubatee argamuu danda’uun miti. Maqibsiin Afaan Oromoo keessatti garee jechaa maqaa ykn bamaqaa booda galuudhaan isaan ibsu ykn waa’ee isaanii irratti odeeffannoo dabalu ta’uun isaa dhugaadha. Dabalataanis, garee jechootaa kanneen akka maqibsuma mataa isaa kan biroo boodaafi yeroo tokko tokkos immoo gochibsa booda galuudhaan tajaajila kennuu danda’a.

**Fakkeenya 4b**

1. Mucaa **sodaataa**
2. Baay’ee **bareedaa**
3. Jabbii **adii weecaa** dhalte.

Fakkeenya 4b asiin oliitti dhiyaate tokko tokkon fudhannee yoo ilaalle, gaalee lakkoofsa 1 irratti argamu keessatti jechi **sodaataa** jedhu maqibsii yoo ta’u, innis maqaa mucaa jedhu booda galuudhaan maalummaa mucichaa ibsa. Gaalee lakkofsa 2 keessatti immoo, maqibsiin **bareedaa** jedhu gochibsa baay’ee jedhu booda galuudhaan yemmuu hammi bareedinaa gochibsaan addeeffamu agarsiisa. Gaalee lakkoofsa 3 keessatti maqibsoonni lama waliin galuun maqaa Jabbii jedhu addeessaniiru. Akkasumas, maqibsiin maqibsii booda gale

**weecaa** kan jedhu maqaa jabbii jrdhu kallatumaan ibsuuf kan gale osoo hintaane maqibsii **adii** jedhu hamma addeenya isaa caalaatti addeesse.

Caasaa kana sirriitti ifoomsuuf, Afaan Oromoo keessatti dubbii dubbatamu keessattis ta'ee, caasaa barreeffamaan dhiyaatu keessatti, 'Jabbii **weecaa** dhalte,' jechuun dubbachuufi caasessuurra akkaataa fakkeenyicha irratti caasseffameen dubbachuufi barreessuutu filatamaadha. Sababni isaa maqibsi **weecaa** jedhu maqibsii adii waliin yoo gale malee maqaa jabbii jedhu daran ibsuu hindanda'u. kana malees, Jabbii Weecaa dhalte jechuun jabbii qulqulluu dhalte jechuutti kan hiikamuu danda'u waan ta'eef, caasaa sirrii fakkaachuu danda'a ta'a malee caasaafi ergaan isaa isa duraanii ta'uu hindanda'u; ifas miti. Yaada kanaan kan walfakkaatu, Addunyaa (2010:138) irratti yoo ibsu, "gochibsoonni akkaakuu wanta ibsan sanaa bu'uureffachuun garaagara ta'u. Kunis, gochibsi gochimaa akkaataa, gochibsa maqibsii ibsuufi gochibsi wanti tokko maaliin akka rawwatameefi wkf" jiraachuu akka dnada'u addeessa.

Yaada kanarra kan hubatamu, maqibsiin maqaafi bamaqaa booda galuun isaanirratti odeeffannoo kan dabalu qofa osoo hintaane, gochibsa booda galuun akka isaan ibsamudha. Dabalataanis, caaseffama himaa keessatti maqibsiin maqaa ykn bamaqaa qofa booda galuun kan isaan qofa addeessitu miti. Bakki qubata isaaniis, akkaataa tajaajila kennaniin malee maqaafi bamaqaa booda jennee murteessuun rakkisaa ta'uutu hubatama. Akkasumas, hiikni akka Afaan Oroomootti maqibsaaf kennamuu qabu, maqibsiin garee jechaa Afaan Oromoo keessaa tokko ta'ee, garee jechootaa maqaa, bamaqaafi maqibsii mataasaa booda galuun odeeffannoo biroo isaan irratti dabaluufi yeroo tokko tokko gochibsa booda galuun gochibsaan kan addeeffamu jedhamee ibsamuu akka danda'u qaaccessa fakkeenya himoota armaan olitti fudhatameefi yaada hayyoota kanneeniirraa hubachuun nidanda'ama.

Haa ta'u malee, ibsiifi fakkeenyi adda addaa maqibsaafi gosoota isaa ilaalchisee kitaaba barataa kutaa 9 fuula 71-72 fi kan kutaa 10 fuula 83-84tti dhiyaatee jiru maqibsiin maqaa ykn bamaqaa booda galuun qofa argamee waa'ee maqaa ykn bamaqaa qofa odeeffannoo dabalataa kennee kan danda'u akka ta'etti. Bakki qubta isaas akkaataa tajaajila adda addaa kennuun kan jijjiiramuu danda'u ta'uun isaa kitaabilee barumsaa kanneen keessatti iddoo tokkottuu hindhiyaanne.

Kanaafuu, gareen jehaa maqibsii akkuma gosa hudduu qabuun maqaafi bamaqaa booda galuudhaan odeeffannoo dabalataa kennu, iddoo qubatee argamuunis, kan akka sadarkaa gochibsaafi ibsa maqaa matumasaa ibsuuf kan galuun tajaajila kennuu danda’u ta’uusaatu hubatama.

Gama biraatiin, kitaaba baratաa kutaa 9fi 10 keessatti durduubee ilaalchisee ibsi ykn yaadannoon dhiyaate, durduubee/firoomseen maqaa ykn bamaqaa dura yookin booda irratti galuun tajaajila gochibsaa kan akka **iddoo, yeroo, sababaa**fi haala ibsuu danda’a kan jedhudha. Haa ta’u malee, garee jechaa durduubee/ firoomsee ilaalchisee kitaaba barataa kutaa 9 fuula 102 gilgaala 6 kan Shaakala firoomsee jedhu jalatti firoomsitoota sagal dhiyeessuudhaan keeyyata kenname keessatti akka fayyadaman agarsiisa. Firoomsitoota kanneen keessaa jechi **iddoo** jedhu isa tokkodha (fuula, 102). Haata’u male, jecha kana yoo fudhannee ilaalle gareen jecha isaa durduubee ta’uun isaa dhugummaa waan qabu hinfakkaatu. Sababiin isaas, firoomseen maqaa dura ykn booda galee tajaajila gochibsaa kan jedhu duukaa hindeemu. Kanaaf, gareen jecha **iddoo** jedhuu maqaa ta’a. Kunis, akka jechoota durduubee maqaa dura ykn booda kan galu osoo hintaane durduubeen dura isaafi booda isaa galuu danda’u. Fakkeenya, iddootti, gara iddoo, iddoorraafi kkf. jechuudhaan caasaa jechaafi himaa keessatti galchuun fayyadamuun nidanda’ama. Dabalataaniis, amala gareen jechaa durduubee hinqabne dhamjecha lakkoofsaa {–wwan} fudhachuun **iddoowwan** jechuun danoomuu danda’a. Kana ilaalchisee, Laggasaan (2008: 763) jecha Afaan Ingilizii “place” jedhu gareen jechaa isaa maqaa ta’uu (n) jechuun ka’ee, hiika iddoo barbaachisaa, mana jedhu yoo kennutu mul’ata. Kanarraa ka’uun Afaan Oromoo keessatti jechi iddoo jedhu maqaa ta’uu agarsiisa.

Kana malees, garee jechaa maqaa ilaalchisee hiikni kitaaba barataa keessatti kenname maqaa jechuun jecha namni, iddoon, meeshaan, yaadniifi wkf ittiin waamamani kan jedhu iddoon matuma isatiin maqaa ta’uu kan mirkaneessudha. Kanaafuu, Kitaabileen barumsaa kenneen qooddii garee jechootaa irratti hariiroo qabaatanis, ulaagaa qoddii garee jechaafi fakkeenya fudhatanii agarsiisaniin kan walirraa maqanidha.

Walumaagalaatti, qooddiifi ibsi kitaabileen kanneen garee jechootaa irratti dhiyeessaan caasaa jechoota Afaan Oromoo keessatti yaadrimee guddaa kan qaban ta’uun isaanii kan

hindagatamne ta'us rakkooleen qaaccessa qorannoo kanaan adda bahanii mul'atan kunneen yoo furmaata argatan bu'aa inni baruufi barsiisuu keessatti qabu guddaadha.

### 4.2.5. Qaaccessa Qaamolee Jechaa

Qaamoolee jechaa yemmuu jennuu qamoolee garaagaraa kanneen walitti dhufuun jecha tokko ijaaran jechuudha. Qaamooleen jechaa kunneen, hundee jechaa (root), bu'uura jechaa (base) fi bu'uurhortee (stem) akka ta'an ibsama (Addunyaa, 2011:34). Qaamoleen jechaa kunneen hubannoo dhamjechoota uumamteefi hortee, akkasumas, handhuura jechootaafi jechoota buu'uuraa afaan tokkoo hubachuu keessatti ga'ee olaanaa qabu. Yaada kana daran hubachuuf ibsa armaan gaditti qaamoolee jechaaf kenname ilaalla.

**Hundeen** qaama jechaa kan yaadrimee tokko baatu ta'ee, yaasaafi hormaata jechootaatiif ka'umsa. Hundeen qaama jechaa kan fufiilee ofirraa hinqabne, garuu maxxanfachuuf qophaa'aa kan ta'edha. Jechoota akka "nyaate, nyaataa, nyaatamefi nyaanne" jedhaman fakkeenya yoo fudhanne, hundeen jechoota kanneenii {nyaat-} kan jedhu ta'a. Qaamooleen hundee jechaa kanarraa ka'an (-e, -aa, -am-, -e, –n) dhamjechoota. **Bu'uurri** qaama jechaa yaasaafi hormaata jechootatiif bu'uura ta'uu danda'u kan yeroo tokko tokko hundeen walirra bu'anidha. Akkasumas, hundeen bu'uura ta'uu yoo dandahu bu'uurri jechaa hundi garuu hundee ta'uu hindanda'an.

Kanarraa kan hubatamu, bu'uurri qaama jechaa dhamjecha yaasaa ofirraa qabu tokko dhamjecha yaasaa biroofi hortee kan maxxanfachuu danda'u ta'uu isaati. **Bu'uurhorteenis** yoo ibsamu, qaama jechaa kan fufiilee hortee ykn tajaajila seerlugaaf oolan qofa maxxanfachuuf kan qophaa'aa ta'edha. Fakkeenyaaf, jecha "mursiisatame" jedhu fudhannee yoo ilaalle, caasaa dhaanqeen kaa'amee kan ibsamu too ta'u, yaadrimee isaa hubachuuf haala armaan gadiin gabaabsinee ilaalla. **Hundee = mur-, bu'uura = mursiis-, kan jedhuufi mursiisat-** yoo ta'an **bu'uurhorteen = mursiisatam- kan jedhu** ta'a.

Haa ta'u malee, kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaaa kutaa 9fi 10 barannoo caaslugaa dhiyaatu keessatti waa'ee qaamolee jechaa karaa ifa ta'een kan agarsiisuuf dhiyaate hinjiru. Dhiyaannaa baranoo caaslugaa keessattis waa'ee dhamjechootaafi fufiilee adda addaa jechoota garaagaraa iraa adda baasuu yookaan dabaluu kan jedhurratti kan xiyyeeffatu malee qaamoleen jechaa bal'inaan kan dhiyaatan hinfakkaatu.

Kanaafuu, hanga qaamoleen jechaa kunneen barannoo caaslugaa caasaa jechootaarratti xiyyeeffatan keessatti ibsa keessttis ta'ee fakkeenya tokko tokko kennuun kitaabilee barumsaa keessatti hindhiyaannetti, fufiilee jechootarraa adda baasuu, latoo/dhamjechi maaliin jechaarraa akka adda ta'e agarsiisuufi qaamoleen jechaa bu'uura maaliin akka qoodaman yaadrimee isaaniitiin hubachuurratti dhiibbaa kan geessisu ta'uu danda'a.

### 4.2.6. Qaacessa Gaalee Afaan Oromoo

Gaaleen Afaan Oromoo garee jechootaa afaanichaa waliin walqabatee kan deemu akka ta'e qaaccessa qorannoo kanaa qooddii qaaccessa garee jechootaa jedhu jalatti tuqameera. Haaluma kanaan, as keessatti qaaccessa gaalee Afaan Oromoo kana bal'isnee ilaalla. Kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9 fuula fuula 37 irratti gaaleen caaseffama hima keessatti qaama himaa yoo ta'u, jecha yookaan garee jechootaa kan hojii tokkoof dhaabbatan akka ta'e erga ibsee booda gosoonnni gaalee jecha akka mataa gaaleetti tajaajilurratti hundaa'uun, gaalee maqaa, gaalee gochimaa, gaalee durduubeefi gaalee maqibsaa jedhamee bakka afuritti qoodee dhiyeesseera. Haa ta'u malee, shaakala gosoota gaalee gilgaala 4 fuula 38 himoota 1-9tti kennaman keessa gosoonni gaalee sadii qofti dhiyaatanii gaaleen maqibsaa dhiifameera.

Gama kaaniin, kitaaba barataa barnoota afaan oromoo kutaa 10 fuula 36 barannoo 2 jalatti immoo, maalummaan gaalee otoo hinibsamin himoonni shaakala gaaleefi gosoota isaa adda baasuuf dhiyaatan 1-6tti kennamaniiru. Kanaafis, himoota gosoota gaalee of keessaa qaban akka barattoonni adda baasaniif dhiyaate jahaniif qajeelchi barsiisaa fuula 37 irratti yeroo deebii kennu, gosti gaalee durduubee keessaa hafuudhaan gosti gaalee gochibsaa/gochimsa kan jedhu dabalamuu isaatu mul'ata.

Kana malees, akka Addunyaan, (2018:80-84) irratti ibsettis gaaleen walhammannaa yookaan waliin argama (conncationatin or coocurance) jechootaa kan hojii tokko raawwatanidha jechuudhaan akaakuun gaalee Afaan Oromoo akaakuu garee jechoota afaanichaa bu'uureffatu. Gareewwan jechootaa kunneen arfanis mataa yookaan durabu'aa ta'uudhaan gaalee ijaarratu jedha.

Kanaafuu, gaalee AO bakka afuritti qoonna. Ijaarsichis akka kanaan ta'uu danda'a jechuudhaan:

| **Garee jechoota AO** | **Gaalee AO** |
| --- | --- |
| maqaa | gaalee maqaa |
| maqibsa | gaalee maqibsaa |
| durduubee | gaalee durduubee |
| gochima | gaalee gochimaa |

jedhee gosoonni gaalee baka afuritti qoodamuu isaa agarsiisa. Yaada kanaafi ibsa maalummmaafi gosoota gaalee kitaaba barataa kutaa 9 fuula 37-38tti dhiyaate yoo ilaalle walsimataadha.

Gama kaaniin immoo, deebii qajeelchi barsiisaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 10 fuula 37 irratti gilgaala 4 kitaaba barataa fuula 36 irratti argamuuf kenne yoo ilaalle gaaleen Afaan Oromoo gosa afur osoo hinta'in gosa shanitti qoodamuu akka danda'anidha. Garaagarummaan kun jiraachuun isaa ammoo gosoota gaalee Afaan Oromoorratti qofa otoo hinta'in garee jechootaa afaanichaa adda baasuun hubachuurrattis burjaajii uumuu kan danda'udha. Waan kana ta'eefis, akaakuun gaalee Afaan Oromoo akaakuu garee jechootaa afaanichaa bu'uureffata erga jennee qoodamniifi dhiyaannaan caasaa gaaleefi garee jechoota afaanichaa kitaabilee barumsaa kanneen keessatti argamu walsimannaa dhabuun isaa hubannaa barattoonni caasaa jechoota kanneeniirratti gabbifachaa deemanirratti dhiibbaa geessisuu kan danda'udha.

Yaada Kanaan walqabatu Getaachoo (2009:74) maalummaan gaalee yoo ibsamu, "Gaaleen jecha ykn garee jechootaa hojii tokko hojjetu kan gochima mataa isaa hinqabnedha" jedha.

Haaluma kanaan, gaaleen qaama himaati; dabalataanis, ulaagaa gaaleen guutuu qabu ibsuudhaan gosoota gaalee bakka shanitti qooda. Isaanis, gaalee maqaa, gaalee gochimaa, gaalee maqibsii, gaalee gochibsaafi gaalee durduubeeti. Gosa gaalee himuuf jecha gaalee sana keessatti mataa gaalee ta'ee gale sana beekuun dirqama akka ta'e ibsee, mataa gaalee ta'uu kan danda'us garee jechoota afaanichaa akka ta'e agarsiisa. Gaaleen maqaa gaalee miseensota isaa keessaa maqaan mataa ta'ee galedha. Gaalee maqaafi maqaa akka mataatti gale hubachuuf fakkeenyaan haa ilaallu jechuun akka armaan gadiitti ibsa.

Fakkeenya, **(**1) Gammachuun **mana** ijaare. (2) Gammachuun **mana citaa** ijaare. (3) Gammachuun **mana citaa guddaa** ijaare jedhu fudhachuun, gaalewwan armaan olii

gurracheffaman keessatti mataan maqaa **mana** jedhu kana akka ta'e agarsiisa. Jechoonni gaalee maqaa kana duukaa galan miiltoo gaalee maqaa kanaati jedha (fuula, 75-79).

As keessattis, maalummaa gaaleefi gosoota gaalee ilaalchisee ibsiifi fakkeenyi kenname yaada qajeelcha barsiisaa kutaa 10 fuula 37 irratti kennameen kan walfakkaatu ta'us, gaaleen kan gochima mataa isaa hinqanedha kan jedhurratti immoo, hiikoon gaaleef kenname kun gosa gaalee keessaa gaaleen gochimaa afaanicha keessa akka hinjirreetti waan akeeku fakkaata. Kunis, gaaleen jecha ykn garee jechootaa kan hojii tokko hojjatu jechuun ibsamuun isaa gaaleen gurmuu jechootarraa ykn jecha tokkorraa ijaaramuu kan danda'u ta'uu isaa mul'isa.

Kanaafuu, gaalee gochimaaf mataan eenyu ta'a gaaffii jedhu kaasuun isaa waan oolu miti. Akkasumas, fakkeenya armaan olii keessatti jechoota gurraacheffaman akka gaaleetti haa fudhataman malee, mataa gaaleeti jedhamuun kan ibsame **mana** kan jedhu guuttuu /miiltoo gaalee xumaraati. Sana booda gara gaalee birootti yemmuu caccabsinu **mana** kan jedhu mataa gaalee maqaa ta'uun citaafi citaa guddaa kan jedhan immoo guuttuu ykn miiltoo gaalee maqaa ta'u. Kanaaf, kitaabni kun sadarkaalee itti caasaan gaalee tokko caaseffamuu qaburraa kan maqedha.

Yaada kana akka Addunyaan (2014: 80) irratti ibsetti, “maniin (gosni) gaalee tokko kan murtaa'u garee jechaa mataa ta'e sanaan waan ta'eef, maqaafi gochimni irra jiraachuu danda'u. Gaalee maqaa jechuu kan dandeenyu yoo maqaan irra jiraate yoo maqaan sun immoo akka matimaatti tajaajiluu danda'edha. Gaalee gochimaa jedhamuufis, gochimni jiraachuun dirqama. Kanaaf, gaaleen wal-hammannaa yookiin waliin hargama jechootaa kan hojii tokko raawwataniidha jechuun hiikuun, hiika haayyonni caasluga duudhawaa gaaleen matimaafi gochima kan hinqabne tuuta jechootati jedhan sirrii miti. Jechi tokko gaalee ta'uu danda'a” jedha.

Haa ta'u malee, gosooonni gaalee jecha mataa gaalee sanaa ta'ee galerratti hundaa'uudhaan gaalee maqaa, gaalee maqibsaa, gaalee durduubeefi gaalee gochimaa jedhamanii bakka afuritti qoodamuu isaaniirra kan darbe gosa gaalee gochibsaafi garee jechaa isaa ilaalchisee wanti ibsame hinjiru. Kanaafuu, garaagarummaan maalummaa gaalee, gosoota gaaleefi garee jechoota afaanichaa bu'uureffachuu irratti yaanni walitti dhiyaatu kennamus garaagarummaan kitaabilee barumsaa keessatti ibsaafi gosoota gaalee bakka afuritti

qoodaman irratti **gaalee gochimsaa**/gaalee gochibsaa akka gosa gaalee tokkootti dabalamee qajeelcha barsiisaa kutaa 10 fuula 37 irratti kenname hanqina gama dhiyaannaa caasaa gaaleefi gosoota gaalee Afaan Oromoo irratti mul'atudha.

Kitaabni barataa kutaa 9 fuula 38 barannoo lama gilgaala 4 jalatti immoo, himoota armaan gadii keessaa gaaleewwan addaan baasuun gosoota isaani himi jechuun gaafata. Himoota kenname keessaa himni gaaffii 5ffaa irratti dhiyaate, '**Hordofaan Hambisaarraa sangaa ergifate,**' jedhu qajeelchi barsiisaa gaalee, **irraa sangaa ergifate** jedhu kanaan gaalee durduubeti jechuun yemmuu deebii kennu agarra. Hima kenname kana hajaja kenname hordofnee deemuun gaaleetti yoo qoqqoodu **Hordofaan** kan jedhu gaalee maqaati. **Hambisaarraa sangaa ergifate** kan jedhu immoo gaalee gochimaa ta'a. Kunis, mataan gaalichaa gochima **ergifate** jedhu waan ta'uufi. Gaalee gochimaa kana gosoota gaaleewwan birootti caasessuun nidanda'ama. Kunis, **Hambisaarraa** kan jedhu gaalee durduubee yoo ta'u mataa **irraa**fi gaalee maqaa **Hambisaa** jedhurraa ijarame. Jechi **sangaa** jedhu immoo maqaa ta'uun mataa ofiisaa waan ta'uuf gaalee maqaati.

Kanaafuu, himni kenname haala armaan oliin gaaleetti qoodamuun osoo irra jiruu qajeelchi barsiisaa galee gochimaan gaalee durduubee jechuun kaa'uun caasaa gaalee kana adda baasuurratti rakkoo uumuun isaa waan oolu miti.  Gaalee durduubeen gaalewwaan kaanirraa kan adda isa taasisu maqaa dura ykn booda galuun gaalicha ogganuu isaati. Yaada kana Addunyaan (2014:87-88) irratti yoo ibsu "gaaleen durduubee caasaa mataan isaa durduubee ta'eedha. Bakki argama durduubee caasicharraa gara mirgaa ykn gara bitaati. Durduubeen hirkatoofi of danda'oo caasaa gaalee durduubee ijaaraan ogganuuf humna qabaachuu isaanii ibsa.

Kana malees, kitaaba barataafi qajeelchi barsiisaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9fi 10 keessatti qaamolee gaalee, mataa, miiltoofi murteessituu ilaalchisee ibsiifi yaadannoon adda bahee barattootaaf dhiyaate hinjiru. Karaa biroon, gaaleen Afaan Oromoo akkaataa kamiin akka caaseffamu fakkeenya fudhachuun barataaf wanti dhiyeesse dhabamuun yaadrimee gaalee akka salphaatti hubachuurratti dhiibbaa uumuu danda'a.

Gama kaaniin immoo kitaaba barataa irratti gosoonni gaalee garee jechootaa afaanichaa hordofuudhaan bakka afuritti akka qoodaman erga dhiyaatee booda gilgaala kennameef deebii kennuun walqabatee immoo gosa gaalee tokko/gaalee gochibsaa gosoonni gaalee

Afaan Oromoo bakka shanitti akka qoodamanitti qajeelcha barsiisaa keessatti dhiyaachuun rakkoon tokko akka jiru agarsiisa. Dabalataanis, caasaa gaaleefi qooddii isaa keessatti fakkeenyiifi gilgaalli kennamu himoota keessatti hammatamuun malee caasaa gaalee qofaatti adda baasuun agarsiisuurratti hariiroofi dhiyaannaan kitaabilee lamaan gidduu jiru kan walsimu miti.

Walumaagalatti, dhiyaannaa caasaafi gosoota gaalee haala walsimannaafi hariiroo gareen jechoota Afaan Oromoo qabaniifi ijaaramanii hojii tokko hojjetaniin gaalee haala ifa ta'een gosoota meeqaafi haala kamiin akka qoodaman qofaa qofaatti adda baasuudhaan fakkeenyaan kitaabilee barumsaa keessatti caasessuun waan filatamaadha.

### 4.2.7. Qaaccessa Ciroo Afaan Oromoo

Kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa kutaa 9 keessatti maalummaa ciroofi gosoota ciroo ilaalchisee qabiyyeen wayiituu hindhiyaanne. Haa ta'u malee, boqonnaa kudha sadii barannoo lama gilgaala 4 keessatti shaakalli walqabsiistotaa dhiyaachuu isaatu mul'ata (kitaaba barataa fuula 129-130). Kitaabni Caasluga Afaan Oromoo Jildii-1(1995:306) irratti, "walqbsiistonni jechoota jechaafi jecha, gaaleefi gaalee, himaafi hima akkasumas, gaalima hirkataafi muummicha kanneen walqabsiisan" ta'uu ibsa.

Kanaafuu, yaada kitaaba kanaarraa kan hubannu tajaajilli walqabsiistotaa caasaalee afaanii sadarkaa jechaarraa eegalee hanga himaatti jiran walqabsiisuu akka ta'edha. Caasaalee kanneen keessaa immoo ciroon isa tokko. Waan kana ta'eef, otoo maalummaafi caasaan ciroo kitaaba barataa kana keessatti hindhiyaatin haala kamiin walqabsiistonni ciroo hirkataafi of danda'aa akka walitti hidhuu barsiisuun rakkisaadha. Kanaafuu, kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa barnoota Afaan Oromoo kutaa salgafffaa keessatti ciroo jechuun matuma isaatti maal jechuu akka ta'eefi caasaan isaa kana fakkaata jedhamee waan hindhiyaanneef kitaaba barumsaa kana keessatti barannoon waa'ee ciroo kaasu dhibuun hiqina dhiyaannna caaslugaa kitaabicha keessatti mul'atu isa tokkodha.

### 4.2.8. Hima Afaan Oromoo

Hayyoonni adda addaa karaa adda addaatiin himaaf hiika kennaniiru. Kanneen keessaa kaan unka irratti hundaa'uun, himni qindoomina jechootaa ta'ee kan ergaa guutuu dabarsudha

yemmuu jedhan, isaan kaan immoo caasaa irratti hunaa’uun himni qindoomina jechootaa yookiin gaaleewwan garaagraa ta’ee kan ergaa guutuu dabarsu ta’uu ibsu.

Abdulsamad (1994:20) maalummaa himaa yoo ibsu, “Gurmuun jechootaa sirnaan walfaana hiriiran irraa uumamu hiika yoo qabaate hima jedhama,” jedha. Hiika qabaachuu qofa osoo hintaane hiikni isaa sun dubbattoota afaanichaa biratti fudhatama qabaachuu akka qabus ni’ibsa.

Haaluma walfakkaatuun Jira (2017:11) hima akkana jechuun kaa’a; “A sentence is an arrangement of words that makes complete sense. It must be meaningful. It must at the same time be acceptable to the speakers of the language.”

Kanaafuu, akkuma yaada hayyoota kanneeniirraa hubatamutti, himni qindoomina jechootaa yookiin gaaleewwani haala ergaa guutuu dabarsuun ijaarame akka ta’eefi yaanni inni baatee jirus akkasuma kan adubbattoota afaanichaa biratti fudhatama qabaatu akka ta’edha. Himoonni Afaan oromoos kanarraa adda waan hintaaneef, fakkeenyaan ilaaluu dandeenya.

**Fakkeenya 4c** (1) Guutaan kitaaba guddaa bitate.

( 2) Bitate Guutaan guddaa kitaaba.

(3) Guutaan dhagaa nyaate.

Fakkeenya 4c armaan olii keessatti himni (1) irratti argamu akka caasaa hima Afaan Oromootti hima jechuunii dandeenya. Yaanni baatee jirus dubbatoota afaanichaa biratti fudhatama qaba. Himni (2) irra jiru garuu, hima jedhamee fudhatamuuf hinda’da’u. Sababiin isaas, himni Afaan Oromoo caasaa M+A+G (mathima, aantima, gochima) jedhu hordofee ijaarama. Kanaafuu, caasimaala. Himni (3) irra jiru immoo caasaa sirrii haa qabaatu malee, ergaa inni dabarsu dubbattota afaanichaa birattis hiikaafi fudhatama kan qabu miti.

### 4.2.8.1. Qaaccessa Himaa

Caasaan hundarra guddaa kan ergaa guutuu tokko dabarsu hima. Kanaafuu, himni gama caasaatiinis ta’ee hiikaatiin kanneen biroo irra caala jechuudha. Gama caasatiin yoo ilaalle**,** miiltoon himaa gaalee gochimaafi gaalee maqaati. Kana jechuun, yoo xiqqaate himni tokko gaalewwan handhura ta’an kana lamaanirraa ijaarama jechuudha (Addunyaa, 2010:265).

Hiikni himaaf kennamu kan armaan olii yoo ta'u, kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 9fi 10 keessatti akkaataan dhiyaannaa isaa kanatti fufee qaacceffamee jira. Haaluma kanaan:

Hamma qoratichi sakatta'insa taasisetti kitaabni baraataa kutaa 9 hima ilaalchisee yaadrimee wayiituu kan hindhiyessine akka ta'e hubatameera. Kunis, kitaabichi caasaa jechaafi himaa keessaa ciroofi hima ilalchisee waan kaase hinqabu. Garuu, kitaabuma kana boqonnaa kudha lama barannoo lama gilgaala 4 keesstti shaakalli keeyyata barreessuu dhiyyaateetu jira. Dabalataanis, boqonnaan kudha saddeet mata duree 'Xalayaa Barreessuu'jedhu dhiyaatee jira. Caasaan afaan tokkoo immoo, caasaa xiqqaa sagaleerraa kaasee hanga caasaa himaatti jiru hammata. Caasaaleen kunneen akkuma irraa jalummaa isaaniin sirnaafi duraa dubaan qindaa'uudhaan caasaa itti aanu ijaaraa deemu.  Adeemsa kana keessa darbuudhaan afaan tokko keessatti caasaaleen garaagaraa walitti dhufanii walqabachuun barruu ykn keeyyata tokko ijaaruu danda'u. Keeyyaanni mataan isaa tuuta himootarraa kan ijaaramudha.

Kanaafuu, osoo waa'ee himaa, gosota himaaa, caasaa himaafi wkf hindhiyeessin barattoonni keeyyata adda addaafi xalayaa akka barreessan shaakala dhiyeessuun nidanda'amaa gaaffii jedhu kaasuun isaa waan hafu miti. Yaada kana daran ifa gochuuf Geetachoo (2009: 119) irratti himoonni keeyyata ijaaruu akka danda'an yoo ibsu, "keeyyanni himoota seera qabeessa ta'anii walitti qindaa'aanii yaada handhuraa tokko dabarsanirraa kan ijaaramudha," jechuun ibsa. Karaa biroon, yaada kanarraa kan hubatamu, himoonni sirnaan qindaa'aniiru ykn hinqindoofne jechuuf hubannoon nuti caasaa himaafi gosoota himaarratti qabnu murteessaa ta'uu isaati.

Walumaagalatti, kitaabni barataa waa'ee caasaa himaafi gosoota isaa ilaalchisee barannoo tokko jalttillee waanuma tokko osoo hindhiyeessin akka baratoonni keeyyata adda addaa barreessanii dandeettii barreessuu gabbifatan shaakala dhiyeessuun waan duraa dubummaa isaarraa maqe fakkata. Sababiin isaas, akkuma qindoomminni damsagootaa birsaga, birsagoonni walitti dhufanii jecha, jechiifi jechis akkaataa walfaanommii sirrii qabuun qindaa'ee gaalee uumutti himoonnis qindoomina jechootaatiin yoo xiqqaate mathimaafi gochima qabaatee akkaataa hawaasicha biratti fudhatama qabuun ijaaramee kan ergaa dabarsu ta'uu qaba.

Kanaafuu, hanqinni kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 9 keessatti mul’atu kun hanqina dhiyaannaa caashimaa dandeettii barreessuu barattootaa guddisuuf gufuu ta’uu danda’u waan ta’eef, dhimma xiyyeeffannoon itti kennamuu qabuufi furmaata barbaadu ta’ee argama.

Kana malees, kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa kutaa 10 keessattis waa’ee caasaa himaa bakka tokkottiyyuu soo hinibsamin kitaaba barataa fuula 99 gilgaala 8 irratti shaakala caasaa himaa erga jedhee booda yaadrimee wayiituu osoo hinkaafne akka barattoonni gaaffilee dhiyaatan keessaa mathima, gochimaafi aantima adda baasanii barreessan gaafata. Kana jechuun qaamoleen himaa gurguddaan kunneen achiin dura caasaa himaa keessatti akka waan dhiyaatee ykn barsiifamee jirutti kan ilaalame fakkaata. Yookaan immoo caasaaleen himaa mathima gochimaafi aantima kan jedhaman qofa kan of keessaa qabu akka ta’etti ilaalamee jira.

Kana malees, kitaaba barataa kutaa 10 fuula 114 irratti gilgaalli 5 shaakala himaafi gosoota himaa kan jedhu jalatti kan dhiyaate Afaan Oromoo keessatti gosoonni himaa adda addaa akka jiraniifi isaan keessaa hima himamsaa, hima gaaffii, hima ajajaafi hima raajeffannoo ibsee daraba. Ammas taanaan, Afaan Oromoo keessatti himooni kunneen bu’uura maaliittiin akka qoqqoodaman hin’ibsamne. Kana malees, kitaabuma kana fuula 115 Gilgaala 5B irratti qajeelfamni “Gosa hima kanaan gadii barreessi” jedhu kennamee himoonni 8 dhiyaataniiru. Himoota kanneen keessaa hima lakoofsa 7^ffaa^fi 8^ffaa^ irra jiru walduraa duubaan yoo ilaalle kan akkas jedhudha.

- Lammata mana keenya akka hindhufne!
- Baay’ee ulfaata

Akka qajeelchi barsiisaa fuula 84 irratti gilgaala kanaaf deebii kennetti, himni 7^ffaa^ gosa hima ajajaa, himni 8^ffaa^ immoo gosa hima raajeffannoo akka ta’edha. Haa ta’u malee, gosti homoota kanneenii dhugaadhumaan ajajaafi raajeffannoo kan agarsiisan hinfakkaatan. Sababni isaas, namni tokko, **lammata mana keenya akka hindhufne** yoo jedhame, ajajatu itti kenname jechuurra akeekkachiisatu darbeef yoo jedhame sirriidha. Hima **baay’ee ulfaata** jedhus yoo ilaalle, fakeenyaaf, namni qormaata xumuree ba’u tokko waa’ee qormaatichaa yoo ibse, ajaa’ibsiifachuu yookaan dinqisiifachuu isaati jechuuf nama rakkisa. Fakkeenyuma kitaabicharratti kennameenis kan walfakkaatu miti.

Kanaafuu, gosti hima kanaa hima himamsaa kan waa’ee waan tokkoo odeeffannoo kennuuf oolu ta’uu kan danda’udha. Kana jechuunis, deebiin qajeelcha barsiisaatiin himoota lamaaniif

kenname walduraa duubaan gosa hima akeekkachiisaafi himamasaa ta'uu akka danda'u sakatta'insi taasifame ni'ibsa.

Walumaa galatti, kitaabilee barumsaa kutaa 9fi 10 keessatti waa'ee caasaa himaa osoo hindhiyaatin shaakalli caasaa himaa gilgaala keessatti dhiyeessuu, qaamoleen himaa gurguddoon maal akka ta'an osoo hinibsamne himoota kennaman keessaa akka barattoonni mathima, aantimaafi gachima adda baasan taasisuufi deebiin gilgaala gosoota himaa ilaalchisee kenname kan walhinsimne ta'uu isaati.

### 4.2.8.2. Qaaccessa Qaamoolee Himaa

Qaamoolee himaa kanneen jennu tajaajila jechoonni hima salphaa tokko keessatti bakka qubatanitti qaban kan ilaallatudha. Kunis, bakka isaanii kanatti moggaasaafi unka ittiin mul'ata qabu. Moggaasni qaamolee jechaa kitaabilee garaagaraa keessatti haala adda addaan kan kennaman yoo ta'an, akka qorannoo kanaaf tolutti mathima, aantimaafi gochima jechuun itti fayyadamameera. Qamoolee kanneen caaseffama himaa keessatti unkaafi bakka qubata isaaniin walqabatee kitaabilee barumsaa kutaa 9fi 10 keessaati wanti adda bahee ibsame jiraachuu baatus, himoota kitaaba barataa kutaa 10 fuula 99 gilgaala Gilgaala 8A jalatti kennameefi fakkeenya tokko tokko walbira qabuun akka kanatti aanee jirutti qaaccessuuf yaalamee jira.

**Fakkeenya 4d**

1. Tolaan waraabessa ajjeese.
2. Mukti bishaan dhabnaan coollage.
3. Inni kitaaba dubbise.

Himoota fakkeenya armaan olii lakkoofsa 1-3tti dhiyaatan dubbattoonni afaanichaa haala garaagaraa keessatti kan dhimma itti ba'uu danda'anidha. Himoota kanneen keessaa himaa lakkoofsa 1 irratti argamu keessatti, maqaan **Tolaa** jedhu mathima ta'uun dhamjecha mathim mul'istu {**-n**} fudhate. Hima lakkoofsa 2 irratti immoo maqaan **muka** jedhu firjecha dhamjecha {**-n**} kan taate **{-ti}** fudhachuun mathima ta'e. Kunis, mathimicha **mukni** jechuun barreessuun kan danda'amu yoo ta'u, dhamsagni **(i)** saagamuudhaan dhamsaga hiikaaf galte, dhamjechi mathima mul'istu {**-n**} immoo seera firoommii dhamsagaatiin gara **(t**) tti firoomte malee mathima mul'istuu dabalataa miti. Hima lakkoofsa 3 irra jiru yoo ilaalle immoo bamaqaan 'Inni' jedhu mathima mul'istuu osoo of irraa hinqabaatin dhamjecha mathima

mul'istuu {∅} taateen mathima ta'ee argama. Yaada kanaan kan walqabatu, Adunyaan (2010:75) irratti "firoommiin adeemsa ittiin sagaloonni walii galuun ollaa walii jiraatanidha. Sagaloonni daangaa dhamjechaa ykn dhamsagaarratti walitti dhufan walii galan malee wal-bira hinjiraatan" jechuun ibsa.

Gama kaaniin, kitaabni baratаа kutaa 9 boqonnaa salgaffaa barannoo arfaffaa gilgaala 9 shaakala gochimaa dhiyeesse keessatti himni **Tolaasaatti bokkaan roobe** jedhu jira. Sababni isaas, himni kun waliin dubbii alidilee ta'e keessatti kan fudhatamu ta'a malee caashima Afaan Oromoo eegee kan caaseffame hinfakkaatu. Hima Afaan Oromoo ilaalchisee, kitaabni Caasluga Afaan Oromoo Jildii-1 (1995:345) irratti "Himni xumura ce'aa qabu mathima, aantimaafi gochima darbeeyyirraa caaseffamuudhaan addeessitoota dabalatanii babal'achuu danda'u" jechuun ibsa.

Kana malees, caasaa hima Afaan Oromoo keessatti mathimni, aantimniifi gochimni qaamaan mul'atan yoo jiraatan bakka qubannaa mataa isaanii qabaachuun beekamaadha. Kanarraa ka'uudhaan, caaseffamni hima kitaabicha keessatti kenname caasimaala. Sababiin isaas, caashima sirrii akka hintaane kan nuhubachiisu mathimniifi aantimni bakka waljijjiiruu isaaniiti. Kunis, mathimni **bookkaan** iddoo aantima **Tolasaatti** jedhuu qabachuufi iddoo isaa immoo aantimni **Tolasaatti** jedhu qabachuu isaati. Kanaafuu, caasaan hima kennamee **Bokkaan Tolaasaatti robe** kan jedhuun caashima sirrii afaanichaa eegee dhiyaachuu kan qabudha**.** Jijjirramni hima duraafi hima lammataa irratti mul'atu bakka waljijjiruu mathimaafi aantimaa qofa osoo hinta'in **bokkaan** kan jedhu jalqaba himaarra galuudhaan mathima waan ta'uuf qubguddeessaan eegaluu qaba. Kun immoo, sirna barreeffama himaa keessaa isa tokkodha.

Kana malees, kitaabni barataafi qajeelchi barsiisaa kutaa 9 qaamolee himaa, shaakala walsimannaa mathima, aantimaafi gochimaa jechuun dhiyeese. Akkasumas, yaadannoon kitaaba baratаа boqonnaa kudha tokko keessatti kennames qaamolee himaa bu'uura hiikaafi qubannaatiin kan dhiyeesse fakkaata malee, bu'uura caasaatiin qaamoleen himaa amalaafi unka akkamii akka qaban hinibsamne jechuudha. Kunis bakka qubannaa isaaniitti jechoonni akka mathima, aantimaafi gochimaa dhamjecha akkamii akka fufachuu danda'an osoo hinibsamin kan bira darbame ta'uu isaati.

Walumaagalaatti, sakatta'insa qoratichi taasiseen kitaaba baraataa kutaa 9 keessatti caasaa himaa ilaalchisee yaadrimee wayiitu kan hindhiyessine akka ta'edha. Kunis, kitaabicha keessatti gochima kan jedhuu boqonnaa 9 barannoo 4fi boqonnaa 11 barannoo 2 caasluga kan jedhu jalatti gilgaala 4 fuula 111 irratti immoo shaakala walsimannaa Mathima, Aanthimaafi Gochimaa jechuun dhiyaateen alatti waa'een caashimaa kan ibsame dhabamuu issaati. Kana jechuun, maalummaafi qaamoleen himaa maal akka ta'an osoo hin dhiyaatin duuchaatti bira darbamuu isaatu mul'ata. Kana malees, unka, bakka qubannaafi dhamjechoota qaamoleen himaa kunneen fufachuu danda'an irratti yaadrimeen kenname dhabamuun hanqina gama caashimaatiin kitaabicha keessatti mul'atan ta'uutu hubatama.

Kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa kutaa 10 keessattis, waa'ee caasaa himaa bakka tokkottiyyuu osoo hinibsamin kitaaba barataa fuula 99 gilgaala 8 irratti shaakala caasaa himaa erga jedhee booda yaadrimee wayiituu osoo hinkaafne akka barattoonni gaaffilee dhiyaatan keessaa mathima, gochimaafi aantima adda baasanii barreessan kan gaafatu ta'uu, fuula 114 gilgaala 5 irratti immoo shaakala himaafi gosoota himaa jechuu gosoota himaa afur qofa kaa'ee kan darbuufi gosoonni himaa gilgaalicha keessatti dhiyaatanis kan qajeelchi barsiisaa deebii kenneen ala akka ta'an sakatta'insa qoratichi taasiseen hanqinni dhiyaannaa caasaa himaa kitaabicha keessatti kan jiru ta'uu isaatu mul'ata.

kitaaba barataa kutaa 10 fuula 114 irratti gilgaalli 5 shaakala himaafi gosoota himaa kan jedhu jalatti kan dhiyaate Afaan Oromoo keessatti gosoonni himaa adda addaa akka jiraniifi isaan keessaa hima himamsaa, hima gaaffii, hima ajajaafi hima raajeffannoo ibsee daraba. Kitaabuma kana fuula 115 Gilgaala 5B irratti qajeelfamni "Gosa hima kanaan gadii barreessi" jedhu kennamee himoonni 8 dhiyaataniiru.

#### 4.2.8.3. Qaaccessa Gosoota Himaa

Afaan Oromoo keessatti himni akka tajaajilaafi caasaa seerlugaatiin qoodama. Hima akkaataa tajaajilaan: hima himamsaa, hima gaaffii, hima ajajaafi hima raajeffannoo jechuun bakka afuritti qoodamu. Akkaataa caasaa seerlugaatiinis ammoo: hima salphaa, hima dacha, hima xaxamaafi hima dacha xaxamaa jechuun bakka afuritti qoodamu. Isaanumtis immoo, moggaasaafi bu'uura garaagaraatiin kan qoodaman akka ta'e kitaaba barataa kutaa 10 fuula

99, 114fi 115 irratti gilgaalli shaakala caasaa himaafi shaakala himaafi gosoota himaa jechuun walduraa duubaan kan dhiyaate ni’agarsiisa.

Bu’uuruma kanaan, gosoota himaa ilaalchisee yaada barreessaa armaan gadiin kaa’ame fudhannee ilaaluu dandeenya.

Innis, himoota Afaan Oromoo bu’uura caasaafi tajaajilaatiin bakka garaagaraatti qoonnee qo’achuu dandeenya. Himoota bu’uura caasaatiin bakka gurguddaa afuritti qooduu dandeenya. Isaaniis leexima, xaxima, dachimaafi dachima xaximaati. Himoonni tajaajila isaanitiin bakka garaagaraatti qoodamuu danda’u. Qooddii kana keessaa muraasni hima himamsaa, ta’ima, raawwima, taasima, gaaffima, raajimafi kadhima ta’uu danda’u (Addunyaa, 2014: 96-104).

Yaada kanarraa kan hubannu, himoonni Afaan Oromoo bu’uura tajaajilaafi caasaatiin bakka garaagaraatti qoodamuufi isaanis akkaatuma tajaajilaafi caasaa of keessa qabaniin moggaafamanii walduraa duubaan bakka gurguddaa afur afuritti yookaan isaa olitti qoodamuu kan danda’an ta’uu isaaniiti.

Haa ta’u malee, kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa kutaa 9 keessatti maalummaafi gosoonni hima Afaan Oromoo barannoo caasluga jedhu hunda keessatiyyuu hindhiyaanne. Kana jechuun himni maal akka ta’e, akkaataan ijaarsa himaa, tajaajila himaa, caasaa himni of keessaa qabaachuu danda’uufi gosoonni hima Afaan Oromoo haala kamiin akka qoodaman kitaaba barataa keessattis ta’ee qajeelcha barsiisaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9 keessatti barannoon caaslugaa dhiyaate ykn ibsi kenname tokko osoo hindhiyaatin hafuu isaati. Karaa biraatiin garuu, shaakala keeyyata barreessuu kan jedhu kitaaba barataa fuula 11 irraa eegalee, fuula 30, 40, 61…kkf.fi akkuma kana barannoo caasluga kan jedhu hedduun dhiyaataniiru.

Kanaafuu, kitaabicha keessatti dhiyaannaan caasaa himaafi gosoota himaa irratti yaadrimeen tokko xiyyeeffannoon osoo hinkennamin keeyyataafi sirna barreeffamaa kan biroo hedduu irra deddeebiin dhiyaachuun dhiyaannaan caashimaafi gosoota himaa kan dagatame yookaan hanqina bal’aa kan qabu ta’uu isaatu hubatama.

Gama biraatiin, kitaabilee barumsaa kutaa 9fi 10 keessatti caashimaafi gosoonni ibsa dhiyaatuufi fakkeenya kennamaniin walsimannaa hinqabne barannoo caaslugaa hennaa jedhu

keessatti dhiyaatee argama. Hennaan akkuma afaan biroo keessatti argamutti Afaan Oromoo keessattis gosa gurguddaa saditti qoodamee jiraachuun isaa ifadha. Isaanis: hennaa darbe, hennaa ammaafi hennaa dhufu/egereeti. Gosoonni hennaa gurguddaan kunneenis, henna gochaa yeroo darbe keessa raawwatame ibsu, hennaa gocha yeroo darbe keessa raawwatamaa tureefi gocha reefu raawwatamee jiru jedhamee dame xixiqqaa hennaa darbe jalatti qoodamuun dhiyaatee argama. Dhamjechiifi gochimni gosoota hennaa kanneen adda baasuun agarsiisanis adduma.

Haaluma walfakkaatuun gosa hennaa ammaa jalattis, gochaawwan yeroo hundumaa beekamaa ta'an yookiin kan yeroo mara dhugaa ta'e, gocha yeroo ammaa raawwatamaa jirutti kan qoodamu yoo ta'u, gochaawwan yeroo dhufu keessa raawwatamuuf murtaa'aniifi raawwatamuuf mamsiisaa ta'an immoo hennaa dhufu jalatti qoodamuun dhiyaachuu isaniitu kitaabilee barumsaa kutaa 9fi 10 keessatti mul'ata.

Haa ta'u malee, akka qoratichi sakatta'insa kitaabilee barumsaa qorannichaaf iddatteeffaman kanneen irratti taasiseen akka adda baasetti moggaasni, ibsiifi fakeenyi gosoota hennaatiif kennamee jiru kitaabuma tokkicharrattis ta'e lamaan isaanii gidduutti dhiyaannaa ifa ta'e kan qabu miti. Innis, KBfi QB kutaa 9 fuula 91fi 60 irratti '**Hennaa Keessa Tarsiiqaa**fi **Hennaa Tarsiiqaa**'jechuun dhiyaannaa caashima garaagaraatiin kan dhiyaate fakkeenya kennameen ammo tokkichuma.

Kana malees, KB fi QB Kutaa 10 fuula 11fi 12 irratti **henna ammeennaa, ammeennaafi henna amsiiqaa** jedhamee kan dhiyaateefi fuula 37fi 37 irratti **hennaa Tarsiiqafi Raawwima darbeennaa** walqabsiisuun walduraa duubaan kan dhiyaatee jiru tokko tokkoon yoo ilaalle moggaasa, hiikaafi fakkeenya ifa ta'een adda baafamee kan hinjirre ta'uu isaaniirraa kan ka'e tokko tokkoo kitaabilee kanneeniifi walii isaanii gudduutti hariiroo sirrii hinqaban. Kun ammooo, gosootaafi caasaalee himaa isa kamiin gosa henna garaagaraa iddoo tokkotti ibsuun akka danda'amu adda baasuun baruufi barsiisuu keessatti burjaajii guddaa kan uumu ta'uu isaatu mul'ata.

Kanaafuu, fakkeenyaaf, '**Ammeennaafi Hennaa Ammeennaan**' gosa hennaa tokko malee lama miti. Waan ta'eefis, ammeennaa erga jennee booda jecha hennaa jedhu irratti dabaluun irra deddeebi'uudhaan **hennaa ammee-hennaa** jechuun barbaachisummaa inni qaburra burjaajii inni gosota hennaa kamiin akka agarsiisu hubachuurratti fidutu caala. Hennaa

tarsiiqaafi hennaa keessa tarsiiqaa jedhamee akka gosa hennaa garaagaraatti yaadrimee adda addaas akka qabutti kan dhiyaate fakkeenya lamaaniifuu kennameen ammoo tokkuma.

Kana malees kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa kutaa 10 keessatti shaakala keeyyata barreessuu kan jedhu hedduun dhiyaatus, himaafi gosoota himaa kan jedhu boqonnaa 11 fuula gilgaala 5 kan fuula 114 irratti argamurratti Afaan Oromoo keessatti gosoonni himaa afur akka jiran qofatu ibsamee darbe.

Kanaafuu, as keessattis xiyyeeffannoon gosoota hima Afaan Oromoo tajaajilaanis ta’ee caasaa of keessaa qabaniin adda baasuun dhiyeessuuf taasifame hanqina qabaachuu isaatu mul’ata.

Inni biraan immoo, dhiyaannaa caasaa jechoota Afaan Oromoo ilaalchisee kitaaba barataa kutaa sagalii keessatti kan argamu, boqonnaa 2 fuula 20 barannoo 3 caasluga shaakala birsagaa kan jedhu irratti qofa. Achii booda dhiyaannaan caasaan jechaa tokko tokkoonis ta’ee dimshaashaan dhiyaate hinargamu. Caashima ilaalchisees walsimannaa mathima, aantimaafi gochima kan jedhu gilgaala keessatti shaakalaaf dhiyaachuurra kan darbe qabiyyeen qaamolee himaas ta’ee gosoota isaa adda baasee dhiyeessu hinmul’atu. Qabiyyeen irra caalaatti irra deddeebiidhaan dhiyaatee argamus shaakala keeyyata adda addaa barreessuuti.

Kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa barnoota Afaan Oromoo kutaa kudhanii keessattis, haaluma isa kan kutaa sagalii keessatti hanqinaalee dhiyaannaa caasaa jechaafi hima Afaan Oromoo kan mul’atu yoo ta’u, gosoonni himaa tajaajila isaaniitiin bakka afuritti akka qoodamaniifi qaamoleen himaas mathima, aantimaafi gochima jedhamanii dhiyaatanillee fakkeenyi kitaaba barataarratti kenname gosa himaa ibsuuf barbadame sana guutummaatti kan ibsu hinfakkaatu. Gosoonni himaas bu’uura caasaa of keessaa qabaniin qoodamuu kan danda’an ta’uu isaanii tokko tokkonis ta’ee dimshaashaan dhiyaatee kan hinargamne ta’uun isaa qorannichaan kan adda bahedha.

Dimshaashumatti, yaadrimee himaafi gosoota himaa adda baasuun dhiyeessuufi qooduurratti kitaabaafi qajeelcha barsiisaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9 keessatti ibsi wayiituu kan hindhiyaanne ta’uufi kitaaba kutaa 10 keessattis gosoonni humaa haala kamiin akka qoodaman dhiyaachuu dhabuutu mul’ata. Kana malees, gaaffileen gilgaala adda addaa

keessatti kitaaba barataa irratti dhiyaataniifi deebiin qajeelcha barsiisaatiin kennamu bakka tokko tokkotti kan walhinsimne akka ta'etu habatama. Dabalataanis, maalummaa himaafi gosoota himaa osoo hindhiyeessin shaakalli keeyyata adda addaa barreessuu kitaabilee barumsaa kanneen keessatti dhiyaatan duraa duuba ittiin dhiyaachuu qaban kan eeggatan waan hintaaneef gama kanaanis hanqinni jiraachuu isaatu mul'ata.

Kanaafuu, kitaabilee barumsaa kanneen keessatti hariiroo dalgee keessattis ta'ee duraafi duuba isaaniitiin akkaataa himni salphaan tokko ittiin ijaaramurraa eegalee hanga caasima walxaxaatti, kanarra darbees bu'uura himoonni Afaan Oromoo ittiin qoqqoodaman gamisaanis ta'ee guutummaatti akka hindhiyaannetu argama.

Kun ammoo, dandeettiifi hubannoo barattoonni caashima Afaan Oromoofi gosoota himaa sadarkaan jiran adda baafachuudhaan gara dandeettii barreessuu gonfachuutti ce'an irratti dhiibbaa akka qabu hubachuun nidanda'ama.

## 4.3. Qaaccessa ragaa dhiyaannaa caasaa jechaafi himaa kitaabilee iddatteeffamanii

Hojii baruu barsiisuu gaggeeffamu keessatti meeshaalee baay'ee murteessaa ta'an keessaa inni tokko kitaabilee barnootaati. Irra caalaattis immoo, sagantaa barnoota afaanii keessatti kitaabni barataa iddoo olaanaa ta'e qaba. Haaluma Kanaan qoratichi ragaa qabxiilee mirkaneeffannaa dhiyaannaa caasaaleen jechaafi hima Afaan Oromoo kitaabilee barumsaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9fi 10 keessatti xiyyeeffannoo argatan ittiin mirkaneeffachuuf qopheeffateen argaman kanatti fufuun qaacceffamaniiru.

Akka ragaan qabxiilee sakatta'insaa dhiyaannaa caasaa jechaafi himaa kitaabilee barumsaa iddatteeffaman irraa mirkaneeffachuuf qoratichi qopheeffaterraa argaman mul'isanitti:

Kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9 keessatti maalummaa jechaa, caasaa jechaa, dhamjechaafi gosoota isaa, tokkummaafi garaagarummaa jechaafi dhamjechaa ilaalchisee ibsi dhiyaate hinjiru. Haa ta'u malee, kitaaba kutaa 10 irratti caasaaleen kunneen guutummaattis ta'uu baatu dhiyaataniiru.

Kana malees, ulaagaa gareen jechootaafi gaaleen Afaan Oromoo ittiin walsiman yookiin garaagara ta'uu danda'an kan agarsiisu kitaabilee barumsaa kanneen keessatti hindhiyaanne.

Gama biraatiin, maalummaan ciroo kitaaba kutaa 9 irratti akka mataduree tokkoottuu hindhiyaanne. Kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 10 keessattis, gilgaala shaakala ciroo kan jedhu qofatu dhiyaatee argama. As keessattis ciroo jechuun matumti isaa maal jechuu akka ta'eefi akkaataa itti ciroon qoqqoodamu irratti barannoon caaslugaa dhiyeesse hinjiru.

Haaluma walfakkatuun, kitaaba barataa kutaa 9 keessatti caashima ilaalchisee qabiyyeen barannoo caaslugaa dhiyeesse adda bahee kan jiru miti. Kitaaba kutaa 10 keessattis immoo, barannoon caaslugaa argamurratti caasaa himaa ilaalchisee yaanni dhiyaate osoo hinjiraatin, gilgaala 8 an fuula 99 itrratti argamu kan 'Shaakala caasaa himaa' jedhurratti himoota kennaman keessaa mathima, aantimaafi gochima adda baasuun barreessuu kan jedhuu qofatu dhiyaate. Gama kaaniin, gosoonni himaas hima himamsaa, hima gaaffii, hima ajajaafi hima raajeffannoo jedhamanii bakka afuritti akka qoodaman dhiyeessuun alatti caasaan himaas ta'e gosoonni himaa ulaagaa maaliitiin akka qoqqoodaman agarsiisuuf qabiyyeen barannoo caaslugaa bal'inaan dhiyeessu hinjiru.

Walumaagalatti, kitaabileen barumsaa kunneen akkaatuma duraa duubummaa isaaniitti qabiyyeefi bal'ina qabiyyee caasaa jechaafi hima Afaan Oromoo of keessaa qabaniin waldarbuun isaanii kan hinhaalamne ta'ullee, dhiyaannaan qabiyyeewwan caasaalee afaanichaa walfakkaatan hariiroo dalgeetiin argaman bakka tokko tokkotti irra darbamuu isaafi dhiyaannaa caasaa jichaafi himaa tokko tokkoo kitaabilee keessattis walfakkeenya kan hinqabne ta'uutu mul'ata. Hanqinni mul'atus, kan dhiyaannaa caasaalee kanneen irratti irraa jalummaafi walsimannaa dhabuurratti mul'atani. Kun ammoo, hubannaa barattoonni caasaa jechaafi hima Afaan Oromoo irratti gonfachuu qaban irratti dhiibbaa geessisu qabaachuun isaa waan hinhafneef xiyyeeffannoon walsimsiisuutu barbaachisa.

### 4.4. Qaaccessa ragaa faca'insa kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 9fi 10

Akka ragaan sakatta'insa facaatii kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 9fi 10 manneen barnootaa aanaa qorannichi keessatti gaaggeeffame keessatti argaman mirkaneeffachuuf qoratichi qabxiilee sakatta'insaa qopheeffatee gaafa guyyaa 16-20/07/2011fi gaafa guyyaa 23-27/07/2011 gidduutti maneen barnootaasadarkaa lammaffaa afur keessaa ittiin sassabbaterraa argame qaaccessa qorannichaa kanatti fufee jiru keessatti dhiyaateera.

Baruu barsiisuu keessatti akka waliigalaatti, keessumatti immoo, sagantaa barnoota afaanii keessatti jiraachuun kitaaba barataa iddoo guddaa akka qabu beekamaadha. Haa ta'u malee, akka ragaan qabxiilee sakatta'insa faca'insa kitaabileen argame mul'isutti, hanqinni kitaabilee barnoota Afaan Oromoo manneen barnootaa sadarkaa 2[ffaa] aanaa qorataan qoranicha gaggeesse keessatti argamanitti bal'inaan mul'ata. Keessumatti immoo, manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa baadiyyaa keessatti haaraa banaman keessatti hanqinni kitaaba barataa bal'aan akka jiruufi gama kanaanis rakkoo hamaan akka jiru raga qabxiilee sakatta'insa facatii ktaabilee barumsaa kanarraa argame ni'agarsiisa.

Haaluma Kanaan, qoratichi manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa 4 (afur) aanaa qorannichi keessatti gaggeeffame Aanaa Midaa Qanyiitti argaman keessatti kitaaba barataa argaman mirkaneeffachuuf qabxiilee sakatta'insaa qopheeffateen ragaaleen argaman akka kanatti fufee jirutti qaacceffamanii jiru. Isaanis:

Mana barumsaa Sad. 2[ffaa] Baallammiitti baay'ina barattootaa kutaa sagalii 782 ta'aniifi baratoota kutaa kudhanii 665, walumaagala 1447 ta'an keessatti kitaaba barataa kutaa sagalii 448fi kitaaba barataa kutaa kudhanii 448 qofti kan argamudha. Kunis, kitaabni barataa jiru kutaa lamaanuu irratti hanqina akka qabu kan agarsiisudha.

Manabarumsaa Sad. 2[ffaa] Baabbootti keessatti, baay'ina barattoota kutaa sagalii 351 ta'aniifi baratoota kutaa kudhanii 240, walumaagala 591 ta'aniif kitaaba barataa kutaa sagalii 20fi kitaaba barataa kutaa kudhanii 10 qofti kan jiru; innumtiyyuu ergisaan maneen barnootaa biroorraa kan argame ta'uun isaa manabarumsaa kana keessattis, hanqinni kitaaba barataa haala rakkisaa ta'een akka jiru agarsiisa.

Manabarumsaa Sad. 2[ffaa] Qanyi Baha Biiftuutti baay'ina barattootaa kutaa sagalii 358 ta'aniifi baratoota kutaa kudhanii 292, walumaagala 650 ta'an keessatti kitaaba barataa kutaa sagalii 24 fi kitaaba barataa kutaa kudhanii 10 qofti kan argamu yoo ta'u, hammi jirus ergisaan kan argame akka ta'e qorataan yeroo sakatta'insa taasisetti mirkaneeffateera. Manabarumsaa kana keessattis hanqinni kitaabilee barumsaa guddaan akka jirutu mul'ata.

Manabarumsaa Sad. 2[ffaa] Cuqqaala Wangeetti baay'ina barattootaa kutaa sagalii 176 ta'aniifi baratoota kutaa kudhanii 161, walumaagala barttoota kutaa sagaliifi kudhanii 337 manni barumsichaa qabu keessatti manni barumsichaa yeroo dhiyoo keessa kan baname

ta’uusaatiinis walqabatee kitaaba baratama barnoota Afaan Oromoo kutaa sagalii 6 fi kan kutaa kudhaniis 6 qofti jiraachuu isaa ragaan qabxiilee sakatta’insaa qoratichi qopheeffaterraa argame ni’agarsiisa. Kunis, haala ulfaataa ta’een hanqinni kitaabilee barumsaa akka jiruufi barannoo caaslugaarraa darbee baruu barsiisuu sagantaa barnoota afaanii keessatti rakkoo tokko ta’uu isaa hubachuun danda’ameera.

Haaluma kanaan, ragaa dabalataa qoratichi walitti qabate kunneen akka agarsiisanitti, hammi isaa manabarumsaa tokkorraa gara manabarumsaa kan birootti kan waldarbu ta’us, hanqinni kitaabilee barnoota Afaan Oromoo bal’inaan akka jirudha.

Kun ammoo, kallattiinis ta’ee alkallattiidhaan dhiibbaa inni baruu barsiisuu sagantaa barnoota afaanii waliigalaafi qabiyyee caaslugaa irratti geessisu salphaa akka hintaane kan agarsiisudha.

Walumaagalatti, hanqinni kitaabilee barumsaas barannoo caaslugaa kitaabilee barumsaa keessatti dhiyaatan akkaataa barbaadamuun barsiisuufi barachuu barattootaa irratti dhiibbaa inni qabu salphaatti kan ilaalamu miti. Sababni isaas, hamma kitaabni baratama gahaa ta’e daree barnoota afaanii keessa hinjirretti, ibsi barsiisaan kennamuufi gaaffileen shaakalaa gilgaala adda addaa keessatti kennaman akkaataa mala baruu barsiisuun eeyyamuun hojiirra oolchuuf rakkoo gara biraa tokkodha.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA ARGANNOOFI YABOO

Boqonnaa kana keessatti argannoon meeshaa funaansa ragaa kara sakkatta'iinsa kitaabilee barumsaa kutaa 9fi 10 irraa argaman cuunfamuun dhiyaateera. Kana malees, hanqinaalee dhiyaannaa caasaa jechaafi himaa kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9fi 10 keessatti mul'ataniif ka'umsa ta'umsa ta'uu danda'u kan jedhaman argannoo keessatti kaa'amaniiru. Dabalataanis, malleen adda addaa gama dhiyaannaa caasaa jechaafi hima Afaan Oromootiin hanqinaalee kitaabilee kanneen keessatti mul'atanii yaada furmaataa ta'uu danda'u jedhamanii yaadaman akka yaboo keessatti kennamanii jiru.

## 5.1. Cuunfaa

Kutaa kana keessatti cuunfaa guutummaa qorannoo kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa kutaa 9fi 10 dhiyaannaa caasaa jechaafi hima Afaan Oromoorratti taasifame sakatta'insaan argamantu cuunfamuun ibsame.

Caasaa jechoota Afaan Oromoo ilaalchisee kitaabilee kanneen keessatti caasaaleen jechoota ijaaran, yaadrimeen uumama jechootaa dhiyaate hanqina kan qabu ta'uu qaaccessa sakatta'insa kitaabilee barumsaa iddatteeffaman irratti taasifame ni'bsa. Isaanis: kitaabilee kanneen keessatti rakkoon jechaafi dhamjecha adda baasuudhaan ibsuu dhabuu akka jiruufi uumama jechootaa ilaalchisees jechoota tishoo ijaaruu, adeemsa tisheessurrattiifi jecha garee isaa jalatti ramaduurratti rakkoon akka jiru qaaccessa qorannichaa gaggeeffameerraa argamee jira.

Dabalataanis, kitaabilee kanneen keessaatti garaagarummaan garee jechootaafi gaalee Afaan Oromoo, dhamjechoota, fufiileefi hennaa akka mul'atu argannoon qorannoo sakkatta'insa kitaabilee kanneenirratti taasifame mul'iseera.

Dhamjechaafi gosoota isaa ilaalchisee kitaabilee kanneen keessatti, caaseffama dhamjechoota hirkatoo, qooddii dhamjechootaa irratti, hundee jechaafi fufiilee gargar baasuurratti, fufiilee/hirkattufi dhamjechoota adda baasuurratti, garee jechaa akka dhamjechaatti dhiyeessuufi bu'uurra qooddi dhamjechootaa ibsuu dhabuu irratti rakkooleen akka jiran argannoon qorannichaa ni'agarsiisa.

Caasaa jechaafi himaa ilaalchisuun, kitaabilee kanneen keessatti, qooddiin garee jechaa, balballoomsi isaanii, qaamoleen jechaa xiyyeeffannoo dhabuun, qooddiin gaalee, caaseffamni gaalee, hiikni gaalee, qaamolee gaalee ijaaraan dhiyeessurratti, ciroofi gosoota isaa dhiyeessuu dhabuurrattiifi hima, caasaa himaa, qaamolee himaa, gosoota himaa dhiyeessuu dhabuufi caasaan himaa xiyyeeffannoon ibsamuu dhabuudhaan bira darbamee shaakalli keeyyata barreessuu bal'inaan dhiyaachuun duraaduuba caasaa afaanichaarraa maquun rakkoo kitaabilee kanneen keessatti mul'atu ta'uu isaanii argannoon qorannoo sakatta'insa kitaabilee barumsaa kannneenirratti taasifamerraa argame mul'iseera.

Walumaagalatti, hanqinaaleen dhiyaannaa caasaa jechaafi hima Afaan Oromoo ilaalchisee kitaabilee barumsaa kutaa 9fi 10 keessatti mul'ataniin adeemsa baruufi barsiisuu keessatti burjaajii garaagaraa uumuu danda'an akka armaan gadiitti kaa'amaniiru. Akka argannoon qorannichaa sakatta'insa kitaabilee barumsaa kanneen irratti adeemsifame agarsiisutti rakkooleen dhiyaannaa caasaa jechaafi hima Afaan Oromoo daran kan mul'atu ta'uu isaati. Kanaafiyyuu, rakkooleen kunneen kan akkamii akka ta'aan sirnaan hubachiisuu xiyyeeffannoo argachuudhaan akka furmaanni barbaachisaa ta'e kennamuuf akka armaan gadiitti cuunfamanii kaa'amaniiru.

- Caasaalee jecha ijaaraniifi uumama jechoota Afaan Oromoo hubachiisuurratti kitaaba barataa keessatti hanqinni kan mul'atu ta'uu.
- Jechaafi dhamjecha adda baasuudhaan garaagarumaafi walfakkeenya isaanii kitaabilee barumsaa kutaa 9fi 10 keessatti hanqinatu mul'ata.
- Uumama jechootaa ilaalchisee adeemsa tisheessuufi caaseffama tisheessuun walqabatee kitaabilee barumsaa kanneen keessatti hanqinoonni irra deddeebiin kan argaman jiraachuu isaaniiti.
- Hennaa, gosoota hennaafi walsimannaa dhabinsi ibsa gosoota hennaafi fakkeenya garaagaraa kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa kutaa 10 keessatti kennamanii baruu barsiisuurratti burjaajii kan uumaniifi waaltinaafis rakkoo ta'uu isaaniitu mul'ata.
- Moggaasa garee jechaa, fufiilee, hima, qaamolee himaafi gosoota himaa ilaalchisee dhiyaannaan kitaabilee barumsaa kutaa 9fi 10 keessatti argamu garaagarummaa kan qaban ta'uu isaaniitu mul'ata.

- Dhamjechoota hirkatoo duree ykn fufiilee dureen akkaataa hundee jechootaa waliin caaseffamanirratti dhaaba dhabuudhaan akkuma itti mijatetti caaseffamuun rakkoo dhiyaannaa caasaa jechaa waliin walqabatee kitaabilee barumsaa kanneen keessatti mul’atanidha.
- Akkaataa kitaabileen kunneen jechoota, hundee jechaafi fufiilee ittiin qoqqoodan hariiroo walii kan hinqabneefi iddoo tokko tokkotti immoo seera qooddii caaseffama jechoota Afaan Oromoo irraa kan maqe ta’ee argama.
- Qooddii garee jechoota Afaan Oromoo ilaalchisee dhiyaannaan kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa kutaa 10 irratti mul’atu kan waldarbu akka ta’e ta’uu isaatu mul’ata.
- Garee jechootaa keessaa maqibsa akkataa tajaajilaa kennuufi caaseffama Afaan Oromoo keessatti qubatee argamu duuka bu’uudhaan ibsuu dhabuun hanqina kitaabiilee kanneen keessatti argamedha.
- Qaamolee jechaa hundee, bu’uurhorteefi bu’uuruumhorteen caasaa jechaa ktaabilee kanneeniin xiyyeeffannoo hinargannedha.
- Kitaaba barataa kutaa sagaliifi kudhanii keessatti qooddiin gaaleef kenname gosoota gaalee keessaa gaaleen gochibsaa akka hinjirretti erga ibsamee booda, qajeelcha barsiisaa kutaa 10 irratti ammoo gaaleen gochibsaa qoodama gosoota gaalee keessatti dabalamee dhiyaachuun caasaa gaalee bassiisuu keessatti burjaajii kan uumu ta’uun isaa adda baheera.
- Kitaaba barataafi qajeelcha barasiisaa iddatteeffaman kana keessatti gaalee gochimaatiin gaalee maqibsaa, gaalee gochimaatiin gaalee durduubee jechuun yeroo dhiyaataniifi gilgaala keessatti immoo iddoo tokko tokkotti gaaleen maqibsaafi gaaleen durduubee akka hinjirretti bira darbamuun isaa hanqina mul’atudha.
- Kitaabilee barumsaa kanneen keessatti qaamoolee gaalee ijaaran ilaalchisee, mataa, miiltoo, murteessitootaafi gabbistoota irratti xiyyeeffannoon akka hinkennamnetu mul’ata.
- Kitaaba barataa kutaa 9 keessatti caasaa jechaafi hima Afaan Oromoo ilaalchisee gosoota ciroo, hima, gosoota himaafi caaseffama isaanii ilaalchisee yaadrimee wayiituu hin’ibsamne.

- Kitaaba barataa 10 keessatti ammoo caasaaleen jechaafi himaa kan dhiyaatan yoo ta'u, hariiroo inni kan kutaa 9 waliin qabus ta'e deebiin gilgaala adda addaatiif qajeelcha barsiisaatiin kenname walsimataa akka hintaanetu mul'ata.
- Caasaalee kanneen osoo hindhiyeessin shaakalli keeyyata adda addaa akka barreessaniif bal'inaan barattootaaf dhiyaachuun rakkoo kitaaba duraa duuba/ caasaa salphaarraa gara ulfaataatti dhiyaachuu dhabuu caasluga afaanichaarratti kitaabilee barumsaa kanneen keessatti mul'atanidha.

## 5.2. Argannoo

Qorannoon qaacceessa dhiyaannaa caasaa jechaafi hima Afaan Oromoo kitaabilee barumsaa kutaa 9fi 10 gaggeeffamaa ture kun gara goolabaatti dhufeera. Qorannoo kanaaf ka'uumsa kan ta'e kitaabilee barumsaa kanneen keessatti walsimannaa yookaan dhiyaannaa caasaalee jechaafi hima Afaan Oromoo adeemsa baruufi barsiisuu keessatti burjaajii garaagaraa uumanidha. Kunis, hojii baruufi barsiisuu keessatti kallattiifi alkallattiin itti dhimma bahaman maal akka fakkaatu yaaxinaalee jiraniin walbira qabuudhaan qaaccessuun adda baasuuf kan akeekedha.

Sababni qoratichi mataduree kanarratti xiyyeeffateefis, rakkoolee yookiin burjaajii garaagaraa gama dhiyaannaa caasaa jechaafi hima Afaan Oromootiin kitaabilee barumsaa kanneen keessatti mul'atanii baruu-barsiisuu keessatti danqaa uumuu danda'an xiyyeeffannoo keessa galchuun qorannoon adda baasuudha. Akkasumas, walhunannaa, walfaanommiifi walfakkaachuu dhabuu dhiyaannaa caasaa jechaafi himaa kitaabilee barumsaa kanneenii qorannoon mirkaneessudha.

Haaluma Kanaan, qorannoon kun malleen qorannoo keessaa gosa qorannoo addeessaa/ibsaafi sakatta'insaatiin kan gaggeeffamedha. Meeshaan funaansa ragaalee qorannicha keessatti dhimma itti bahames akkuma xiyyeeffannoo qorannichaa ta'etti sakatta'insa dookumeentii/ ktaabilee iddatteeffamaniiti. Ragaaleen meeshaa kanaan argaman adeemsa qorannoo akkamtaan qaacceffamanii jechaan ibsamaniiru. Ragaalee sakatta'insaan argaman irratti hundaa'uun yaadooleen argannoo hanqina dhiyaannaa caasaa jechaafi hima Afaan Oromoo kitaabilee barumsaa iddatteeffan keessatti mul'atan cuunfamanii dhiyaataniiru.

Akka argannoon qorannichaan argame mul'isutti hanqinni dhiyaannaa caasaa jechaafi hima Afaan Oromoo kitaabilee kanneen keessatti daran mul'atan:

- Hanqina dhaaba dhabuu jechootaa /moggaasa yaadrimeewwanii akka jirudha.
- Ijaarsaafi caaseffama jechoota tishoo keessatti akkaatuma seera faanichaa duukaa bu'uun tisheessuurra jechuma tokko haala garaagaraan, sarara xiqqaa gidduu galchuun, akka irrabutaatti barreessuufi walirraa butanii barreessuutu mul'ata.
- Jechootaafi dhamjechootaa ilaalchisuun yaadrimeen kennamu hubatamaa ta'uu dhabuutu mul'ata.
- Jechiifi dhamjechi akka garaagarummaa hinqabnetti dhiyaachuun hanqina gama caasaa jechootaatin kitaabilee barumsaa kutaa 9fi 10 keessatti mul'atanidha.
- Dhamjechoonni Afaan Oromoo moggaasa garaagaraa latii/latoo, fufiifi dhamjecha jedhamuun dhiyaatanii argamu.
- Kitaaba barumsaa kutaa 9fi 10 keessatti qooddiin garee jechootaafi gaalee Afaan Oromoo walsimataa ta'ee hinargamu.
- Qaamoleen jechaa, hundee, bu'uurhorteefi bu'uuruumhortee caasaa jechaa kitaabilee kanneen keessatti kan xiyyeeffannoo hinargannedha.
- Dhamjechoonni hirkatoo akkaataa hundee jechootaa filachuun waliin caaseffaman irratti dhaaba dhabuun hanqina dhiyaannaa caasaa jechaa waliin walqabatee kitaabilee barumsaa kanneen keessatti argamudha.
- Dhiyaannaan caasaa gaaleefi gosoota isaa kitaabilee barumsaa kutaa 9fi 10 keessattis ta'ee qajeelcha barsiisaarratti kan waldarbee mul'atudha.
- Dhiyaannaan ciroofi gosoota isaa akka matadureetti qofa kitaaba barataa kutaa kudhanii keessatti tuqamee darbuun hanqina mul'atudha.
- Hanqinni dhiyaannaa caasimaa, qaamolee himaafi gosoota himaa kitaabilee barumsaa kutaa 9fi 10 keessatti kan mul'atudha. Keessumattuu, gilgaala barannoo caaslugaa kitaaba barataa kutaa sagalii fuula 89fi kan kutaa kudhanii fuula 114 -115 irratti bal'inaan mul'ata.
- Dhiyaannaa caasaa hima Afaan Oromoofi gosoota isaa ilaalchisee kitaaba barataa kutaa 9 keessatti yaadrimeen wayiituu dhiyaachuu dhabuun hanqina mul'atudha.

- Kitaaba baratаa kutaa sagalii irratti gosa henna Afaan oromoo tokkoof ‘Hennaa Keessa Tarsiiqaafi Hennaa Tarsiiqaa’jechuun akka gosoota hennaa garaagraaa ta’anitti dhiyaachuun hanqina ta’uun isaa argannoo qorannichaati.
- Sakatta’insa kitaabilee barumsaa kutaa sagaliifi kudhanii qorannichaaf iddatteeffaman irratti taasifameenis moggaasni, ibsiifi fakeenyi gosoota hennaatiif kennamee jiru kitaabuma tokkicharrattis ta’e lamaan isaanii gidduutti walsimannaa kan hinqabne ta’uun isaa argannoo qorannichaati.
- Caasaaleen jechaafi hima Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa kudhanii keessatti hamma tokko dhiyaates kan kutaa sagalii waliin hariiroo kan hinqabneefi deebiin gilgaala adda addaatiif qajeelcha barsiisaatiin kenname walsimataa akka hintaanetu mul’ata.
- Dabalataanis, akkaataa kitaabni barataafi qajeelchi barsiisaa kutaa 9fi10 ijaarsa jechoota tishoo, caasaa jechaafi hundee jechaa, dhamjechootaafi qubannaa isaanii, garee jechootaafi gosoota gaalee ittiin qoqqoodanii dhiyeessan kan waldarbu ta’uu isaa argannoon qorannichaa nimul’isa.

Walumaagalatti, caasaa jechaafi hima Afaan Oromoo dhiyeessuurratti kitaabilee barumsaa iddatteeffaman keessatti rakkooleen garaagaraa akka mul’atan qaaccessa qorannichaarraa hubachuun danda’ameera. Kanaafis, hanqinoonni gama kanaan mul’atan bu’uuraan maalirraa akka madduu danda’u armaan gadiitti qoratichaan kennamaniiru. Isaanis:

- Koreen hayyoota xinqooqaa adda addaa of keessatti hammate akka waliigalaatti hundaaffamee maxxansaafi gulaallii kitaabilee barnoota Afaan Oromoorratti yeroo kitaabilee barumsaa fooyyeffaman qindoominaan hojjechuu dhabuu
- Qopheessitoonni kitaabilee barumsaa seerota dhiyaannaa caasaa jechaafi hima Afaan Oromoo walfakkataa ta’anitti fayyadamuu dhabuu
- Dhiyaannaa Caasaa jechaafi hima Afaan oromoo Kitaabilee barumsaa iddatteeffamanii irratti of eeggannoon cimaa taasisuu dhabuu qopheessitootaa
- Gabaabbina yeroo jijjiirraafi fooyya’insaa kitaabilee barumsaafi
- Gulaalliin kitaabilee barumsaa gadifageenyaan taasifamuu dhabuun madda rakkoo ta’uu danda’u.

Gabaabumatti, adeemsa qorannichaa gara goolabaatti fiduudhaaf, yaadoolee cuunfaafi argannoo qorannichaarraa ka'uun yaboo/yaanni rakkoolee adda bahaniif furmaata ta'uu danda'u jedhaman akka itti aanutti kennamaniiru.

## 5.3. Yaboo

Adeemsa qorannicha hanga hammaatti taasifame keessatti caasaan jechaafi hima Afaan Oromoo kitaabilee barumsaa iddatteeffaman keessatti rakkooleen mul'atan qorannichaa keessatti qaacceffamaniiru. Kutaa kana keessatti immoo, yaadoolee cuunfaafi argannoo keessatti ibsamanirratti hundaa'uun yaadooleen furmaataa kennaman caasaaleen jechaafi himaa kitaabilee iddatteeffamanii kanneen rakkoon keessatti mul'atuufi adeemsa baruufi barsiisuu keessatti dhiibbaa uuman ta'uun isaanii hubatameeti.

Haaluma Kanaan, kanatti fufee yaadolee furmaata ta'uu malu jedhamantu dhiyaate. Yaadooleen furmaataa dhiyaatan kunneenis akkaataa itti caasaan jechaafi hima Afaan oromoo kitaabilee barumsaa kutaa 9fi 10 keessatti ittiin dhiyaachuu qabu jedhamanii kennamanidha.

- ✓ Moggaasniifi yaadrimeewwan kitaabilee barumsaa keessatti boqonnaa garaagaraa keessatti barannoo caaslugaarratti dhiyaatan dhaaba osoo qabaatanii filatamaafi hubatamaa ta'uu danda'u.
- ✓ Ijaarsiifi caaseffamni jechoota tishoo keessatti jechuma tokko haala garaagaraan tisheessuurra seera faanichaa duukaa bu'uun tokko filachuun furmaata ta'a.
- ✓ Garaagarummaafi walfakkeenya jechaafi dhamjechaa ilaalchisee yaadrimeen tokko kitaabilee barumsaa kutaa 9fi 10 yookaan tokkoo isaarratti osoo dhiyaatee gaariidha.
- ✓ Caasaa jechoota Afaan Oromoo keessatti maalummaan dhamjechaa, latiifi fufii adda bahee kan ibsamu osoo ta'ee burjaajii gama kanaa mul'atu hambisuu danda'a.
- ✓ Qooddiin gareen jechootaafi gaalee Afaan Oromoo haala itti walsimatan kan agarsiisu kitaabilee barumsaa kutaa 9fi 10 keessatti bakka barbaachisaa ta'etti osoo ibsamee filatamaadha.
- ✓ Qaamoleen jechaa hundee, bu'uurhorteefi bu'uuruumhorteen barannoo caaslugaa kitaabilee kanneenii keessatti osoo hammatamanii gaariidha.

- ✓ Caasaa gaaleefi gosoonni isaa kitaaba barataa kutaa 9fi 10 keessattis ta’e qajeelcha barsiisaarratti dhiyaatee kan jiru walsimataa ta’uutu irra jira.
- ✓ Dhiyaannaa caasimaa, qaamolee himaafi gosoonni himaa kitaabilee barumsaa kutaa 9fi 10 irratti akka shaakalaatti gilgaala keessatti dhiyaachuun dura yaadrimeen wayii kennamuun barbaachisaadha.
- ✓ Hennaafi gosoota hennaa Afaan Oromoo ilaalchisee ibsiifi fakkeenyi kennamu kan wal ifoomsee deemu ta’uun gaariidha.
- ✓ Caasaaleen jechaafi hima Afaan Oromoo kitaabilee qorannichaaf iddatteeffaman keessati dhiyaatan akkaatuma duraa duuba isaaniitti ykn hariiroo salphaarraa gara cimaatti kan dhiyaataniifi deebiin gilgaala adda addaaf qajeelcha barsiisaatiin kennamus akka walsimu osoo taasifamee burjaajii gama kanaan mul’atan hambisuu danda’a.

Kana caalmaattis immoo, qaama adda durummaadhaan kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa barnoota afaanichaaf dhiyeessan; qopheessitootaafi gulaaltota kitaabilee kanneeniifi dhimmamtoota kallattii garaagaraan Afaan Oromoo guddiisuuf hojjetanirraa gumaacha olaanaa ta’etu eegama.

Kanaafuu, hanqinaalee dhiyaannaa caasaa jechaafi hima Afaan Oromootiin kitaabilee barumsaa kutaa sagaliifi kudhanii keessatti mul’ataniif furmaata kan ta’u qooda fudhannaa qaamolee kanatti aanee dhiyaatee jiruuti. Isaanis:

- ✓ Koreen hayyoota xinqooqaa adda addaa of keessatti hammatee akka waliigalaatti hundaaffamee qophiifi gulaallii kitaabilee barnoota Afaan Oromoorratti hojjetu jiraachuun gaariidha.
- ✓ Qophiifi fooyya’insa kitaabilee barumsaarratti of eeggannoo cimaan taasifamuu qaba.
- ✓ Biiroon barnoota kitaabileen barumsaa fooyya’anii qophaa’an huwwisni isaa manneen barnootaa mara akka ga’u kallattiin osoo raabsee rakkoo gama xiyyeeffannoo qorannichaafi kanneen birootiifillee furmaata ta’uu danda’a.
- ✓ Yeroo jijjiirraan kitaabilee barumsaa taasifamanitti, gulaaltonni gadifageenyaafi of eeggannoo cimaa taasisuun gulaaluu qabu kan jedhu akka qoratichi ilaaletti qabxiilee akka yaada furmaataa ykn yabootti qoratichaan kaa’aman.

# Wabiilee


Abarraafi Kaaawwan, (1998). *Caasluga Afaan Oromoo*. Maxxansa 3ffaa jildii 1. Addis Ababaa: baranna printing interpreise

Abdulsamad Mohaammad. (1994). *Seerluga Afaan Oromoo.* Finfinnee: caffee Oromiyaa: bole Peinrinf interprise.

Abera Nefa. (1982). "Oromo verb inflection," unpublished MA Thesis institute of Langauge Studies: Addis Ababa University.

Addunyaa Barkeessaa. (2010). *Natoo: Yaadrimee Caaluga Afaan Oromoo*. Finfinnee Mega Printing Press.

______ . ( 2011). *Sanyii: Jechaafi Caasaa Isaa*. Finfinnee Alemprinting PLC.

______. (2011). *Akkamtaa: Yaadrimee Qorannoo Hujoo*. Finfinnee Alem Printing PLC.

______. (2014). *Semmoo: Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromo.*Finfinnee: Far East Trading PLC.

Aitchison, J. (1999). *Linguistics. 5th (edit)*. Teach Yourself books.

Allen, V.F (2006). *Techniques in Teaching Vocabulary*. Hong Kong: oxford university press.

Anderson, S.R, (1992). *Amorphous Morphology*. Cambridge: Cambridge university Press

Asafaa Tafarraa. (2009). *Eela: Seenaa Ogumaa Oromoo*. Finfinnee, Oromiyaa: Far East Trading plc.

Atkins J. etal. (1995). *Skill Development Methodology* (Part-I). Addis Ababa: Addis Ababa printing Press.

Bauer, L. (1988***).*** *English Word Formation*.Cambirdge: Cambridge University

Baye Yimam. (1981). "*Oromo Substantives: Some Aspects their Morphology and Synax.*" Addis Ababa: Addis Ababa University (unpublished MA Thesis)

Brown, et. al, . (1989). *Curriculum and Instraction: An Intriduction in to Methed of Teaching*. London: Macmillan Company.

Brumfit C.J.fi R.A. Carter. (1996). *Literature in Language Teaching*. London: Oxford University Press.

Caasluga Afaan Oromoo Jildii 1ffaa (1995). *Gumii qormaata Afaan Oromootiin* komishinii fi Turzimii Oromiyaatti Finfinne.

Creswell, J.W. (2003). *Research Design: Qualitative, quantitative and Mixed Approaches* Thousand Oaks, CA: sage.

Crystal, D. (1987). *The Cambridge: Encyclopedia of Language*. Cambridge: Cambridge University Press.

Dastaa Dassaalany (2002). *Bu'uura Qorannoo*. Yuunivarsiitii Addis Ababaa: Dhaabbata Maxxansaa Boolee.

Finch, G. (2005*). Key Concepts in Language and Linguistics 2nd (edit).* Houndsmils Basingstoke, Hampshire: New York: palgrve Macmillan.

Gabbaroo Tulluu. (2007). *Caasluga Afaan Oromoo-II*. Barnoota Barsiisotaa. Finfinnee: Yunivesiitii kolleejjii Aalfaa.

Geetachoo Rabbiraa (2009). *Furtuu: Seerluga Afaan Oromoo kutaa 9 fi 10 kurraz intarnaashinal.* Finfinne

Girmaa Guddataa (2012). *Xiinxala Hojiirra Oolmaa Jechoota Xiinqooqaafi Ogbarruu Koree Waaltina Afaan Oromootiin Moggaafamanii*: Dhaabbilee Barnoota Olaanoo Keessatti. Finfinnee (Waraqaa Qorannoo Digirii 2ffaa kan hin maxxanfamne).

Gragg. Gene, B. (1979). *"The Oromoo of Wollega." In Bender 1976. The non-semetic Language of Ethiopia. East Lansing: African Study Center*, Michigan State University Press. pp166=194.

Hamid Muudee, (1995). *Hamid Muude's Oromo Dictionary*. Vol. 1, Atlanta: Sagalee Oromoo publishing inc.

Harmer, J. (1991). *Teaching and Learning Grammer*. UK: Longman NewYork Press

Haspelmath, M . (2002).*Undersstanding Morphology.2nd (edt.),* Hodder Arnold

Ijaaraa Baatuu. (1999). *Haala Dhiyeessa Xiinjecha Afaan Oromoo Daree Barnootaa Keessatti*: *Haala Barattoota Mana barumsaa Qophaa'ina Gobbaa*. Addis Ababaa (Waraqaa Qorannoo Digirii 2ffaa kan inmaxxanfamin).

Jaarraa W. B fi Wasanee Bashaa (2007/8). *Bantuu Haaraa*. Caaslugaa fi Ogbarruu Oromoo

Jackendoff, R. (1993). *X-Bar Syntax. A Study of Phrase Structure. Linguistic Inquiry Monograph* Cambridge: MIT Press.

Jira Jabessa .(2017). *Advanced English Grammar Usage*. Addis ababa: Ilsaba Publishing Plc.

Jonasson, H.(1996). *Handbooks of Research for Educational Communication and* Technolog. *(4th ed).* New York: Mcmillan.

Legasa Galatee (2008). *Hirkoo. Afaan Oromo Amharic Dictionary*. Asternega. Finfinnee.

Lyons, J. (1981). *Language and Linguistics*. Cambirdge: Cambridge university press

Mahamad Hassen. (1994). *The Oromo of Ethiopia.* A History of 1570-1860. Trenton: the Red Sea Press.

Matthews, P. H. (1991). *Morphology. 2nd (edit).* Cambridge: Cambridge University Pres.

MC. Donough, J and Shaw, C. (1993). *Materials and Methods in English Language Teaching.* Oxford: Blackwell publishers ltd.

Ministeera Barnootaa. (2005). *Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 9. Kitaaba Barataa*. Kampala- Uganda MK Publisher Ptd.

_____ .(2005). *Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 10*. Kitaaba Barataa. Kampala-Uganda MK Publisher Ptd.

______.(2005). *Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 9*. Qajeelcha Barsiisaa. Kampala-Uganda MK Publisher Ptd.

_______.(2005). *Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 10*. Qajeelcha Barsiisaa. Kampala-Uganda MK Publisher Ptd.

Mitikkuu Dibbeessaafi Tashoomee Egeree. (1992). *Xinjecha: Seerluga Afaan Oromoo Hidhaa 2ffaa*. Barnoota Fagoo Dhaabbata Mala Qunnamtii, Ministera barnootaa.

Mulgeetaa Tendaa (2012). *Qaaccessa Dhiyaannaa Qabiyyee Jechootaafi Himootaa Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Kurnaffaa Keessatti*. Finfinnee: Yuunivarsiitii Addis Ababaa (Waraqaa Qorannoo Digirii 2ffaa kan hin maxxanfamin)

O'Grady, W. and Dobrovolisky M. (1996). *Contemporary Lingustics Analysis: An Introduction.* Cambirdge university press.

Pahuja, N.P. (1995). *Teaching of English.* New Delhii: J. L. Kumar.

Radfore, A. Atkinson, M: Britain, D. clahsen H. and Spencer, A. (1999). *Lingustics: introduction.* Camnbridge: Cambirdge university Press.

Richards, J.C. (2001). *Curricuium Development in Language Teaching*. Cambridge: Cambridge University Press

Richards, J.C.and W.A. Renandya. (2002). *Methodology in Language Teaching*. Cambridge: Cambidge University Press

Stern, H.H. (1983). *Fundamental Concepts of Language Teaching*. Oxford: Oxford University Press.

Tashoomaafi Amaanu'eel. (2009). *Seensa Afaaniifi Xinqooqaa*: Hidhaa 1ffaa Barnoota Fagoo. Yuuniversiitii Jimmaa (kan hinmaxxanfamin).

Tashoomaa Balaayinaa. (2005*). Mala baruu barsiisuu (Moojula).*Yuuniversitii Jimmaa: Faakaltii Barnootaa Damee Barnoota Afaan Oromoo.

Temesgeen Nagaasaa. (1992). *Qubee Afaan Oromoo*. Wiirtuu Barruulee Waaltina Afaan Oromoo keessatti: Finfinnee: mana maxxansaa daldalaa jildii 5ffaa fuula 36-51l.

Waaqumaa Waamii (2013). *Irbaa*. Kitaaba Qormaata biyyooleessaa Afaan Oromoo kutaa 12ffaa fi 10ffaa bara 1990-2004. Yaros Printing Press.

Wiirtuu Jeldii 10 (2005). *Biiroo Aadaafi Turiziimii Oromiyaatti Garee Qormaata Afaan Oromootiin.* Barruulee Qormaata Waaltine Afaan Oromoo.

Yule. (1996). *The Study of Language 2nd (edit*). cambirdge: Cambirdge university Press.

# DABALEE A

## YUUNIVARSIITII FINFINNEE

## KOOLLEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA, JOORNALIZIIMIIFI SABQUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII

**Qabxiillee Sakatta'insaa dhiyaannaa caasaa jechaafi hima Afaan Oromoo tokko tokkoo kitaabilee barumsaa kutaa 9fi 10 keessatti**

Mirkaneessituu dhiyaanna caasaa jechaafi hima Afaan Oromoo kitaabilee barumsaa kutaa sagaliifi kudhanii irratti qophaa'e. Qabxiileen xiyyeeffannoo qaaccessa kana keessatti hammataman akkaataa dhiyaaannaa caasaa jechaafi hima Afaan Oromoo kitaabilee barumsaa kanneen keessatti argamanidha. Kunis, akkaataa kitaabileen kunneen caasaa jechaafi himaa ittiin kaa'aan maal akka fakkaatuufi maaltu ta'uu akka qabu walbira qabuun ta'a. Innis qajeelfama hordofuun taasifamu qaba.

Haaluma kanaan, tokkoon tokkoon boqonnaalee (1-18) kitaabilee barumsaafi qajeelcha barsiisaa iddatteeffamanii sakatta'amaniiru. Isanis: barannoo caaslugaa, fakkeenya kenname, gilgaalaafi dubbisa dhiyaate tokko tokko keessatti akkaataa dhiyaannaa caasaa jechaafi hima Afaan Oromoo ilaalchisee sakatta'insi bal'inaan taasifame. Kana booda bakka rakkoon dhiyaannaa caasaa jechaafi hima afaanichaa itti mul'atu adda baasuun matadureewwan qoqqoodaman jalatti tokko tokkoon qaaccessuudha. Bakka argama isaanii kana adda baafachuuf mallattoo (X) kaa'uun kan adda bahu ta'a. Kunis, qabxii mirkaneeffannoo waliin walcinaa adeemsisuudhaani.

**Gabatee 1. Qabxiilee sakatta'insa dhiyaannaa caasaa jechaafi hima Afaan Orommoo agarsiisu**

| **Qabxiilee mirkaneeffannoo sakatta'insa dhiyaannaa caasaa jechaafi himaa Afaan Oromoo** | **Kitaabilee barumsaa** | |
|---|---|---|
| | **Kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa kutaa 9** | **Kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa kutaa 10** |
| 1. <u>**Jechafi dhamjecha**</u><br>-Maalummaa jechaarratti hiikoon kenname caasaan hariiroo qabaa? | | |
| -Jechi caasaalee afaanii kanneen akkamiirraa akka ijaaramu haala sirriin ibsameeraa? | | |
| -Maalummaan dhamjechaa akkaataa seera afaanichaan ibsameeraa? | | |
| -Tokkummaafi garaagarummaan jechaafi dhamjechaa unkaan agarsiifamaniiruu? | | |
| -Qooddiin dhamjechootaa bu'uura maalirratti aka hundaa'u kaahameeraa? | | |
| -Gosoonni dhmjechaa ibsamaniiru? | | |
| -Maalummaafi unki dhamjechoota hirkatoo maal akka fakkaatu caaseffamee dhiyaateeraa? | | |
| -Dhamjechootni hirkatoon bakka meeqatti akka qoodaman | | |

| | | |
|---|---|---|
| ibsameeraa? | | |
| **2. <u>Garee jechootaa</u>**<br>-ulaagaaleen qooddii garee jechootaa kaa'amaniiruu? | | |
| -jechoonni Afaan Oromoo garee jechaa meeqatti qoodamani? | | |
| -Qeeqni qooddii garee jechootaarratti dhiyaate jiraa? | | |
| -Tokkoon tokkoon garee jechoota afaanichaa ibsaafi fakkeenyaan walsimatoodhaa? | | |
| -Hiikoon garee jechootaaf kenname yaadrimee sirrii qabaa? | | |
| **3. <u>Qaamole jechaa</u>**<br>-Maalummaa qaamolee jechaarratti yaadrimeen isaa kennameeraa? | | |
| -Qaamoleen jechaa tokko tokkoon dhiyaatanii fakkeenyaan agarsiifamaniiruu? | | |
| -Qaamooleen jechaa qabiyyee kitaabilee kanneen keessatti dhiyaataniiru? | | |
| **4. <u>Gaalee</u>**<br>-hariiroo qooddii gosoota gaaleefi garee jechootaa irratti ibsi kenname jiraa? | | |
| -Ulaagaalee gaaleen ittiin ijaaramuufi ittiin caaseffamu ibsameeraaa? | | |
| -Qooddiin gosoota gaaleerratti jiru walfakkeenya qabaa? | | |
| -Qaamooleen gaalee ijaaraan, mataa, miiltoo, guuttuufi murteessitoonni ibsamaniiruu? | | |
| **5. <u>Ciroo</u>**<br>-Maalummaan ciroo ibsameeraa? | | |
| -Gosoonni ciroo ibsamaniiruu?<br>ciroofi hariiroo isaan hima waliin qaban | | |
| -Hariiroon gosoota ciroofi hima gidduu jiru ibsameeraa? | | |
| -Tokkummaafi garaagarummaan ciroofi gaalee ibsameeraa? | | |
| **6. <u>Hima</u>**<br>-maalummaan himaa ibsameeraa? | | |
| -Bu'uurri qooddii himaa maal maalirratti akka ta'e ibsamaniiruu? | | |
| -Himoonni maalirratti hundaa'uun akka qoqqoodaman ibsameeraa? | | |
| -Ibsi gosoota himaaf kennamu fakkeenya dhiiyaateen walsimataadhaa? | | |
| **7. <u>Qaamolee himaa</u>**<br>-Unki qaamooleen himaa ittiin dhiyaataan fakkeenyaan kan deeggaramedhaa? | | |
| -Dhamjechi matima mul'istuun afaanicha keesstti mul'attu kamfaa akka ta'an akka ta'e haala ifa ta'een kaa'ameraa? | | |
| -Gosoonni aantimaafi caasaan isaanii addeeffameeraa? | | |
| -Gochimoonni tajaajila isaaniitiin qoodamanii ibsamaniiruu? | | |
| -Gochibsi maal maalitti akka qoodamu ibsi kenname jiraa? | | |

# DABALEE B
# YUUNIVARSIITII FINFINNEE
# KOOLLEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA, JOORNALIZIIMIIFI SABQUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII

**Faca’insa kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 9fi 10**

Qorannoon kun dhiyaannaa caasaa jechaafi hima Afaan Oromoo kitaabilee barumsaa kutaa 9fi 10 xiyyeeffatee kan gaggeeffame. Haa ta’u malee, faca’insi kitaabilees baruu barsiisuu waliigalaa barnoota afaanii keessattis ta’ee, barannoo caaslugaa barsiisuu irratti dhiibbaa geessisu niqabaata. Kanaafuu, qoratichi ragaa qabxiilee sakatta’insaa kanaan argaman qorannicha keessatti akka ragaa dabalataatti fayyadameera.

**Gabatee 2. Gabatee faca’insa kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 9fi 10 manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa Aanaa Midaa Qanyii keessatti argaman agarsiisu.**

| T/L | Maqaa Manabarumsaa | Kutaa | Baayi’na barattootaa | Baay’ina kitaabilee barumsaa |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Manabarumsaa Sadarkaa 2ffaa Baallammii | 9 | | |
| | | 10 | | |
| 2 | Manabarumsaa Sadarkaa 2ffaa Baabboo | 9 | | |
| | | 10 | | |
| 3 | Manabarumsaa Sadarkaa 2ffaa Qanyi Baha Biiftuu | 9 | | |
| | | 10 | | |
| 4 | Manabarumsaa Sadarkaa 2ffaa Cuqqaala Wangee | 9 | | |
| | | 10 | | |

## Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, qorannoon kun hojii koo ta'uu isaafi kanaan dura Yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf hindhiyaanne ta'uusaa, akkasumas wabiileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta'een fudhadhee wabii keessattis kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa Tasfaayee Iddoosaa Boshoo

Mallattoo ______________________

Guyyaa _______________________